

XIINXALA RAAWWIIFI FAKKOOMMII SIRNA KABAJA
AYYAANA MASQALAA GODINA SHAWAA LIXAA AANAA
ABUUNAA GINDABARAT

HABTAAMUU IRRASII

WARAQAAN QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA
(MA) AFAAN OROMOO BARSISUUF GAMISAAN
GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUF
FOOKLOORII

KOOLLEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOOTAA,
JORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA 2010/ 2018

FINFINNEE

Xiinxala Raawwiifi Fakkoommii Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa
Godinaa Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat.

Habtaamuu Irrasii

Gorsaan: Mulugeeta Nagaasaa (PhD)

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo
Barsiisuuf Gamiisaan Guttachuuf Dhiyaate.

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii
Koolleejjii Namoomaa Qo'annoo Afaanii, Joornaaliziimiifi
Quunnamtii Yuunivarsitii Addis Ababaa.

Hagayya 2018

Finfinnee

Yuunivarsaaiitii Addis Abaabaa

Dhaabbata Digirii Duraatii Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoo Barsiisuuf Guuttachuuf Habtaamuu Irrasii Lenjisaatiin Mata duree ‘ *Xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat*’ jedhurratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunvarsiiitichi kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qorataa Alaa_____ Mallattooo_____Guyyaa_____

Qoraa Keessaa_____ Mallattoo_____Guyyaa_____

Gorsaa_____ Mallattoo_____Guyyaa_____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

Axereeraa

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabarat kan jedhudha. Kanaaf kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabarat qaaccessuudha. Malli qorannoo kun itti gargaarame mala qorannoo akkamtaattidha. Malli iddattoo qorannoo kanas mala iddeetteessuu miti-carraa jalaa mala akkayyoofi darbaa dabarsiitti dhimma bahameera. Dhimmoota mata duree kanaan wal qabatan xiinxaluuf kitaabooleefi toora interneetii irraa qabxiileen ijoon sakatta'amaniiru. Adeemsi ragaa ittiin funaanname afgaaffiifi marii gareen jaarsoolii akka Aanaa Abuunaa Gindabaratitti beekamaa ta'an irraa funaannameera. Akkasumas daawwannaa yeroo sirni kabaja ayyaana masqalaa kun raawwatu irratti argamuun daawwachuun suuraafi yaaddannoo barreeffamaa qabachuun ragaan funaannameera. Ragaaleen qorannichaa yaaxinoota garagaraan deeggaramuudhaan qaaccessamaniiru. Kunis ragaalee daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen argaman akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti fiduunfi qindeessuun ibsuun haalli sirna raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti itti dhimma bahaman isaan kam akka ta'an adda bahaniiru. Adeemsa kana hordofuun bu'aan/argannoon qorannoo kanaan argaman/bira gahamanii: raawwiin sirna ayyaana masqalaa akkuma duudhaalee hawaasa biroo yeroofi safuu eegee kan raawwatu ta'uu, haalduree ayyaana kanaarratti raawwataman kanneen akka Iyyoolee sirbuu, dhaabaa dhaabuu, Ateetee facaaffannaafi Jabaa gubuu hunduu raawwateera. Akkasumas guyyaa ayyaaneffannaa ayyaanichaarratti immoo sirni muudaa, ibsaa gubuu, hadaa alanfatanii tuttufuu, daaraa adda xuqqisiisuu, ingiccaa gubuufi faradoo gugsuutu raawwateera. Dhumarrattis masqalli darbee guyyaa sadi bulee sirni shananii masqalaa raawwateera. Kunis mana Abbaa abdaariitti kan raawwatudha. Walumaagalatti sirni kabaja ayyaana kanaafi fakkoommii sirnicharratti raawwatu hundi hariiroo hawaasa diinagdeefi falaasama hawaasichaa guddisuuf, duudhaa hawaasaa kunuunsuuf gahee olaanaa waan qabuuf, osoo qaamni fedhii dhimma kana qorachuuf qabu, wajjirri Aadaafi Turzimii, Qorattoonni aadaafi hayoonni garagaraa gadfageenyaan qoratanii bifa barreeffaman taa'ee gaarii ta'a

Galata

Hunda dura hojii qorannoo koo akka milkaahuuf jalqabaa hanga dhumaatti dadhaabe, nuffe osoo hin jedhiin yaada gabbataafi bilchaataa naaf kennuun kan na qajeelchuun na gorsaa kan ture Dr. Mulugeetaa Nagaasaa galanni koo guddaadha.

Hojii koo kana obsaafi ciminaan akkan hojjedhuf bakka guddaa kennuufiin yeroo mara kan na cinaa dhaabbachaa turte haadha manaa koo Adde Burtuukaan Gabruutiin galatoomi jedhaan. Akkasumas kaayyoo koo hundumaa akka fiixaan bahu waan humna isaaniitiin kan na deeggaraa turan ijoollee koo Yoonataan, Rabbirraafi Tokkummaadhaan galatoomaa jedhaan.

Itti aansuun hojii qorannoo koo kanarratti na bira dhaabbachuun kan na jajjabeessaa turan obboleessa koo Ashannaafii Asaffaa, Gobbaanii koo Moosisaa Magarsaafi Soddaa koo Kasahuun Gabruutiif galanni koo guddadha.

Itti dabaluu hiriyyoota koo hojii koo kana irratti na cinaa dhaabbachuun hamilee naaf kennuufi barreeffama koo naa gulaalanii kanneen na gargaaran Barsiisaa Girmaa caalaafi barsiisaa Araarsaa Bocheetiin galatoomaa jedha.

Dhumarrattis hunda caala kan yeroo nagaafi qaama naga naaf kennee hojii koo kun akka fiixaan bahu na gargaare waaqayyoon galanni haa gahu. Akkasumas wajjira aadaafi Turizimii Aanaa Abuunaa Gindabartiin galata argadhaa jedhaan.

Jechoota Gabajee, Kottoonfachiisafi mallattoolee adda addaa

ALI..... akka lakkoosfa Itoophiyaa

B/sa..... barsiisaa

Dudubara

Dhidhiira

Fknfakkeenya.

Kkf..... Waan kanaafi kan fakkaatan

Yknyookiin

(x2).....buufata walaloo jalqabaatu deebi'e dhufuu agarsiisa.

/..... yookiin jechuuf

”..... Jechuma duran jiru irra deebi'e jedhamu agarsiisa

().....yookiin jechuu ykn yaada biraan ibsuuf

“ ”.....yaanni sun waraabbanee fudhatamuusaa

Hiika Jechootaa

- Abbaa Abdaarii..... Hangafa gosaa ykn Ayaantuu
- Akkayyooakka kaayyoo qoratichaatti.
- Aramaa fuula baasuu.....aramanii xumuruu
- Boroo dongoruumuka jalqaba manni ittii ijaaramuu jalqabu
- Darbaa dabarsii.....nama biraatti dabarsuu/waliif himuu
- Dubra qarree..... kan durbummaa qabda
- Fakkoommiidhimmoota aadaa murtaawaa keessatti waan tokkotti fakkeeffamu.
- Foonaawaan horiin keessa jiraatan
- Gochuma..... Garaacha horii qalamee
- Gudeelchamuka guddaa falaxamee boba'u
- Hassiifoon guyyaa masqalaa ibiddarratti waaddamee nyaatamu.
- Ingiccaaayyaana dubartootaa ji'a Adoolessaa 16 kabajamu.
- Iyyooleesirba masqalarratti sirbamu ykn Dargaggeeyyii sirba sana sirban
- Jabaaayyaana abiddaa
- Kabajannaaadeemsa sirni itti kabajamu
- Korma cirri.....goobaa
- Naannessaa foon jaji'amee guyyaa masqalaa muka Aanfarra irratti waadamuun
nyaatamudha.
- Naqatanqopheeffatan

Baafata

Qabiyyee	Fuula
Axereeraa	i
Galata.....	ii
Jechoota Gabajee, Kottoonfachiisaafi Mallattoolee Adda Addaa.....	iii
Hiika Jechootaa.....	iv
Baafata Gabatee,Kaartaafi Suura Qorannichaa Keessatti Argaman.....	ix
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1 Seenduuba	1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa.....	2
1.3 Kaayyoo Qorannichaa.....	3
1.3.1 Kaayyoo gooroo.....	3
1.3.2 Kaayyoo Gooree	3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa	4
1.5 Daangaa Qorannichaa	5
1.6 Hanqina Qorannichaa.....	5
1.7 Ibsa Aanaa qorannichi Irraatti Gaggeeffamee.....	6
1.7.1 Hundeeffamafi Moggaasa Maqaa Aanichaa	6
1.7.2 Haala Jireenya Uummataa.....	8
1.7.3 Qabeenya Uummamaa Aanaa Abuunaa Gindabarati.....	8
1.7.4 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Abuuna Gindabararati.....	9
1.7.5 Qooqa Aanichatti Dubbatamu	11
1.8 Qindoomina Qorannichaa	12
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu.....	14
2.1 Fooklorii.....	14
2.1.2 Gosoota Fooklorii	14
2.1.2.1 Afoola.....	15
2.1.2.2 Meeshaalee aadaa.....	15
2.1.2.3 Aartii Duudhaa Hawaasaa	16
2.1.2. 4 Duudhaa Hawaasaa	17
2.1.3 Faayidaa Fooklorii	18
2.1.3.1 Miliquu	18

2.1.3.2 Cimsuuf	19
2.1.3.3 Dhorkuuf.....	19
2.1.3.4 Barsiisuuf.....	19
2.1.4 Masqala	19
2.1.5 Maalummaa Fakkoommii.....	20
2.1.5.1 Fakkoommii Gochaan Argaman	22
2.1.5.2 Fakkoommii Mallattoon Argamu.....	23
2.1.5.3 Fakkoommii Beekumsa	24
2.1.5.4 Fakkoommii Abjuu	24
2.1.5.5 Fakkoommii Milkii	25
2.1.5.6 Fakkoommii Laguu	26
2.2 Yaaxina Fookiloorii	26
2.2.1 Yaaxina Faayideessummaa/ Functionalism Theory	27
2.2.2 Yaaxina Haalawaa/ Contextual Theory	27
2.2.3 Yaaxina Aadaa Hawaasaa/ Folk-Cultural Theory	28
2.2.4 Yaaxina Xiinmallattoo(Semiotic Theory)	29
2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii	29
Boqonnaa Sadi: Mala Qorannichaa.....	32
3.1 Saxaxa Qorannoo.....	32
3.2 Irraawwatama Qorannichaa.....	32
3.3 Mala Iddattoo.....	33
3.4 Madda Odeeffannoo	33
3.5 Maloota Funaansa Odeeffannoo	34
3.5.1 Daawwannaa.....	34
3.5.2 Af-gaaffii	35
3.5.3 Marii Garee.....	37
3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee	37
Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee.....	39
4.1 Ayyaana Gubaa/ Ibsaa Masqalaa.....	39
4.2 Hirmaattota Ayyaana Masqalaa.....	40
4.3 Adeemsa Raawwii Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa	41
4.3.1 Gochaawwan Haal-duree Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa	42
4.3.1.1 Sirba masqalaa ykn Iyyoolee Sirbuu.....	42

4.3.1.2	Sirna Dhaabaa/ Damaraa Dhaabuu	48
4.3.1.3	Sirna Jabaa Gubaa	50
4.3.1.4	Facaaffannaa Ayyaana Masqalaatti Facaafatamu	51
4.3.2	Guyyaa Ayyaaneffannaa Ayyaana Masqalaa	53
4.3.2.1	Sirna Muudaafi Ibsaa Qabsiiffannaa Ayyaana Masqalaa.....	53
4.3.2.2	Sirna Irrimmixoo/Bixxilee Masqalaa	55
4.3.2.3	Sirna Qalmaa Ayyaana Masqalaa	56
4.3.2.4	Sirna Dhibaayyuu Abdarii Masqalaa	58
4.3.2.5	Sirna Hadaa Alanfatanii Tuttufuu	60
4.3.2.6	Sirna Daaraa Adda Xuqqisiifachuu.....	61
4.3.2.7	Sirna Ingiccaa Gubuu	62
4.3.3	Sirna kabaja Ayyaana Masqala Booda.....	64
4.3.3.1	Sirna Shananii Masqalaa	65
4.4	Faayidaa Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa	66
4.5	Fakkoommiiwwan	66
4.5.1.	Fakkoommiiwwan Guyyaa Gubaa Dura Mul’atan	67
4.5.1.1.	Iyyooleen Ija Qabachuu.....	67
4.5.1.2.	Iyyooleen Qoreen Balbala Cufuu.....	67
4.5.1.3.	Iyyooleen Miilaan Lafa Dhidhiituu.....	68
4.5.1.4.	Mukkeen Dhaabaa Dhaabbatan	68
4.5.1.5.	Dhaabaa Qunceen Walitti Hidhuu.....	70
4.5.1.6.	Dhaabaa/Daamaraatti Naanna’uu.....	70
4.5.1.7.	Ibiddi jabaa dhaamuu dhiisuu	70
4.5.1.8.	Wancaa Tokkoon Dhuguu	71
4.5.1.9.	Coqorsa Sagal	71
4.5.1.10.	Callee	72
4.5.2.	Fakkoommiiwwaan Guyyaa Ayyaanaa Mul’atan.....	72
4.5.2.1.	Muudaa	72
4.5.2.2.	Marqaa.....	73
4.5.2.3.	Ibsaa gubuu	73
4.5.2.4.	Ibsaa Qodaabukoo Xuqqisiisuu	74
4.5.2.5.	Ibsaa Okolee Xuqqisiisuu	74
4.5.2.6.	Ibsaa Biiftutti Garagalchaanii kaa’uu.....	75

4.5.2.7. Mataa Ibsaa Lama lafa Waraanuun.....	75
4.5.2.8. Ibsaa Hudduu Kormaa Xuqqisiisuu	76
4.5.2.9. Horii Dhaabaa Suuqame Jala Baasuu.....	76
4.5.2.10. Tuufoo	76
4.5.2.11. Irrimmixoo/Bixxillee masqalaa.....	77
4.5.2.12. Qalma Qaluu	77
4.5.2.13. Dhibaayyuu	78
4.5.2.14. Dhibaayyuu Harka Lamaan Qabachuun.....	80
4.5.2.15. Hadaa Alanfatanii tuttufuu.....	80
4.5.2.16. Daaraa Adda Xuqqisiisuu	81
4.5.2.17. Ingiccaa Gubuu	81
4.5.2. 18. Aarri Ingiccaa Dhiira xuquu	82
4.5.2.19. Fardaan Daararraa Utaaluu	82
4.5. 3 Fakkoommiiwwaan Sirna Kabajaa Booda Mul’atan	83
4.5.3.1. Mataa Horii Qalamee	83
4.5.3.2. Arraba Horii Qalamee	83
4.5.3.3. Gochuma Horii Qamalee	83
4.5.3.4. Aramaa Fuula Baasuu	84
4.5.3.5. Jabaa Ooyiruu Midhaan Keessa Dhaabuu	84
4.5.3.6. Simbirroo Masqalaa.....	85
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.....	86
5.1 Cuunfaa/ Gudunfaa.....	86
5.2 Argannoo Qorannichaa	87
5.3 Yaboo.....	88
Wabii.....	90
Dabalee –A.....	92
Dabalee_B.....	93
Dabalee -C.....	94
Dabalee - D	95
Dabalee –E.....	96
Dabalee – F	98
Dabalee – G.....	102

Baafata Gabateee, Kaartaa fi Suura Qorannichaa Keessatti Argaman

Kaartaa-1 Kaartaa daangaa Aanaa Abuunaa Gindabarat agarsiisu. Maddi wajjira Lafaa Aanaa Abuunaa Gindabaratfi Lataa Jimaa hojjetaa wajjirichaati.....	7
Kaartaa-2 Kaartaa Gandoota Aanaa Abuunaa Gindabarat keessatti argaman mul'isu. Maddi wajjira Lafaa Aanaa Abuunaa Gindabaratfi Lataa Jimaa hojjetaa wajjirichaati.	7
Suuran -1 Marii garee gaafa 16/06 / 2010 fi Afgaaffii Gunjii Fayisaa 15/06/2010 ti gaggeeffamedha.	39
Suuran-2 Afgaaffii Tarrafaa Bayyan gaafa guyyaa 23/06/2010 gaggeeffamedha.	42
Suura-3 Afgaaffii Taaddasaa Adunyaa gaafa guyyaa 23/06/2010ti gaggeeffamedha.	47
Suura- 4 Marii garee gaafa 22/ 06/ 2010ti gaggeeffamedha.	50
Suura-5 Afgaaffii Naccituu Xaafaa gaafa guyyaa 18/107/2010 ti gaggeeffamedha.	52
Suura -6 Afgaaffii Galaa Leephisaa gaafa 13/ 07/ 2010ti gaggeeffamedha.....	54
Suura-7 Daawwannaa gaafa guyyaa 17/01/2010 gaggeeffame Irrimmixoo daaraa keessaa bahedha.....	55
Suura-8 Daawwannaa gaafa guyyaa 17/01/ 2010 fi Afgaaffii Turaa Adal 24/07/2010ti gaggeeffamedha.	58
Suura-9 Marii garee gaafa guyyaa 27/07/2010 ti gaggeeffamedha.	61
Suura -10 Daawwannaa gaafa guyyaa 17/01/ 2010 ti gaggeeffamedha.....	63
Suura- 11 Afgaaffii Gasaasaa Amantee 21/07/2010 ti gaggeeffamedha.	74
Suura-12 Afgaaffii Dhugumaa Qicaaa 21/07/2010 ti gaggeeffamedha.	77
Suura-13 Afgaaffii Kabbabaa Urgee gaafa 13/07/2010 ti gaggeeffamedha	78
Suura -14 Marii garee gaafa 20/07/2010 fakkoommii dhibaayyurratti gaggeeffame.....	79
Suura- 15 Suuraan kun guyyaa 17/01/2010 yeroo namoota sirna ibsaan qabsiifannaa	98
Suura-16 Suuraan kun gaafa guyyaa 17/01/2010 yeroo namoonni bokuu bixxilee masqalaaf ..	99
Suura- 17 Suuraa yemmuu namoonni dhibaayyuufi irrimmixoo tolfamu mana fidaa bakka abdaarii kawwatanii taa'anidha.....	100
Suura-18 Suuraa yemmuu irrimmixoon bilchaatee bahee hanga dhibaaffamee daddarbamuuti taa'udha.	100

Suura -19 suuraan kun yemmuu dhibaayyuufi daddarbaa raawwachuuf irrimmixoo masqalaa	101
Suura -20 Suuraan kun yemmuu dubartoonni sirna dhibaayyu booda buna daffisaa jiran.	101
Gabatee-1 Maqaa namoota Afgaaffii dhuunfaatti hirmaataa, Odeeffannoo waa'ee isaaniifi odeeffannoo kennan.	94
Gabatee -2 Maqaa namoota marii garee irratti hirmaatanii, Odeeffannoo waa'ee isaaniifi odeeffannoo kennan	95
Gabatee -3 Fakkoommii adda addaa sirnicha keessatti gulantaa sadan keessatti mul'ata	102

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1 Seenduuba

Uummanni kamiyyuu lafa kanarra jiraachuu erga jalqabee wantoota bu'uura eenyummaa isaa calaqqisiisu kan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe ni qabaata. Uummanni Oromoos sabaafi sablammii Itoophiyaa keessaa jiraatu keessaa isa guddaa yoo ta'u, saba afaan kuush dubbatan jalatti ramadama. Uummanni kun akkuma uummata kamiyyuu aadaa, duudhaa ,amantaafi falasama kan mataa isaa qaba. Kun immoo beekumsa hawaasni daangaa tokko keessa jiraatu waliin gabbifate, muuxannoon waliin qaban akka jiru agarsiisa. Dhimmoonni akka kanaas fookloorii jalatti fiduun yoo qorataman caalaatti bu'aa qabeessa ta'a. Yaada kana Filee (2016:30) akka ibseti, "Beekumtaan beekumsa uummatni yookaan hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa mo'achuudhaaf, to'achuudhaaf, ykn fala itti barbaadudhaaf, waan adda addaa fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa meeshaa aadaatiifi afoola karaa ittiin fayyadamudha." jedha. Fooklooriin Oromoos karaa adda addaa ilaaluun nidanda'ama. Isaan keessaa inni ijoon duudhaa hawaasaati.

Duudhaa hawaasaa ilaalchisee Melakneh (2006:8) akka ibsutti, "Social folk custom is a group interpretation observances ,birth,rituals,initiations,marriage and burial ceremonies,secular and religious festivals." Akka yaada kanaatti duudhaan hawaasaa kabaja guyyaa dhalootaa, sirna gaa'ila, raawwii sirna awwaalchaa, kabaja ayyaanaa, kabaja guyyoota amaantiifi miti amaantii sirna raawwataman kan haammatudha.

Dorson (1972: 3-4) akka ibsetti, "Social folk custom emphasis is on group interaction rather than on individual skills and performances. Costum and usage agreat many community and family observances connected with villages,manors, landmark, households, churches, holdays and such rites de passage as birth, initiation, marriage and death." Akka yaada kanatti duudhaa hawaasaa kan gareen hawaasaa /miseensi hawaasichaa amaantaa, guyyoota ayyaanaa, oomisha oomishuu, da'umsa, gaa'ela, du'aafi kkf haala itti raawwataman haammata.

Sirnoonni duudhaa hawaasaa keessatti raawwataman keessaa wantoonni ilaalamuu qaban sirna kabaja ayyaanaati. Sirni kabaja ayyaana kana keessatti fakkoomiiwwaan sirnichaa irratti raawwataman ilaaluun barbaachisaadha. Maalummaa fakkoomii ilaalchisee Alice (1995:5) akka armaan gadiitti ibse:

Symbolism is a system of signs and such like language properly speaking is a matter for semiology . But while language has its own signals which are only defined by their reciprocal articulations and their relation to linguistic meaning symbolism uses a signals elements,acts or utterances that exist and also interpreted,independent of it.

Akka yaada kanatti fakkoommiin akka mallattoo sirnaawwatti kan ilaalamu ta'ee, dhimma tokko wajjin walitti hidhuun hiika kan argatu. Ta'us yemmuu afaan odeeffannoo mataa isaa xinqooqaa walitti hidhata qabaatu, fakkoommiin akka caacculee mallattoowwaniifi gochaawwatti hiikama /xinxalama akkasumas ofdanda'ee ilaalama.

Duudhaa hawaasaa Oromoo keessatti sirnoota raawwataman keessaa sirni kabaja ayyaanaa masqalaa isa tokkodha. Akka aadaa Oromootti sirna guddaadha. Ayyaanni kunis naannoo Oromiyaa adda addaatti haala adda addaan haa kabajamuyyuu malee ayyaanni kun saba Oromoo waliin ayyaana umurii dheeraa turedha . Kanaafis ragaa ta'uu kan danda'u seera makoo bilii 1580 tumame keessatti masqalli waggumaan, buttaan waggaa afur afuriin jedhameera. Yaada kana Dirribii (2012 :77) yoo ibsu, “ Ayyaanni waggaa Ammas- qalaa kun kan ummata gurraachaati malee kan uummata seematik miti. Ibsaa ibsuun dhaloota kiristoos durayyuu bara dheeraa akka ture ragaa seenaa hedduutu jira. Warri faranjii ‘bone fire’ jedhu. Fakkeenyaaf seera gadaa makoo bilii (1580) keessatti masqalli waggaatti, Buttaan waggaa afur afuritiin haa kabajamu” jedha. Ta'us warri masqalli akka aadaa Oromoo hin taaneetti fudhatan ragaa adda addaa amaantaa waliin walqabsiisuun yaalii godhan nijiru. Kanaaf qorannoon kun xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati irratti xiyyeeffatee, sirna kabaja ayyaana kana ilaalchisee wantoota jiru hunda ilaaleera.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti sirna kabajannaa ayyaanaa kan mataasaa kan qabuufi sirna kana keessatti fakkoommii hedduutti dhimma baha yookiin itti fayyadamaa ture. Haa ta'u malee yeroo ammaa kana sababa dhiibbaa amantiifi kan biroon hawaasni kun waa duraan raawwatu hedduu isaanii sadarkaa dhiisuurra gaheera. Kana malees namoonni baay'een immoo sirnoota duudhaa kan keessa jiraniifi fakkoommii kanatti nifayyadamu malee faayidaa fakkoommiin kun qabuufi ergaa gochaawwan raawwatan sun qabatee jiru sirriitti hubatan hinjiran. Dabalataanis hawaasni kun waliigaltee guyyaa keessatti fakkoommiitti akka dhimma bahu hubatee xiyyeeffannaan kenname hinjiru. Gama biraan, hayyoon keenyallee hamma qoratich beekutti xiyyeeffannoo kennaanii wanti hanga ammaatti qorannoos ta'ee kitaabni dhimma kana irratti barreeffame hin jiru. Kun ammoo qoratichi

akka dhimma kana irratti qorannoo kana gaggeessuuf isa kakaase. Kanaaf qorannoo kunis mata duree “Xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabarat” jedhu irratti gaggeeffame. Haaluma olitti ibsameen qorannoo kana gaggeessuf sababa kan ta’e, hawaasni naannoo qoratichi keessa jiraatu yoo ilaallame, sirna kabaja ayyaanaafi fakkoommiin adda addaa sirnicha keessatti raawwatamutti nigargaarama. Haa ta’u malee xiyyeeffannaa guddaa kenname hinmul’atu. Kun immoo akka qorannoo kana gaggeessuuf qoraticha kakaaseera. Kana malees, gochaaleen sirna kabajaa kanarratti raawwataman kun beekumsa hawaasichaa mul’isan waan ta’aniif irratti hojjetamee, dhaloota gara dhalootatti ce’uu gaarii ta’a jedheeti. Kanaaf qoratichis yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan hanga tokko gahee isaa ba’uuf gaaffilee bu’uura armaan gadii kana ka’umsa godhachuudhaan qorannicha gaggeessee jira.

- Sirni kabaja ayyaana masqalaa godina shawaa lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati adeemsa akkaamii qaba?
- Kabaja ayyaana masqalaa kana irratti maal maaltu raawwata ?
- Sirni kabaja ayyaanaa kun uummata Aanaa kanaaf faayidaa maalii qaba?
- Hirmaatoonni sirna kabajaa ayyaana kanaa eenyu ?
- Sirna kabaja ayyaana kanaa irratti fakkoommii maaltu raawwata?
- Sirna kabaja ayyaana masqalaa kanarratti fakkoommii mul’atan hiika maali qabu?

1.3 Kaayyoo Qorannichaa

1.3.1 Kaayyoo gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa adeemsa raawwiifi fakkoommii sirna kabajaa ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati adeemsa maalii akka qabu qaaccessuudha.

1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooree qorannoo kanaa:

- Adeemsa sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati sakatta’uun addeessuu;
- Ergaa gochaawwan sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabarat irratti raawwataman adda baasuun ibsu;

- Sirni kabaja ayyaana kanaa uummata Aanaa Abuunaa Gindabartiif faayidaa akkamii akka qabu adda baasuun addeessu;
- Hirmaattoota sirna kabaja ayyaana kanaa gahee maali akka qaban adda baasuun ibsuu;
- Sirna kanaa irratti fakkoommii maal maaltu akka jiran adda baasuun ibsuu;
- Fakkoommiiwwan sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati irratti mul'atan sakatta'uun hiikuu;

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo fooklooriirratti gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Innis duudhaa hawaasaa tokko keessa jiru baasee agarsiisuuf iddoo olaanaa qaba. Uummanni immoo akka Addunyaatis ta'ee, akka Afrikaatti, ykn Itoophiyaatti akkasumas akka Oromiyaatti yoo ilaalame sirna kabaja ayyaana kan mataa isa ni qabaata. Sirna kabaja ayyaana irratti qorannoo gaggeessuun immoo asdhuftee hawaasaa, duudhaa hawaasaa, aadaa hawaasaafi jiruufi jireenya hawaasichaa sanaa maal akka fakkaatu bira ga'uuf hedduu gargaara. Haa ta'u malee akkaataafi adeemsi sirna kabaja ayyaana bakka bakkaatti garaa garummaa niagarsiisa.

Gara Oromiyaattis yoo deebine, bal'inafi baay'ina uummatichaa irraa kan ka'e adeemsi sirna kabaja ayyaanaafi fakkoommii sirnichaan walqabatan ilaalchisee garagarummaa niqabata. Kanaafuu adeemsi sirna kabajaafi fakkoommii sirna kabajaa kan naannoo ykn kan godina ykn immoo kan aanaa tokkoo qorachuun ifatti baasuun kanneen naannoo biraa wajjin walbiraa qabamee akka ilaalamu gochuun barbaachisaa ta'a. Kanaafuu, adeemsa raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati qorachuun, hawaasni kun aadaa mataa isaafi sirna kabajannaa ayyanaa kan mataasaa akka qabu beeksisuu, dabalatee aadaa, duudhaa, safuufi kkf sirnicha keessatti argaman akka beekaman taasisa. Akkasumas fakkoommiitti fayyadamuun hawaasa Aanaa kanaa falaasama inni qabu beeksisuufi duudhaa hawaasichaa ifa baasuuf gahee olaanaa qaba. Kanaaf hawaasni kun jechaafi gochaa yaada waan tokko ibsuu, mallattoonillee yaada ofii ibsachuun, bakka bu'insa yaada biraa akka mul'isu danda'u ibsuuf gargaara. Walumaagalatti qorannoon kun faayidaalee armaan gadiitti heeraman kanneen ofkeessatti nihaammata.

- Hawaasa Oromoo yeroo ammaa kana jiru biratti sirni kabaja ayyaanaafi fakkoommiiwwaan sirna kana keessatti duraan turan itti fufsisuufi xiyyeeffannoon itti kennanii akka dhaloota dhufuuf dabarsaniif nigargaara;

- Namoota gara fuulduratti mata duree kanaan walfakkaatufi walitti dhiyaatu irratti hojii garagaraa gadi fageenyaan gaggeessaaniif akka ka'umsaatti isaan gargaara;
- Namoota aadaafi duudhaa isaaniirratti ilaalcha dogoggoraa qabatanii kan isaanii gatanii kan Ormaa duukaa figaniif hubannoo gahaa nihoraf.
- Wajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Abuunaa Gindabarat argannoo qarannoo kana ka'umsa godhachuun akka dhimmicharratti hojii bal'aa hojjetu isaan gargaara;

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qarannoon kun qorannoo fooklooriiti. Fookloorii mara qorannoo tokkoon qorachuun baay'ee ulfaataadha. Kanaaf daangessuun barbaachisaa ta'a. Akkasumas qorannoo tokko firii isaaa bu'aa qabeessa akka ta'uufi odeeffannoo ifa ta'e argachuuf bakka inni itti adeemsifamuufi mata duree isaa daangessuun barbaachisaaadha. Haaluma kanaan qarannoon kun kan adeemsifame naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat irratti. Mata duree' xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratirrat' jedhu irratti daanga'ee qorannicha kan adeemsifamedha.

Aanaa kana irratti daanga'uun isaas yeroo gabaabaa keessatti yemmuu sirni kabaja ayyaana masqalaa raawwate qoratichi duukaa bu'ee/wajjin ta'ee odeeffannoo funaannateef qoraticha gargaareera. Walumaagalatti qarannoon kun kan adeemsifame Aanaa Abuunaa Gindabaratitti irratti daanga'eti. Akka Aanaa kanatti daanga'u wanti taasisse keessa tokko humna qoratichaa yoo ta'u, inni biroo garuu sirni kabaja ayyaanaa kan aanaa kana kan aanolee biroorraa wantoota muraasaan adda ta'u qabu. Fakkeenyaaf sirna kabaja gubaaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti dubartoonni ibsaa hinguban. Kan Aanaa Gindabarat yoo fudhannee garuu dubartoonni ibsaa nigubu. Kun immoo wanta aanaa biraarraa Aanaa kana adda taasisu keessaa tokkodha. Kanaaf qoratichi Aanaa kanarratti daangeessee akka hojjetu isa taaasisse.

1.6 Hanqina Qorannichaa

Qo'annoofi qorannoo tokko yemmuu gaggeeffamu hanqinni ykn muudannoon hin dhibu. Haaluma kanaan qoratichis yemmuu qorannoo kana gaggeesse rakkooleen adda addaa isa muudatee jira. Rakkoolee kunis kanneen akka gaaffilee dhiyaataniif deebii quubsaa dhabuu, namoonni gaaafataman ija shakkiin ilaalu, waraabbiif fedhii dhabuufaadha. Akkasumas hanqinni yeroos qoraticha muudatee jira. Sababni isaas hojii idilee isaa waliin waan hojjetuuf yeroo mana kitaaba gahaa ta'e dhaqu dhabeera. Gama biraan adeemsa qorannoo kanaa

keessatti ragaaleen sassaabuuf rakkooleen geejjibaan walqabatanfi namoota madda ragaa ta'an bakkafi yeroo barbaachisetti argachuu dhabaa ture.

Ta'us hanqinoonni armaan oliitti ibsaman hundi isaan uumamaniyyuu kun immoo galma ga'iinsa qorannichaa gufachiisuu waan danda'aniif qoratichi hanqinoota kana hiikuuf muuxannoofi beekumsa jaarsolii madda ragaalee ta'an xinxaluufi barruulee adda addaa argama ciminan sakatta'uun itti garagaaramee jira.


1.7 Ibsa Aanaa qorannichi Irraatti Gaggeeffamee

Mata dureen kun waa'ee seenaa Abuunaa Gindabarat, haala hawaasummaa, dinaagdee, qabeenyaa uumamaa, amaantii, aadaafi seenaa moggafamuu Aanichaa kan ilaaludha. Qorannoon kunis Oromiyaa keessaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarat irratti xiyyeeffata. Odeeffannoon waa'ee Aanaa kanaas haala armaan gadii kanaan mata duree xixiqqaadhaan ilaalameera.

1.7.1 Hundeeffamafi Moggaasa Maqaa Aanichaa


Aanaan Abuunaa Gindabarat akka Aanaatti of dandeessee kan hundoofte bara 1998 A. L. I. tti. Maqaan Abuunaa Gindabarat jedhus kan kennameef wantoota lamaa irraati. Kunis bara 1998 A. L. I. dura Aanaan Gindabarat ammaafi Abuunaa Gindabarat aanaa tokko turaniit maqaa Aanaa Gindabaratiin waamama ture. Yeroo sanatti magaalaa aanichaa kan turte Kaachisiin tilmaamaan walakkaa aanichaatti argamti ture. Kanaaf, kutaan magaalicharraa gara lixaatti Hawwaxo kan jedhamu yoo ta'u, gara bahaatti immoo Abuunaa jedhamuun waamma ture. Bara 1998 A. L.I.tti yeroo aanaan kun bakka lamatti qoodamu duraa kutaa aanaa duraa Abuunaa jedhamee waan waammamuufi maqaa duraan osoo aanaan addaan hinqoodamiin ittiin waamaamaa ture Gindabarat walitti fiduun maqaa Abuunaa Gindabarat jedhu argattee jirti.

Aanaan Abuunaa Gindabarat naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Lixaa, magaalaa godinichaa kan ta'e magaalaa Amboo irraa gara Kaabaatti kiiloo meetira 134, magaalaa guddittii biyyattiifi Oromiyaa, Finfinnee irraa gara Lixaatti kiiloomeetira 178 fagaattee, karaa kaabaa Naannoo Amaaraan, karaa Lixaa Aanaa Gindabaratiin, karaa Kibbaa Aanaa Jaldunfi karaa Bahaa Aanaa Meettaa Roobiitiin daangeffamtee argamti.



Kaartaa -1 Kaartaa daangaa Aanaa Abuunaa Gindabarat agarsiisu. Maddi wajjira Lafaa Aanaa Abuunaa Gindabaratfi Lataa Jimaa hojjetaa wajjirichaati

Aanaan kun gandoota bulchiinsa magaalaa sadiifi gandoota baadiyyaa afurtamii tokko kan qabdudha.



Kaartaa -2 Kaartaa Gandoota Aanaa Abuunaa Gindabarati keessatti argaman mul'isu. Maddi wajjira Lafaa Aanaa Abuunaa Gindabarati Lataa Jimaa hojjetaa wajjirichaati.

Akka odeeffannoon wajjira Qonnaa Aanaa Abuunaa Gindabarati irraa argame agarsiisutti, bal'inni lafa aanaa kanaa heektaara 112615.545 dha. Haalli teessuma lafa aanaa kanaa 32% baddadareefi 68% gammoojjiidha. Akka odeeffannoon lakkoofsa uummataafi manaa biyyoolessaa bara 1999 A. L.I. adeemsiseen lakkoofsi uummata aanaa kanaa dhiira 83,241 dubartii 83,464 waliigala 166,705dha.

1.7.2 Haala Jireenya Uummataa

Dinagdeen uummata aanichaa irra caalaatti qonnaafi loon horsiisuu irratti kan hundaahedha. Gosti oomishaalee aanaa kanatti oomishaman, Gandooleen baadiyyaa hunda keessatti qonnaan bultoonni gosoota midhaanii Xaafii, Qamadii, Garbuu, Boqqoolloo, Mishingaa (lafa ho'aatti), Talbaa, Nuugii, Atara, Baaqelaa, Shumburaafi yeroo roobaatti kuduraafi muduraa baayyinaan hoomishu.

Beelladoonni garaa garaas nihorsiifamu. Isaanis kanneen akka Loon, Harree, Gaangee, Re'ee, Hoolaa, Lukkuu, Farda yoo ta'an, akka qorannoon wajjira qonnaa Aanaa kanaa bara 2000 mul'isutti horiin gaanfaa 132,640, Hoolaan 226,69, kotte duudaan 12,062 Lukkuun 42,099, Re'een 32,948fi Gaagurri aadaa 13,743 niargamu.

Kana malees biyyeen gabbataa akaakuu garaagaraa qonnaaf oolu heektara 55,525 kanneen keessaa biyyee diimaan dhibeentaa 43.5, biyyeen magaala dhibeentaa 48.9 kan biroon 7.5fi bosonni heektara 357 qaba. Biqiloota uumama Birbirsaa, Laaftoo, Ejersa, Konbolcha, Sonboo, Gatamaa, Soolee, Gurraa, Daboobessaa, Bakkanniisa, dhummuugaa, Agamsa, calalaaqaafi kkf yoo ta'an, biqiloonni namaan dhaabbatan Bargamoo, Gaattiraa, Giraaviliiyaa, Shuwaashuwwee fi Iliillii adda addaa nibiqilu.

Maddi Adde Burtakaan Gabruu hojjettuu wajjira Qonnaafi Qabeenya Uumamaa Aanaa Abuunaa Gindabarati.

1.7.3 Qabeenya Uummamaa Aanaa Abuunaa Gindabarati

Aanaa Abuunaa Gindabarati qabeenya uumamaa garagaraa niqabdi jedhamee tilmaamama. Haaqabatuyyuu malee qabeenya kana irraatti qorannaan gahaan hanga ammaatti kan gaggeeffame jiru. Fakkeenyaaf qabeenyi albuudaa akka aanichati jiru waanuma lafatti argaman malee kanneen lafa keessatti argaman sakarkaa tilmaaman malee wanti qabatamaan irra gahame hinjiru. Kunis humna nama baratee kallattii kanaan bobba'e fi qorannoon


gadfageenyaa taasifame bal'inaan kan hin jirreef akka ta'e odeeffannoo maddeen irraa argame ni agarsiisa.

Aanaan kun qabeenya uumamaa Gandoota Oborraafi Haroo keessatti argaman haroo heektara lama,Hoolqa uumamaa gandoota Guduruufi Baddeessaa, Albuuda uumamaa (sibilaa) gandoota Gooroo Furxoofi Gooroo dhaqonuu ,Muka ixaanaaa Doggomaa kibbiifi Goroo Dhoqonuu, Boojii (ashaboo) Dhoksaa Gooroo Dikoofi Gaagoo Biitee ,Dhagaa Nooraa Dirree Qanyiifi Dhoqonuu Siree, Dhagaa adii gandoota garagaraa keessaafi Cirrachaa ykn Ashawaa beekamti.


Maddi Adde Boggaleech Gamaa hojjettuu wajjira Aadaafi Turzimii Aanaa Abuunaa Gindabarat.

1.7.4 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Abuuna Gindabararati

Aanaa kana keessa saba Oromoo hedduufi saba Amaaraa lakkoofsaan xiqqoo ta'anitu jiraatu. Uumanni Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarati keessa jiraatan gosoota hidda Oromoo Maccaa fi Tuulamati. Dhimma kana ilaalchisee hanga ammaatti qorannoon gadi fageenyaan taasifame waan hin jireef,maangudoo beekamaa ta'e Dhugumaa Qicaa 21/07/2010fi barsiisaa seenaa Ababee Urgahaafi barruulee adda addaa wajjira Aadaafi Turizimii Aanichaa keessa jiran akka madda odeeffannootti fayyadamuun hidda laatinsa oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat Oromo Maccaafi Tuulamaa ta'u hubatameera.Kanas akka armaan gadii kanatti caasaadhaan ka'uun danda'ameera.



Caatoo hidda latiinsa Oromoo Tuulamaa Aanaa Abuunaa Gindabarati jiaatanii. (Maddi B/sa Seenaa Ababee Urgahaafi Boggalachi Gamaa hojjettu wajjiara Aadaafi Turzimii Aanaa Abuunaa Gindabarati.)



Caatoo hidda latiinsa Oromoo Maccaa Aanaa Abuunaa Gindabarati jiraatan agarsiisu. (Maddi B/sa Seenaa Ababee Urgahaafi Boggalachi Gamaa hojjetu wajjiara Aadaafi Turzimiiti Aanaa Abuunaa Gindabarati)

1.7.5 Qooqa Aanichatti Dubbatamu

Qooqni Aanaa kanatti dubbatamu irra caalaan Afaan Oromooti. Haa ta’u malee namoonni naannoo bataskaana Ortodoksii jiraataniifi naannoo Amaaraa irraa bifa qubannaan aanicha keessa jiraatan Afaan Amaaraa dubbatu.

Aanaa Abuunaa Gindabarati keessatti gosoota amantaalee afuritu jiru. Isaanis amantaa Ortodoksii, amantaa Pirotestaantii, amantaa Qaalluufi amantaa Waaqeffannaati. Hawaasni aanaa kanaa akkuma hawaasa Oromoo naannoo biraa keessa jiraatuu aadaa hedduu niqabu. Haa ta’u malee sababa amaantiin adda addaa babal’ateen aadaa hedduun dagatamaa jira. Kun immoo dhaloota ammaa kanarraa hojii guddaan akka jiru nu hubachiisuu danda’a. Kanumaan

wal qabatee waa'ee ragaalee ibsa aanichaa qorachuun qoratichaa immoo waa'ee qorannoo sirna kabaja ayyaanichaatiif hedduu isa gargaareera. Innis waa'ee hawaasa aanaa kanaa aadaa nyaataa, aadaa hojii, sirna waaqeffannaa, akkasumas kabaja ayyaanotaafi jila adda addaa beekuun, qoratichi yeroo ragaalee adda addaa walitti qabatu haala hawaasichaa dursee waan hubateef, waan isaan jaalatan wajjin jaalachaa waan issan jibban wajjin jibbaa, akka odeeffattoonni raga dhugaa kennaniif hedduu isa gargaareera. Kana malees haala qilleensaafi teessuma lafa sanaa dursee addaan baafachuun ykn beekuun rakkoo tokko malee deemee ragaalee akka walitti qabatu isa gargaareera.

1.8 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shan qaba. Boqonnaan jalqabaa mata dureewwan xixiqqaa toorba ofjalatti qabatee jira. Isaanis: seenduba, ka'usma qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, qindoomina qorannichaadha. Seenduba mata duree qorannichaa, qabxiwwan ijoo qorannichaafi yaada waliigala qorannichaa kan keessatti ibsamedha. Ka'umsa qorannoo keessatti immoo qoraticha qorannoo kana gaggeessuuf maaltu akka isa kakaase ibsameera. Kaayyoo qorannichaa keessattis qorannichi kan gaggeeffamu maal argachuuf yaaddameet akka ta'e addeeffameera. Barbaachisummaa qorannichaa jalatti immoo bu'aan yookiin argannoon qorannichaa maal fayyaduu akka danda'u addeeffameera. Hanqinni qorannichaas kan ibsu qorannichi guutumaa guutuutti mata duree qorannichaa guduunfuufi adeemsa qorannicha raawwachuu keessatti hanqina maalii akka muudate kan ofjalatti haammatee jirudha. Qindoominni qorannichaa immoo kutaan qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti akkamitti akka qindaa'ee jiruufi maal maal ofjalatti haammatee akka jiru kan ibsudha. Ibsi jechootaa hiika jechootaafi gabaajeewwan hubannoo nama qorannoo kana dubbisuu gufachiisuu malu jedhamanii yaaddaman bakka itti kennamanidha.

Boqonnaa lammaaffaa jalattis qoratichi wantoonni boqonnaa kun ofkeessatti haammachuu qabu kutaalee sadiitti qoodee ilaalu danda'eera. Innis kutaa jalqabaatti yaadrimee dhimmota qorannicha waliin walqabatan(conceptual fram work) yoo ta'u, kutaa kana jalatti qoratichi maalummaa fookiloorii fi gosoota fookiloorii tokkoon tokkoon kaasee ilaaleera. Akkasumas maalummaa ayyaana masqalaafi fakkoommiifi gosoota isaanii ilaalameera. Itti aansun yaaxxina qoratichi kun bu'uureffatee qorannoo kana gaggeesse (basic Theory) yoo ta'u, haaluma kanaan qoratichis yaaxxinolee qorannoo kun bu'uureffate sadi: isaanis yaaxina Faayideessummaa, yaaxina Haalawaafi yaaxina Aadaa hawaasaa hariiroo isaan yaadrimee kana waliin qaba ilaallameera. Qabxii sadaffaan boqonnaa kanaa jalaa ammoo qorannoolee

mata-duree kanan walitti dhiyeenya qaban ykn barruu walfakkii (Relative research)dha. Kanaaf qoratichis qorannoo kana keessaatti mata duree qorannoo kanaan walitti hidhata qaban qorannoo namoota sadii ilaalee, garaagarummaa qorannoon kun warreen kaan irraa qabu ibseera.

Boqonnaa sadaffaan immoo saxaxa qorannichaafi malleen qorannichaa kan ofjalatti haammatee jiru. Saxaxa qorannichaa keessatti adeemsawwan jalqabaa hanga dhumaatti qorannoon kun keessa darbetu ibsame. Mala qorannichaa jalatti immoo irrawwatama qorannichaa, madda ragaalee, iddattoofi mala iddatteessuu, mala ragaan ittiin funannameefi mala ragaan ittiin qaacceffametu ibsameera.

Boqonnaa araffaan qaaccessa ragaaleetu keessatti adeemsifame gaaffiilee bu'uuraa boqonnaa tokko jalatti ka'an bakka itti deebii argatniidha. Akkasumas bakka itti kaayyoolee qorannichaa galma gahuuf dhiisuu mirkaneeffanudha. Haaluma kanaan kutaa kana jalatti maalummaa ayyaana gubaa, gahee hirmaattota ayyaana kanaafi adeemsa raawwii sirna ayyaana kanaa odeeffannoo maddeen adda addaarraa argamee walqabsiisu qaaccessamaniiru.

Boqonnaan inni dhumaa cuunfaa, argannoofi yaboodha. Cuunfaan addemsi qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti maal keessa akka darbeefi akkamitti akka raawwate kan keessatti ibsamedha. Argannoo jalatti kaayyoofi gaaffilee qorannoo bu'uuraa qoratichi qabatee qorannicha gaggeesseen argannoon qorannichaa adda bahee ibsameera. Yaboo jalatti immoo argannoo qorannichaa xiinxaluun fuulduratti dhimmoota argannoon wal qabataniin maal ta'uu akka qabu ibsuun hojiin qorannichaa xumurameera.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

2.1 Fooklorii

Hayyoonni hedduun maalummaa fooklorii akkaataa hubannoofi ilaalcha isaanii irratti hundaa'uun hiika adda addaa itti kennuu yaalaniiru. Kunis fookloriin adeemsa dheeraa keessa darbee waan as ga'eef, umurii dheeraa kana keessatti hayyoonni fooklorii kallattii garagaraatiin maalummaa fookloriif hiika kennaa waan turaniifidha. Yaada kana Sims and Stephens (2005 :8), yoo ibsan:

Folklore is informally learned ,unofficial knowledge about the world of ,ourselves,ourcommunities, ourbelief, ourculture and ourtraditio, that is expressed creativety. Through words ,music,customs actions,behaviour and material. It is also the interactive,dynamic process of creating, communication and performing as well as share thatKnowledge with other people.

Akka yaada waraabbii kanatti fookloriin beekumsa al-idileen baratame, haala hinbeekammen karaa addunyaa mataa keenyaa, uummata keenyaa, amaantaa keenya, aadaafi duudhaa keenya isa ogummaan afaaniin muuziqaa, duudhaa hawaasaa, gochaan, amalaafi meeshaaleen darbudha. Akkasumas walitti dhufeenya, kalaqa adeemsa jijjiiramaa hordofuu, walquunnmtii fi artii sochii qaamaa uummattoota biroo wajjin waliif qoodanidha. Akkasumas Dundes (1965 :121) maalummaa fooklorii akka itti aanutti ibsa:

Folklore includes myths, legend, folktales, jokes, proverbs, riddles chalcharms, blessing, curses, insults, reforts taunts, teases, toats, tougue twist and greating and leaves talking formuls. It also includes folkcostums, folkdance, folkdrama, folkart, folk belief or superstation folk instrumental music eg. Riddle tunes folksong...

Akka hayyuun kun kaa'etti fooklorii adeemsa jiruufi jireenya ilma namaa keessatti wantoota raawwatamaa tureefi ammas raawwatamaa jiru kanneen akka duudhaa hawaasaa ,aartii hawaasaa, hurubbummaa, qoricha aadaa , uffannaa aadaa, akkaataa walgargaarsaa, himtee, hibboo, mammaaksa ,baacoo, diraamaafi kkf kan hawaasni jireenya guyyaa keessatti itti gargaaramaa turanfi ammas itti gargaaramaa jiran wajjin walqabata.

2.1.2 Gosoota Fooklorii

Fooklorii kanas bakka garagaraatti qoonnee ilaaluu nidandeenya. Haaluma kanaan hayyoonni fooklorii garagaraa akkaataa hubannoo isaaniin irratti hundaa'uun garee adda addaati qooduuf yaalaniiru. Isaanis Colye (1993:978) fooklorii yemmuu qoodu, "Folk literature divided into four generic areas; Folk narratives, Folk poetry, Folk song and Folk

dram” jechuun iddoo afuritti hayyuun Dorson (1972 :2), immoo itti dabalee iddoo afuritti qooda. Isaanis: Afoola, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii hawaasaati.

Haaluma kanaan qorannoon kunis qoqqoddii hayyuu Dorson qoqqoodeen hordofuun fooklooriin adeemsa jiruufi jireenya dhala namaa keessaatti, sirnoota garagaraa raawwataman hundi isaanii bifaafi amala qabaniin gosoota fookiloorii arfaniin walqabatan jala jalatti ramadamuun ilaalameera. Bifuma kanaan sirni kabaja ayyaana masqalaas duudhaa hawaasaa jalatti ramadamee ilaalameera.

2.1.2.1 Afoola

Afoolli afaaniin dhaloota irraa gara dhalootatti darbaa kan turefi ammas darbaa kan jiru ta’uu isaa hayyoon garagaraa ibsaniiru. Yaada kana ilaalchisee Melakneh (2006 :13) yoo ibsu, “ Literature refers to verbal heritage if making transmited from generation to generation by word mouth” jedha. Akka yaada kanatti afoolli bifa himtee afaaniin dhaloota gara dhalootatti ce’uu agarsiisa. Yaaduma kana Okpewho (1992: 3) akka ibsutti, “ It is simply means Literature delivered by a word mouth” Yaada kanarraa akkuma hubanutti, afoolli kan afaaniin dhaloota gara dhalootatti darbu ta’ee bifoote garagaraa qabachuu isaa karaa garagaraatiin lafa kaa’a. Hayyuun kun qoqqoodinsa afoolaa karaa sadiin yoo ibsu, raagoowwan(Oral narrative), afwalaloo(Oral poetry)fi dhunkaa gaggabaaboo(Witticisms) jedhee lafa kaa’a.

Afoolli sirnoota adda addaa miidhagsuu keessatti iddoo olaanaa kan qabuufi akkasumas gaddaafi gammachuu hawaasa afaan tokkoofi aadaa tokko qabu biratti sirnoota garagaraa waliin kabajan ittiin miidhagfachuuf gargaara. Sirnoonni afoolli bareechu keessaa muraasni sirna kabaja ayyaanaa, sirna fuudhaafi heerumaa, sirna awwaalchaafi sirna jaarsummaafi kkf keessatti haala waan sanaaf barbaachisaniin kan hawaasichi waliin qooddatan keessatti sirna sana miidhagsuuf gargaara.

2.1.2.2 Meeshaalee aadaa

Meeshaalee aadaa kan hawaasni aadaa tokkoofi afaan tokko qabu waliin itti gargaaramuudha. Kunis wantoota ijaan argaman harkaan qaqqabaman, arrabaanis dhamdhamanfi qabataman ta’an ofkeessatti hammata. Kanamalees, meeshaalee aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa, amantaa, aadaafi kkf bu’uureeffachuun ogummaa hawaasichaa baroota keessatti gonfateen kan hojjetamaniifi dhalootaf dabarsamanidha. Yemmuu darbu kanas ogummaa hawaasichi aadaa meeshaa tolchuufi fayyadamuu irratti qabu karaa al-idilee dawwachuu, yaadachuunfi hojjechuun dhaloota gara dhalootatti darbe. Yaada kana Woodward (2007:3)

yoo ibsu, “The term material culture emphasises how apparently inanimate things with in the environment act on people, and are acted up on by people, the purpose of carrying out social functions, regulating social relation and giving symbolic meaning to human activity.” Akka yaada kanarra hubachuun danda’amutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garagaraa kennan walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa.

Meeshaalee aadaa kunis hawaasa afaaniifi aadaa tokko qaban biratti akkaataa fi haala itti fayyadama isaanii irratti hundaa’uun safuufi duudhaa hawaasaa kan ibsaniidha. Kanaaf meeshaalee kun sirna duudhaa keessatti waan bakka bu’uufi safeeffannaa qaba.

Walumaagalatti meeshaaleen aadaa kun duudhaa hawaasaa keessatti kan sirnoonni adda adda ittiin miidhaganii dhiyaatanidha. Meeshaalee kunis meeshaalee manaa kan hawaasni nyaataa, kan bareedinaafi kaawwan ta’uu danda’u. Akkasumas meeshaaleen afoolli ittiin dhiyaatu, kanneen akka diibbee, masanqoo, kiraaraafi kkf ammoo meeshaalee afoola itti taphachuuf gargaaran jedhamu danda’u. Kama malees, meeshaalee aadaa uffataa aadaa kan jirbii irraa hojjetaman, akkaataa manni ijaaramuufi akkaataa halluun dibamuu ofkeessatti hammata.

2.1.2.3 Aartii Duudhaa Hawaasaa

Aartii duudhaa ogummaawwan afoolaa humna dhageetti keessa namaa jechoota hawwataa ta’ee kan yaadotaafi ergaa ijoo ta’an dhalootaa ittiin dabarsan kalaqa hawaasaati. Duudhaan aartii qaba. Aartiin immoo duudhaa ibsa. Kanaaf aadaa hawaasaa tokkoo keessatti aartiifi duudhaa adda bahanii jiraachuu hin danda’an. Aartiin sochii qaamaa immoo raawwii namni tokko ykn gareen tokko bakka daawwattoonni jiraniitti yeroofi iddoo murtaawaa ta’etti raawwatudha. Yaadaa kana Sims and Stephens (2005: 128) yoo ibsan, “Performance is an expressive activity that requires participation, heightens our enjoyment of experiences and invites response. In order for a performance to ‘happen’ a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants must be present.” Akka yaada waraabii kanarraa hubatamutti, aartii duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, hirmaattota dirqama barbaachisa.

Akkaataa aartii sanatti sochii qaamaa dabalachuun bareedina duudhaa sanaatiif gumaachuu irratti xiyyeeffata jechuudha. Haaluma kanaan aartiin duudhaa kun haalli ittiin raawwatamu keessaa muraasni waljala darbuu, bifa geengoo uumuun, walqabatani socho’uudhaan sochii

qaamaan deeggaramuun kan dhiyaatu ta'ee haala naannoofi umurii irratti hundaa'udhaan gargar ta'uu ni danda'a. Dabalatan yaada kana Dorson (1972: 4) ibsutti,

... while the renditions of folktales or folksongs are now usually referred to as performances, they are casual in nature than the conscious presentation on these arts individuals or groups with folk instrument, dance costumes, and scenario props. The performing arts intersect each the other and often appear in conjunction.

Akkuma yaada kana irraa hubatamutti, afoolawwan kanneen akka himamsaafi weedduuwwaan afoola akka aartii duudhaatiin kan fudhataman akkaataa kalaqa isaaniitiin osoo hintaane, haala dhiyeenya isaanii irratti kan hundaa'udha. Kunis afoolawwaan kanneen yoo meeshaalee aadaa fayyadamuun dalaga itti dabaluun dhiyaatanidha. Kun immoo firii fookloorii kana kanneen birootiin walitti isa fida.

2.1.2. 4 Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa garee hawaasa aadaa tokko qabu biratti waan irra deddeebi'ee raawwatu, kan hawaasni amaleeffatee raawwatu wajjin walqabata. Duudhaan hawaasaa kun kan hawaasa saniif faayidaa kan kennu yoo ta'e, duudhaan hawaasaa kun sirna qabeessa. Akkasumas akkaataafi haala ittin gaggeeffamus ni qaba. Kana jechuun hooda, safuufi akkaataa hurrubummaa duudhaa sana keessatti raawwatu murteessaa ta'uu isaati. Karaa biraatiin waan hawaasni lagatus ofkeessatti qabachuu ni danda'a. Kanaaf duudhaan hawaasaa waan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti hirmaannaa waliin irra deddeebiin raawwatanidha. Yaada kana Sims and Stephens (2005: 94) haala itti aanuun ibsan:

Rituals are repeated, habitual action, but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often mento indicate or announce membership in group. Most ritual brings together many types of folklore. Verbal such as chants, recitations, poems or songs, customary such as gesture, dance or movements and materials such as food, awards, clothing and costumes.

Akka yaada hayyoota kanatti, duudhaa hawaasaa dhimmoota gareen hawaasichaa keessatti irra deddeebi'anii haala walfakkaatuun raawwatamanidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta'uuf ykn itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta'e agarsiisa. Yaadichi itti dabaluun akka ibsuutti duudhaan hawaasaa hedduun akaakuuwwaan fookloorii garagaraa ofkeessatti hammata. Isaanis kanneen jechaan mul'atan, wantoota gareen jedhan, kanneen sammuutti qabachuun jedhan, sirboota, wantoota irra deddeebi'an raawwataman isaanis kanneen miira ofii ibsuuf taasfamu, sochii qaamaafi meeshaalee aadaa,

isaanis nyaata, badhaasa, uffannaa fa'i. Yaaduma kanan kan walqabatu Mulugeetaa (2014 :1) akkas jedheeti ibsa:

In ritual performance various social actors play their roles on common physical and cultural setting in the spirit of fraternity and sense of oneness. In other words, rituals depict the traditional domains, the belief systems, philosophical thoughts and world outlooks of agiven society. They also bring the cultural values and indigenous knowledge of the ancestors to the new generation. Thus, rituals in this context could serve as a bridge between the past and present.

Akka yaada waraabbii kana irraa hubanutti jilli/ sirni tokko yoomessa beekamu tokko keessatti wayitii dhiyaatu hirmaattoonni tokkummaa isaanii cimsuuf, Obbolummaa isaanii jabeessuuf ga'ee olaanaa taphatu. Kanaaf, sirni firiiwwan duudhaa, amantaa ykn sirni amantaa ittin gaggeeffamu, falaasamafi ilaalchi uummataa maal akka ta'e hubachuuf faayidaa olaanaa qaba. Akkasumas safuu, kabajaafi dhugeeffannoo uummata durii dhalootaa ammaatti dabarsuuf riqicha ta'ee tajaajila. Haaluma walfakkaatuun haala duudhaan hawaasaa keessatti kabajamu ilaalchisee Rechard Switerlich (1997:168) duudhaa hawaasaa yeroo itti dhiyaataniin bakka afuritti qoqqooduun kaa'e: waqtiin eeggataanii kanneen raawwataman, lufiinsa jireenyaa kanneen bu'uureffatan, dhimmoota hawaasni waliin kabajatufi dhimmoota amaantaan walqaban fa'i. Hayyuun kun itti dabaluun akka hereetti, akaakuun fookloorii duudhaa hawaasa keessatti argamuu danda'an bakka afuritti qooduun kaa'e. Isaanis ayyaanafi kabajawwaan, bashanannaafi taphoota dorgomii, qoricha aadaafi amaantaa fa'i. Akaakuun kanneen keessaa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa kabajannaadha. Kabajannaan immoo sirna qaba. Sirni kabaja ayyaana masqalaa asjalatti qorachuun isaa duudhaa hawaasa kana ilaaluu waan ta'eef hariiroo cimaa qab.

2.1.3 Faayidaa Fookloorii

Yaaxina faayideessummaa bu'uureffachuun hayyoonni adda addaa faayidaa fookloorii iddoo garaagaraatti qoodu. Kanneen keessaa Basom (1965) faayidaa fookloorii akka itti aanukanatti iddoo afuritti qoode.

2.1.3.1 Miliquu

Miliquun wantoota jiruufi jieenya hawaasummaa keessatti nama quunnamu jalaa bahuuf haala mijataa barbaadudha. Yaada kana Bascom (1965: 290) yoo ibsu, “ To scape from limits or impositions the cultural places on us. We scape from the every day by enjoying folklore and it also can allow us to express thoughts or feelings, that are appropriate in every day society.” Yaada waraabbii armaan olii irraa wanti hubatamu, fookilooriin wantoota

aadaa hawaasaa keessatti akka hin raawwanne dhorkamaa ta'aniifi dhiibbaa aadaa jalaa akka ba'aniif faayidaa qaba. Kanaaf fookiloorii dhiibbaa aadaa jalaa akka ba'aniif nigargaara.

2.1.3.2 Cimsuuf

Fooklooriin dhimmoota hawaasaa akka irra deddeebi'amee raawwatu waan taasisuuf looriiwwaan hawaasichaa cimee akka itti fufu nigargaara. Fakkeenyaaf sirna ayyaana masqalaa keessatti kanneen eeboo, waancaa, tuufoo; sirna gaa'ila keessatti kanneen tajaajilan alaangaa, marga, gundoo, okolee, dhibaayyuu; sirna Gadaa keessaatti bokkuu, ciiccoo, ; sirna ateetee keessatti siinqee, biddiqoofi kkf ergaa mataa isaanii niqabu.

2.1.3.3 Dhorkuuf

Dhorkuun dhimmoota aadaafi safuu hawaasichaa keessatti hin barbaachifne akka hin raawwatamne ittisuu jechhudha. Kunis faayidaa fooklooriin qabu yoo ibsamu, dhimmoota hawaasa keessatti sababoota adda addaatiin raawwatamuun hinbarbaachifne tokkorraa miseensa hawaasichaa dhorkuudha. Fakkeenyaaf, sirna Gadaa keessatti namni osoo niitii qabu niitii nammaatti gale miseensota sadarkaa Gadaa keessaa Foolleedhaan waan reebamuuf namoonni biroo gocha akkasirraa ofqusatu.

Walumaagalatti dhorkuun amaloota aadaa hawaasichaa keessatti hinbarbaachifneefi miidhaa qaban akka hafuufi kanneen aadaa hawaasichaan fudhatama qabaniifi faayidaa qaban akka jajjabeeffamuun itti fufu gochuu keessatti fooklooriin shoora olaanaa taphata.

2.1.3.4 Barsiisuuf

Fooklooriin muuxannoowwan bu'aa ba'ii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti kallatti garagaraatiin hawaasichi waliin qabu dhaloota lufu irraa dhaloota dhufutti dabarsa. Haala akkanaa keessatti dhimmoonni hawaasa sababoota adda addaatiin raawwataman fakkeenyaaf, sirna kabajannaa, sirna Gada, sirna gaa'ila, aadaa uffannaa, aadaa nyaataa, sirna waaqeffannaafi kkf keessati adeemsa barsiisa. Haala kanaan daa'immaniifi dargaggoonni amala isaanii daa'imummaadhaa kallatti gaarummaatti akka bocaman barsiisa.

2.1.4 Masqala

Masqalli akka aadaa uummata Oromooti waggaa haarawaa kan ittiin simataniifi mootii ayyaanaa jedhamee kan beekkamudha. Yaada kana Dirribii (2012 :75) yoo ibsu, “ Ibsaan birraa yeroo dukkanni gannaa darbee birraan dhufu ibsaa ibsaanii gammachuudhaan simachuudha” jedha. Yaada kanarraa wanti nutti hubannu mallattoo gammachuu ta'uu isaa

hubanna. Maalummaa ibsaa gubuu ilaalchisee hayyuun John.S . Mbiti (1992 :215) akka itti aanutti barreesse:

A number of peoples keep or use a holy fire for religious purposes. The Herero have sacred fire on the villages alters, with which the whole welfare of the people is intimately connected. They mentioned God as being responsible for the fire which symbolizes national life, prosperity and contact with the unseen world.

Akka yaada barreessaa kanatti gubaan uummata herero biratti ayyaana eebbifamaa tahee akka amaantitti kan kabajamu jiruufi jireenya hawaasa herero keessatti gahee olaanaafi kabaja guddaa kan qabu mallattoo gammachuu kan qabudha. Gama biraan ayyaana haala yeroo agarsiisan ilaalchisee Dorson (1972: 161) akka itti aanutti ibse:

Especially in northern countries, the changing of the seasons provides such spaced occasions. In winter, the nights are long and the days are cold; but then in march days of good weather begin to appear. The snow melt, and buds appear on the trees. In April, the ground is clear, and by May the leaves have come out and flowers are blooming. In Europe, festivals have been celebrated in these months since long before the Christian era, festivals survive even now as (for example) Carnival and May Day.

Yaada kana irraa wanti hubannuu biyyoota kaabaa Awuuroopaa keessattis sirni kabaja ayyaanaa haala yeroo irratti hunde akka kabajamu. Innis wanta ta'iinsa yeroo sanaan walqabatee ta'u mul'isuuf akka ta'edha.

Sirni kabaja ayyaanni masqalaa immoo hawaasa Oromoo biratti sirna kabaja ayyaanaa haala yeroo agarsiisuuf kabajaman keessaa isa dura waan ta'eef mata dureen kuniifi sakatta'i barruun kanaan qorannoon kun gaggeeffameera. Akkasumas fakkoommii sirnicha keessatti argamanis haala keessatti mul'ataniin ibsi kennameera.

2.1.5 Maalummaa Fakkoommii

Fakkoommii adeemsa hawaasni aadaa tokko qabu sirna aadaafi duudhaa isaa keessatti mallattoo ykn bakka bu'insa yaada waan tokko kan ittiin ibsuudha. Fakkoommiin hawaasa adda addaa keessatti hiika adda addaa qabachuu danda'a. Adeemsi hawaasni garagaraa fakkoommii tokkoof hiika adda ta'e kennuun waan badaa gaariitti fudhachuun sirna mallattoo waantichaa ibsuun bakka bu'a. Yaada kana ilaalchisee Katz (1972: 5-6) akka itti anuutti ibse:

Symbolism were a form of meaning that only deferred from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbol (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbolic most contexts as one can in language replace most word by a definition.

Akka yaada waraabii kanarraa hubachuun danda'amuutti fakkoommiin unkaa hiika xinqooqarraa adda ta'e kan qabu, sirna mallattoon kan taa'u, mallattoon bakka bu'u immoo tooftaadhaan walitti fiduun yaada afaaniin kan bakka bu'u fakkaatiin ibsuudha. Kun immoo kan wantoota badaa nama quunnaman akka boodatti fudhachuun gara gaariitti fakkeeffama. Turner (1969: 11) hiika fakkoommii yoo kennu hubannoo godhamuu qabamu sadarkaa saditti qoodee ilaala.

- A. Fakkoommii amaantiin hiikaman(exegetical meaning)
- B. Hiikaa fakkoommii sadarkaa irra jiraaniin taa'u(positional meaning)
- C. Fakkoommii bakka bu'aa –jechuun sadarkaa fakkoommii aadaa hawaasa sana keessatti gahee inni qabu haala kanaan lafa kaa'a.

Hayyuun kun itti dabalee (1969: 11-13) yoo maalummaa fakkoommii ibsu,” Exgetical meaning has three bases nominal base that derives from associations with the name of the symbol; asubstantial base that derives from natural and material properties of objects used as symbol; finally an artifactual base in the case of made symbols.” Yaada kanarraa wanti hubannu fakkoommiin sadarkaa amaantiifi aadaan hawaasni keessa jiraatu meeshaaleefi wantoota meeshaalee bakka bu'an walqabsiisuun hiikaan isaan wantoota sanaaf laataniifi wantoota meeshaaleen sun irraa dhufan sababeeffachuun ibsan dhugummaa hawaasa sanaa calaqqee waan yaaddataniin walfakkeessu. Kanas akka itti aanutti lafa keenya.

- Bakka bu'eedhaan maqaan wanta bakka bu'ee sun fakkoommii sana walitti firomsudha.
- Yaada uumamaan ,amala meeshaa bakka bu'ee sanaa ibsuu danda'u akka fakkoommiiti gargaara.
- Wantoota sababii duudhaa hawaasaan uumamee adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti wanti itti fakkeeffaman jiru.

Yaada kana hayyuun Todorov (1982:17) mallattoofi fakkoommii walqabsiisuun akka itti aanutti ibsa:

The most wide spread theory ,extending from plato to Saussure locates the difference exclusively in motivation ,which would be present in the one case and absent in the other;the signifier either resembles or does not resembles the signifie ;--- further more ,motivation may be more or less present ,more or less lost to memory; that doesnt prevent a symbol from remaining a symbol.

Yaanni waraabbiin kun akka mul'isutti, yaaxinoonni bara Pilaatoo kaasee hanga Sausuriitti jiru kaka'umsa isa yeroo tokko sababa wa'iin jiraatu, yeroo biroo immoo sababoota biroon hafu osoo hin dabalatiin, mallattoo tokko fakkoommii isaa haala barameen bakka bu'uun ykn bakka bu'uu dhiisuu danda'a. Itti dabaluu, kaka'umsi tarii baay'atus xiqqaatus jiraachuu ykn yaadannoo sammuu keessa baduu danda'a. Kun garuu fakkoommii akka fakkoommii ta'ee itti hin fufne hin dhorku.

Jechaafi fakkoommii (verbal and symbolic) ilaalchisuun Todorov (1982: 18) irratti akka itti aanutti ibsa:

The knowledge we already have of verbal symbolisms is in comparably richer than our knowledge of other forms of symbolism. The linguistic symbolism is easiest to handle while at the same it is probably the most complex manifestation of symbolisms.

Akka yaada hayyuu kanatti, beekumsi nuti durumaan sammuu dhaa qabnu fakkoommii jechaa haala dorgommii hin qabneen beekumsa nuti fakkoommii biraa irratti qabnu ni caala. Kanaafuu beekumsi fakkoommii xinqooqaa hubachuuf kanneen hunda caala nisalphata.

Fakkoommiin yaada cimdii ta'e qabatee taa'a. Innis mallattoofi ibsa isaa qabatee dhiyaata Yaada kana Mortan (1975: 15) yoo ibsu, " symbols selects certain pair (inter pretation) among the set defined in the very structure of symbolim" jedha. Akka yaada hayyuu kanatti , fakkoommiin wanta cimdii qabatee kan dhiyaate ta'ee, caasaa fakkoommichaatiif hiika kenna. Kun immoo mallattoo kanaaf uffanni aadaafi wantoonni hawaasni sirna kabaja ayyaanaa kana keessatti raawwataman, meeshaaleefi gochaalee sirnicharratti raawwataniin wal qabataniin kun hiika mataa isaanii danda'e waan qabaniif akkuma akaakuu isaanii adda addaa ta'e fakkoommiin isaanii adda adda ta.a. Fakkoommiin kanas akaakuu garagaraa qoonnee ilaaluu nidanda'ama. Akaakuuwwaan muraasni isaanii haala armaan gadiin ilaaluu dandeenya.

2.1.5.1 Fakkoommii Gochaan Argaman

Fakkoommii gochaan argaman kan jennu jiruufi jireenya hawaasaa tokko keessatti hiikaa yaadaa kan gochaan mul'atu ta'ani akkaataa dhugeeffannoo hawaasaa kan agarsiisudha. Fakkeenyaaf biqiltuu tokko maqaa manaatiin dhaabuun guddachuufi guddachuu dhabuun isaa hiikaa garagaraa itti kennama. Yaada kana Mortan (1975: 19) yoo ibsu, " In Dorson, that when young man marries his father builds him a hut against the fence of his compound and plants in front of it a shrub called oloma. Oloma is a sign of firelity" jedha.

Akka yaada waraabii kanaatti aadaa saba kanaa keessatti ilmi dhiiraa tokko yoo fuudhaaf gahe osoo hin fuudhiin dura gochaan raawwatamu qaban nijira. Kunis abbaan ilma isaatii godoo ijaaruu fiidhaan dallaa isaa fuuldurratti biqiloota dhaabaaf. Maqaan biqiltootichaas Oloma jedhama. Kun immoo hawwii hormaataa ta'uu isaa ibsa. Kun fakkoommii hawaasa keessatti gochaan raawwatamanidha. Karaa biraan sochii qaamaan aadaa sabichaa irratti hundaaa'uun akka mallattoowwanitti tajaajilan nijiru. Fakkeenyaaf quba agrisistuu namatti raasuun akeekkachiisa, mataa mirgaafi bitaatti raasuun diddaa, mataan gad jechuun kabajaan fakkeeffama. Akkasumas harka olkaasani bitaafi mirgatti raasuun nageenya agarsiisutiin fakkeeffama.

2.1.5.2 Fakkoommii Mallattoon Argamu

Mallattoon yaada tokkoofi isaa oli bakka bu'uudhaan hawaasa gidduutti waliigalteen akka uumamu godha. Wanti tokko bakka bu'aa qaba jechuun ammoo waan bakka bu'eef sanaan ala waan biraatti fakkeeffamuuf hariiroo waan itti fakkeeffamu qabachuun dirqama. Wanti ta'u kun ragaafi dhugeeffannoo qabatamaa waliin kan kaawwamudha. Yaada kana ilaalchisee Levi-strauss (1966: 64) yoo ibsu, “ Concerning symbolic relationship, that they may ‘ based on contiguity’ or on resemblance’ they may be insensible or intelligible near or far ‘synchronic’ static or dynamic” jedha.

Akka yaada kanaatti fakkoommiin mallattoo dhiyaatu sana waliin hariiroo qabachuufi dhugeeffannoo qabaachuu qaba. Haaluma kanaan mallattoowwan kunniin beekamtii qaban irratti hundaa'uun bakka lamatti qooduun ilaaluu dandeenya. Isaanis: kanneen akka addunyaatti beekamaniifi kanneen akka hawaasa naannoo tokkootti beekkaman. Fakkoommiwwaan akka addunyaatti beekkaman keessaa muraasni fannoon- kiristaana, Gugeen adiin-nageenya, Geengoon – ciminaanfi tokkummaan fakkeeffamu. Yaada kan Levi-strauss (1966: 70) yoo ibsu, “ The cross is the symbol of the christian religion because Christ died on the cross . By generalizing the motivation, one might make the cross the symbol of crime, because so many criminals also died on it.” Akka yaada waraabii kanatti fakkoommiin mallattoo dhiyaatu sana waliin hidhata kan qabu. Fakkeenyaaf akka amaantaa kiristaanaatti fannoon fakkoommii kirtinaa ta'uudha. Sababni isaas yesuus kirstoos fannoorratti fannifamee du'uu isaa kaa'u. Karaa biraatiin immoo fannoon fakkoommii yakkaa ta'uu isaa agarsiisa. Sababni isaa yakkamtoonni hedduun waan fannoo irratti du'aniif.

Fakkoommii akka hawaasa naannooti beekama immoo fakkeenyaaf, baala bargamoo dallaatti fannisuun farsoon jira jechuudha. Baala warqee balbalarratti fannisuu immoo jimaan jira

jechuudha. Haaluma kanaan Odaa fudhannee yoo ilaalle baay'inni dame isaa dagaaggina sabichaan fakkeeffama. Jirmi isaa tokko ta'uun immoo, hundeen Oromoo tokko ta'uun fakkeeffama. Kanaaf mukti Odaa fakkoommii uummata Oromooti.

2.1.5.3 Fakkoommii Beekumsa

Fakkoommii beekumsa jechuun fakkoommii tokko keessatti waan wal makee taa'e tokko amala fi ibsa isaa sirna mallattoo tokko keessatti beekuudha. Fakkoommiin beekumsaa kun immoo dhimma seeraafi duudhaa sirriitti adda baasanii beekudha. Fakkoommii kana keessatti waan walmakee ta'ee tokko amalaafi ibsa isaa sirna mallattoo tokkoo keessatti beeku danda'udha. Yaada kana Leach (1966: 97) akka itti aanutti ibsa: "Symbolic knowledge resembles encyclopedic knowledge" jedha. Akka yaada nama kanatti beekumsi fakkoommii beekumsa waliigalaa ta'uu agarsiisa. Ittuma dabaluu namni kun akka itti aanutti ibsa:

Only miscreant would reproach Matthew for not saying this immediately. Christian knowthat there is good reason why he does not even if he himself does not know it (14) it istaboo is kill a snake pose no problem if taboo is simply taken as a social rule. Encyclopedic knowledge is not only about brute facts, but also institutional facts. (Leach 1966: 97)

Akka yaada warabbii kanarraa hubachuun danda'amuutti Maatiwos akka amaantaa kiristaanatti dhimma beekumsa kallattii lamaanii osoo hin hubatiin battaluma yaada dogoggoraa lafa kaa'ee, kiristaanni dhimma inni lafa kaa'e keessaa fakkeenyi gaariin akka jiru nibeequ. Kana keessatti bofa ajjeessuun safuudha , hamaadha garuu safuun akkasumatti seera hawaasaa keessaa yoo fudhatame rakkoo hin qabu. Beekumsi waliigalaa kun garuu, dhugummaa amantaa qofaa kan qabatu osoo hin taane dhugummaa waan hawaasa keessa jiru ni ibsu. Kun immoo fakkoommii beekumsaa ta'uu isaa agarsiisa. Kanumaan walqabatee uummata Oromoo biratti fakkoommii beekumsaa tokko fudhannee ilaalu nidandeenya. Innis 'Furda' kan jedhamudha. Kana jechuun mana warra Ayyaantuu keessatti iddoo wantoonni akka galchaa galanii taa'aniifi namni ayyaantuun sun bira taa'anidha. Furda jechuun karaa biraatiin dhagaa muudaa jedhama. Kanaafuu, mallattoon kun akka waliigalatti beekumsa kan ta'eefi iddoo guddaa sirnoota ayyaanaa kana keessatti kan qabudha

2.1.5.4 Fakkoommii Abjuu

Fakkoommiin abjuu waan abjudhaan namatti dhufe tokkoof yaada namoota kennaa addaa hiika abjuu irratti qabaniin xinxalamee yaada xiinsammuutiin hiika itti kennamudha. Akka aadaa Oromooti fakkoommii abjuuf hiika kan itti kennu namoota umuriin lafarra

bubbulanidha. Hiikaan kennamus, fakkoommii ittiin namatti mul'aterratti hundaa'ee kennamaaf. Akka aadaa Oromootti yoo ijoolleen abjuu argite maanguddoon waan itti hiikan qabu. Namni buleessi yoo abjuu arge garuu, manguddoon abjuu hiiku kun waan nama sanatti mul'ate erga dhaggeeffatee booda hiikaa waan gaarii ta'e kennaaf. Yaada kana Freud (1963: 150) yoo ibsu, "The contrast relation of this kind between a dream element and its transtions-- as a symbolic one and the dream element it self as a symbolic of the unconscious dream though" jedha.

Akka yaada kanatti fakkoommiin abjuu, hariiroo wanta abjuu sana keessatti mul'ateefi hiikaan akka fakkoommiitti ilaalamu. Mallattoon abjuu tokkoo mataan isaa fakkoommii waan itti hin yaadamiiti. Fakkoommiin kun immoo haala wanti abjuudhaan namatti mul'ate suniin hiikaan itti kannmu qaba. Fakkeenyaaf akka naannoo Abuunaa Gindabaratitti namni tokko yoo abjuundhaan ilkaan irraa buqqa'e ilmootu jala du'a. Faallaa kanaan immoo yoo abjuudhaan Asheeta cabsatan ykn kallacha argatan ilmoo argachuudha. As keessatti kallachiifi Asheen ilmooti fakkeeffamu.

2.1.5.5 Fakkoommii Milkii

Milkiin gocha akka mallattoo waa raajuutti ilaallamudha. Kunis waan fuulduratti gaarii ykn badaa nama quunnamuu danda'an raaguudha. Yaada kana Filee (2016 :115) akka itti aanu kanatti ibsa: " milkiin wanta karoofame ykn galmaan ga'uuf yaadame tokko milkaa'uufi milkaa'uu dhiisuusaa irratti wantoota dhiibbaa gaarii ykn dhiibbaa badaa geessisanidha" jedha. Dabataan yaaduma kana Toorri interneetaa <http://en.Wikipedia>.

An Omen (also called partent or presage) is a phenomenon that is believed to foretell the future, often signifying the advent of change. Though the word Omenis usually devoid of reference to the change's nature, hence being possibly either 'good' or 'bad' the term is more often used in a fore boding sense.

Akka yaada kanatti milkiin waan gara fuulduratti nama muudachuu danda'u tokko raaguudha Waan nama muudatu sunis gaarii ykn badaa ta'uu danda'us yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama. Milkiin namni tokko mana isaatii ba'ee dhimma garagaraaf yemmuu deemu kan ilaallatudha. Milkiin akka gaariitti ilaalaman yoo isaanitti dhufe dhimmichi akka milkaa'utti amanama.Yoo badaa ta'e immoo akka hin milkoofnetti fudhatama. Yaaduma kana kan deeggaru,

Omen observed phenomenon that is interpreted as signifying good or bad fortune. In ancient times were numerous and varied and included, for instance: Lightningcloud movement, the flight of birds, and the path of certain sacred animals. Within each type of sign were minor subdivisions, such as different kind of bird in flight or the direction of flight in relation to the observer, each of which had special meaning.

Haaluma wal fakkaatuun toorri interneetii <http://www.the-free-dictionary.com> hiika milkiin “Omen is a phenomenon or occurrence regarded as a sign of future happiness or disaster” jechuun lafa kaa’a. Yaada kanarraa akka hubatamuutti, milkiin raaga gara fuulduratti nama gammachiisuu ykn gaddisiisuu jiraachuu agarsiisa. Walumaagalatti, milkiin raaga gammachuu ykn gaddaa kan fuulduratti nama quunnamuu danda’u yeroo mallattoo waan tokkoon dursee mul’atu ta’uu hubachuu ni danda’ama.

2.1.5.6 Fakkoommii Laguu

Uummanni aadaafi afaan waliin qabu akkuma aadaa isaatti safuu mataa isaa danda’e qaba. Safuun kun immoo kan namni hawaasa sana irraa dhalate waan hawaasni sun jaalatu dalaguufi waan hawaasni sun safeeffatu immoo dhiisuu/ lagachuudha. Kun immoo laguun sirna dhugeeffannoo hawaasa tokkoo keessatti tuquu ykn gochuu dhiisuun kan walqabatudha. Yaada kana ilaalchisee Dirribii (2012 :89) yoo ibsu, “Laguu jechuun aadaa, safuu, amaantiifi seenaa ofii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufi obsudha. Nyaata, dhugaatii, saalqunnamtii lagachuun nijira. Bara durii galma ayyaantuu seenuu, ardaa jilaa dhaquun yeroo lagatamu qaba ture. Fakkeenyaaf akka mana amantaa Ortodoksiitti dubartiin xurii irra jirtu tokko mana amaantaa sana hin seentu. Sababni isaas dubartiin akka waan abaaramtutti fakkeeffamti. Walumaagalatti fakkoommiin laguu hawaasa Oromoo iddoo garagaraa jiraatan biratti waan hawaasni jibbus ta’ee, aadaa hawaasaa keessatti wantoonni duudhaa hawaasichaa ibsan waan gaariittis ta’ee yaraatti fakkeeffamuun waan gaarii yoo ta’e abdiin namatti horuun hanga dhumaatti akka eeggatan gargaara. Waan yaraatti hiikaman immoo safuu hawaasaa eegsisuuf waan namni irraa ofqusatu barsiisuuf kan itti fakkeeffamanidha.

2.2 Yaaxina Fookiloorii

Qorattoonni fookiloorii firiiwwaan fookiloorii adda addaa irratti yemmuu qorannoo gaggeessan adeemsa qorannoo isaanii fuulleeffachuuf, akkasumas ragaa ittin qoratan kallattii isaa damboobsachuuf yaaxinaalee adda addaatti akka fayyadaman qorattoonni ni addeessu. Haaluma kanan qoratan qorannicha kanas yaaxinoota muraasa armaan gadii kana qorannoo kana keessatti gargaarameera.

2.2.1 Yaaxina Faayideessummaa/ Functionalism Theory

Akka yaaxina kanaatti fooklooriin faayidaa inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessadha yaada jedhu qaba. Innis yaaxinni faayideessummaa kun uummata ykn gartuu fook keessatti looriiwwan adda addaa argaman uummaticha ykn garee fookitiif faayidaa inni kennuufi hawaasicha keessatti hiika akkamii akka qabu agarsiisuuf xiyyeeffannoo kan taasisudha. Yaaxinni kun durduriwwan, raagantaawwan, mammaaksoota, amantaawwaniifi looriiwwan biroo hawaasummaa, diinagdee, siyaasaa, aadaadhaafi faayidaawwan biroo kennuufi hawaasicha biratti hiika akkaamii akka qabaatu xiyyeeffachuun yaaxina dhimoota fooklorii xiinxiludha. Yaaxina kana ilaalchisuun Sims fi Stephens (2005 : 174) akka itti aanu kanatti ibsan:

Folklore communicates: it is an ongoing process of expressing information and belief with in folk group...when we talk about interpreting folklore, many times people ask, “ what does this folklore communicate to the member of the group who are sharing it ?”One of the ways folklorists consider meaning is to examine the way folklore functions in the community.

Akka yaada waraabii kanarraa hubanutti, fooklorii odeeffannoo waa’ee waan gareen hawaasaa tokkoo irra jiru itti amanuu niibsa. Waa’ee hiika fooklorii yoo dubbannu yeroo baay’ee uummanni kan gaafatu, fooklorii kun waa’ee garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatee maal dubbata? karaalee hayyoonni fooklorii hiika ittiin xiinxalan keessaa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiludha. Kanaaf qorannoo fooklorii gama faayidaa isaatiin gaggeessuumuu qaba jedhu. Qorannoon kunis fooklorii gama duudhaa hawaasatiin walqabatee hawaasa keessatti argamu xiinxaluufi faayidaa inni hawaasa sanaa qabu ibsuuf waan ta’eef yaaxina kanatti hirkatee yoo qoratame bu’aa dansaan argamuu danda’a. Kanaaf qoratichi yaaxinoota jiran keessaa yaaxina kana irratti hundaa’ee gosoo fookloriifi faayidaalee fooklorii hawaasa keessatti qabu qoqqoodee yaadrimmee qorannichaa jalatti dhiyeessera. Kun immoo walitti dhufeenya isaan qorannoo kanarratti qaban mul’isuu waan ta’eefi qaaccessa ragaa keessaattis bal’inaan dhimma bahe.

2.2.2 Yaaxina Haalawaa/ Contextual Theory

Akaakuuwwan fooklorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawaa akka fayyadaman barreeffamoonni qorannoo niibsu. Akka yaaxina kanatti yaadrimeen fooklorii kan argamu fookiloorii lafa jiru sana (text) keessa osoo hin taane yoomessa hurubbummaa keessadha. Kanaaf yaaxinni kun yoomessafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookloriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatudha. Yaada kana Dorson (1972 : 45) akka kanatti ibsa: “...the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or

communicated”. Akka yaada waraabii kanarraa hubanutti, fookloorii tokko qorachuuf kan danda’amu, waan raawwate taa’erraa otoo hin ta’iin waan raawwachaa jiru bu’uura godhachuunidha. Kunis haala qabatamaa fookloorii sun keessatti hurruubamu, akkaataatti hurruubamu wantoota yeroo hurruubbiin hurruubamu dhimma itti bahu irratti hundaa’uun. Walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniinfi gochaan raawwatu faana bu’uun kan gaggeeffamu ta’uu nu hubachiisa. Kanaafuu akka yaaxina kanatti namni ragaa guuru, barruu qofaa barreessuu ykn waraabee galuun daangahuu hin qabu. Kanuman walqabsiisuun ayyaana kana keessatti ga’een hirmaattotaa maal akka ta’e bifiyyee fi qabiyyee firiiwwan fookloorii akkaataa itti dalagaman, fakkoommiiwwan garagaraa akkaataa isaan hurruubii keessatti dhiyaatan irraa hiika isaan argana. Kun immoo yaaxinni kun qaaccessa ragaalee keessa iddoo akka qabu nutti agarsiisa. Akkasumas yeroofi iddoo ayyaanoonni itti kabajaman uummata qorannoon irratti gaggeeffamu keessatti waan raawwataman hiikkaa isaan qaban yaaxina haalawaa bu’uureffachuune xiinxaluun nidanda’ama.

2.2.3 Yaaxina Aadaa Hawaasaa/ Folk-Cultural Theory

Yaaxinni kun kan madde qo’attoota duudhaadhaan. Kaayyoon yaaxina kanaas, hayyoonni yaaxina kanaa hayyoota yaaxina biroo biratti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimuu taasisuudha; bu’aan hawaasaa(wantotni hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo akka argatan gochuudha.

Akka yaada yaaxina kanaatti qorannoon hamayyaa ta’e yaaxina qofaa kan gidduu galeessa godhate miti. Kanaaf odeeffannoo dirree kanneen waan seenaa durii, waan durii irra deebi’anii fayyadamuu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa’ee fookloorii sanaa agarsiisudha. Walumaagalatti akka yaaxina kanaatti qorannoon fookloorii waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhu nutti agarsiisa. Qorannoon kun qorannoo duudhaa hawaasaati akka yaaxina kanaatti waan aadaafi duudhaan xiyyeeffannoo argachuu qabu jedha. Akkasumas qorannoo tokko gaggeessuuf odeeffannoo dirree murteessaa akka ta’e nikaasaa, kanaaf qorannoon hojii baay’een hojii dirree wajjinni waan walqabatuuf yaaxina kanatti hirkatee yoo qaaceffame gaariidha. Walumaagalatti qorannoo kun xiinxala sirnaafi fakkoommii sirnichaa waan ta’eef yaaxina aadaa hawaasaan deeggaramee yoo gaggeeffame bu’aan gaarii argama.

2.2.4 Yaaxina Xiinmallattoo(Semiotic Theory)

Xinmallattoo akka yaaxina hiikti mallattoolee akkaataa itti argamuufi madduu danda'uutti ilaalama. Yaada kana toorri interneetaa <https://assets.cs.ncl.ac.uk> “ semiotic is considered as the theory of the production and interpretation of meaning.” Yaada kanarraa akka hubanutti, yaaxinni xinmallattoo wantoonni hiika baatanii hin uumamne; ofis ibsuu hindanda'an; garuu hiikni isaanii kan argamu hubannaa cimaafi uunkaa kaa'uu danda'uu wantoota qaama hubatee ilaaallata. Yaaduma kana deeggaru yaaxinni fakkoommii toora interneetaa www.Lear.com “ symbolic is the use of a concrete object to represent an abstract idea” jedha. Yaaada kana irraa akkuma hubanutti, fakkoommii waantota ijaan arganii yaadaan bakka buusuun ibsaniidha. Fakkoommii waantota ijaan mul'atan qofaa osoo hin taane kanneen akka mallattoon, gochaan, abjuun, jechaan jedhamanii keessattis ni mul'ata. Yaada kana toorri inteerneeta olitti ibsamee kun akkas jechuun ibsa: (a symbolic may appear in a work of literature in a number of different things. Most commonly a symbol will present itself in the a form of a word, a figure of a speech, an event, the total action and character” jedha. Qorataan qorannoo kanas fakkoommiiwwan sirna kabaja ayyaana kanaa keessatti argaman haala adda addaan mul'atan bakka garagaraatti qoodee ilaalee jira. Akkasumas ragaalee fakkoommii qorannoo kana keessatti funaannaman haala fakkoommii isaan gulaantaa sirna kabajaa ayyaanichaa keessatti mul'ataniin qaaccesameera.

2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaataniidha. Kanaafuu mataduree qorannoo kanaan guutummaa guututti kan walfakkaatanii hojjetaman ykn qorataman hanga ammaatti tokkollee kan hin jirre ta'ufi kan mata duree kanatti dhiyaatan garuu qorannoon muraasni kan jiran ta'uu irra ga'ameera. Haaluma kanaan qorataan kun qorannoo kana waraqaalee qorannoo garagaraa kanaan dura hojjetaman sakatta'udhaan waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban jedhamee kan yaadame haala armaan gadiin ibsee jira.

Qorannoo kun mata duree 'Xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati” jedhu irratti gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaa adeemsa raawwiifi fakkoommiiwwaan sirna kabaja ayyaana kana irratti mul'atan xiinxaluun beeksisuu ta'a. Ta'us qorannoon kanaan dura mata duree kana wajjin walitti dhufeenya qabanii hojjetaman qoratichi haala armaan gadiin ilaaleera.

Alamuu Xaafaa (2011) 'Qabiyyee sirba masqallaa ayyaana masqalaa Godina Shawwaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati ibsuuu' jedhu irratti hojjetame. Xiyyeeffannoo qorannoo kanas

qaaccessa ergaa sirboota masqalaa Aanaa kana keessaati sirbanitidha. Argannoon qorannoo kanaa sirboonni masqalaa Aanaa kana keessatti sirban ergaa mataasaanii akka qaban bira gahameera. Walfakkeenyi inni qorannoo kanaa waliin qabu, qorannoon Alamu ergaa sirba masqalaa qaaccessuudha. Qorannoon kunis sirba masqalaa adeemsa sirna kabajaa keessaa isa dura keessatti kaasee jira. Kun immoo guutumatti yoo walfakkaachuu batanis hanga tokko walitti isaan fida. Garaarummaa isaanii garuu qorannoon kun waa'ee sirna kabaja ayyaana masqalaafi fakkoommii isaati. Qorannoon Alamu garuu waa'ee sirba masqalaa qofaa qaaccessuudha. Kun immoo garaagarummaan guddaan gidduu isaanii akka jiru nu hubachiisa.

Qixxeessaa Laayyoo (2016) 'Xiinxala hiika mallattoolee aadaa haala itti fayyadama keessatti Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Hababoo Guduruu' jedhu irratti hojjame. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaas hiikaa mallattoolee garagaraa kan aadaa naannoo wallaggaa bahaa irratti kan xiyyeeffatedha. Argannoon qorannoo kanaa immoo mallattoolee aadaa haala garagaraafi bakka garagaraati uumamaniifi sirnoota adda addaa keessatti argaman hiika isaan hawaasa keessatti qaban bira gaheera. Walfakkeenyi inni qorannoo kana waliin qabu garuu qorannoon Qixxeessaa hiika mallattoolee sirnootaafi kan biroo keessatti argaman tokkoon tokkoon kaasee ilaaluuf yaaleera. Qorannoon kunis mallattoolee sirna tokko keessatti argaman hiiku irratti xiyyeeffatee hojjetame kun hanga tokko walitti isaan fida. Haa ta'u malee qorannoon kun adeemsa raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa tokkoo kan xiinxaledha. Kun garaagarummaa guddaa isaan gidduu jiru kan agarsiisudha.

Itti aansuun Tigisti Sadessaa (2016) 'Xiinxala Raawwii Sirna Ayyaana Ibsaa Kormaa Haala Qabatamaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii' irratti gaggeeffame. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa adeemsa raawwii sirna ibsaa kormaa maal akka fakkaatu ibsuu irrattidha. Argannoon qorannoo kanaa ammoo adeemsi raawwii ayyaana ibsaa kormaa hawaasa aanaa Incinnii dhala ilaallachuun " walqaa" irratti hundaa'uun Fuulbaana 14-17 kan raawwatufi ayyaanichi gulantaa sadii keessa darbee kan kabajamu ta'uu mirkaneessiteetti. Walfakkeenyi qorannaa kanaafi qorannoo Tigisti gidduu jiru, qorannoon Tigisti adeemsa sirna kabaja ayyaana ibsaa kormaa yoo ta'u, qorannoo kunis sirna kabaja ayyaana masqalaafi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti mul'atan qaaccessuu waan ta'eef adeemsa sirnaa ilaalurratti walitti fudheenya qabu. Haa ta'u malee qorannaa Tigisti adeemsa sirna kabaja ayyaana ibsaa kormaa Aanaa Dirree Incinnii irratti gaggeessiteefi qorannaa kana walbira qabnee yoo ilaalle, akka Aanaa Abuunaa Gindabarattii ibsaan kormaafi ibsaan masqalaa garaagarummaa qabu. Garaagarummaan isaanis ibsaan kormaa kan gaafuma ayyaana masqalaa ganama qofaatti hidhamee, horiin foonaa isaanii keessaa ittiin

gadbahanidha. Kanaaf ibsaan korma sirna ayyaana masqalaa keessatti horiidhaaf jedhanii kan raawwatamudha. Ibsaan masqalaa garuu kan gaafa guyyaa ayyaana masqalaa maatiin mana tokkoof lakkoofsa isaaniin qophaa'ee gammachuu dukkana keesaa gara ifaatti bahuu ibsachuuf guyyaa masqalaa sirna gubaa irratti gubatudha. Kana malees qorannaan Tigisti adeemsa sirna kabaja ayyaanaa ibsaa kormaa qofaa ilaalte. Qorannaa kun garuu adeemsa sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti fakkoommii jiran qaaccesuudha. Kun ammoo adda addummaa guddaa qorannaa kanafi qorannoo Tigisti gidduu jiraachuu isaa mul'isa.

Boqonnaa Sadi: Mala Qoranichaa

Kutaa kana keessatti kan ilaalamu adeemsaafi haala qorannoon tokko ittiin gaggeeffame haammata. Haaluma kanaan qorataan kunis qorannoo kana kan adeemsiise haala mata duree isaa waliin hojii isaa kun galma ga'uuf danda'uun hojjetee jira.

3.1 Saxaxa Qorannoo

Qorannoo gaggeeffamu tokko keessatti kallattiin raawwii hojii qoranichaa maal akka ta'e ibsuun baay'ee barbaachisadha. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka ijootti/ bu'uuratti kaa'aman maal irratti akka xiyyeeffachuu qaban addaan baasaanii beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Addunyaa (2011: 63) saxaxa Qorannoo haala itti aanutti ibsa: "saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Qaama qorannoo sana keessatti argamu akkamitti akka dalagu illee nito'ata" jedha. Qorannoon kunis sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti fakkoommii sirnichaa qaaccessuu yoo ta'u, kanaaf qoratichis ragaalee adda addaa madda adda addaarraa argate, mala qorannoo akkamtaatti gargaaramee qaacceseera. Sababni isaas, qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hin taane ibsaan. Hiika kan argate ibsaan waan ta'eefidha. Yaada kana Abiyiyifi kaawwan (2009:36) yoo ibsan, "Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis" jedhu. Yaada kana irraa akka hubanutti qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoon lakkoofsaan osoo hin taane ibsan. Bu'aan qoranichaas kan xiinxalamu jechaanidha. Dabalatan Dastaa (2002 :20) "qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessatiin ykn ibsaatiin dhiyaassa" jedha. Yaada kanarraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluun irratti humna qabaachuufi gama amanamuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna.

3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon tokko irraawwatama qabaachuu qaba. Kanaaf qorannoon kunis irraawwatama qaba. Yaada kana Addunyaa (2001: 1) yoo ibsu, "Qorannoon irraawwatama namootaafi dhimmootaa qorannoon sun irratti gaggeeffamu waan ilaallatuuf, kan irratti raawwatame gaalee jedhurraa adeemsa suphaatiin kan uumame." jedha. Yaada kanarraa akka hubanutti, qorannoon kunis irraawwatamni isaa hawaasa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati irratti kan raawwatameefi namoota ayyaana kanaa kabajan irratti kan raawwatamedha.

3.3 Mala Iddattoo

Iddattoo jechuun tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessaa wantoota ykn namoota ragaa kennuu danda’an filachuu jechuudha. Haa ta’u malee, akkuma daangaan qorannichaa jalatti ibsaamuuf yaalametti kanneen qorannoon kun ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun bu’aa qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. Kun immoo humna qoratichaan ol ta’a. Kanaaf mala iddattootti gargaaramuun barbaachisaadha. Qorataan qorannoo kana gaggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti ba’e gosa iddatteessuu miti-carraadha. Kun kan ta’eef jamaa filataman keessaa iddattoo miti-carraa jalammoo iddatteessuu akkayyoofi darbaa dabarsiitti dhimma baheera. Iddeetteessuu akkayyoo isa jedhu Addunyaa (2011:67) akka itti aanutti ibsa: “akaakuun iddatteessuu miti-carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhamus ‘akka kaayyoo’ qorannichaattifi qoratichaatti odeeffannoo irraa argatu murtoo mataasaan akka deemu ibsa” jedha. Yaada kana irraa akka hubanutti mala kana keessatti qoratichi kaayyoo isaa galmaan naaf gahu kan jedhu iddattoo kana filatee gargaarameera.

Haaluma kanaan qorataan kunis mala iddattoo akkayyootti gargaaramuudhaan odeeffannoo waa’ee sirna kabaja ayyaanichaafi qabiyyee gochoota achirratti raawwatamanii odeeffattoota irraa odeeffannoo walitti qabateera. Dabalataan mala iddattoo walii- himaa/darbaa dabarsii (snowball sampling method) fayyadamuun jaarsolee mata duree kana irratti beekumsa qaban iyyaafachuun ragaan fakkoommiirratti funaannameera. Gabaabumaatti, namoonni afgaaffiidhaafi marii gareef iddatteeffaman namoota Aanaa Abuunaa Gindabarat keessaa baay’ee beekamoofi waa’ee duudhaa hawaasaa sirriitti beeku jedhamanii beekaman jaarsolii 46ti filataman keessaa jaarsolii 18 Afgaaffii dhuunfaaf, jaarsoolii 28 immoo marii garee garagaarameera.

3.4 Madda Odeeffannoo

Qorannoo gaggeessuu keessaatti maddi odeeffannoo karaa gurguddoo lamaan argama. Isaanis madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Maddi inni jalqabaa odeeffannoo qaama dhimmi isaa ilaallatu irraa kallatumaan yemmuu argatamu ykn funaannamudha. Maddi odeeffannoo lammaffaati immoo bakka maddi odeeffannoo jalqabaa hin jireetti qaama lammaffarraa ykn sakatta’a ragaalee irraa odeeffannoo argamudha.

Akka qorannoo kanatti maddi ragaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarati keessa namoota kaayyoo qorannichaa galmaan gahu jedhamanii yaadaman mala iddatteessuu akkayyoofi

darbaa dabarsiin filataniin ragaalee funaannamedha. Akkasumas sirna kabajaa kana keessatti hirmaachuun hordofuudhaan ragaa argamunidha. Kanaaf maddi ragaa qorannichaa madda ragaa jalqabaa fayyadamee qorannoo gaggeeffamedha. Innis jaarsolii Aanaa Abuunaa Gindbarat keessa jiraatan irraa odeeffannoo funaannamedha.

3.5 Maloota Funaansa Odeeffannoo

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala odeeffannoo ittiin funaanu adda baasee beekuun barbaachisaadha. Akkaataa qorannoon kun fiixaan ba'uu danda'utti maloota odeeffannoo ittiin funaannamu amala mata duree kanaaf mijaawaa ta'u xinxaluun kanneen armaan gadiitti gargaaramee jira.

3.5.1 Daawwannaa

Daawwannaan meeshaalee ragaan ittiin funaannamu keessaa isa tokkofi odeeffannoo jalqabaa qorannoo tokkoo argachuuf mala gargaarudha. Kana malees kaayyoon daawwannaa deebii afgaaffiifi marii gareetiin argamu caalatti murteessadha. Dabalataan qorannichi qorannoo sirna waan ta'eef daawwadhaaf dursi kennamuun barbaachissadha. Kunis adeemsa qorataan tokko odeeffannoo qabatamaa argachhuf kallaattiidhaan ilaaluun ykn dhageeffachuudhaan yaada isaa kan fudhatu ykn waraabbatanidha. Qorataan kunis ragaa qorannoo isaa cimsuuf jecha dursa hawaasa Aanichaa keessaa lafa Bakkee qalaxee jedhamtu deemuun raawwii sirna ayyaana masqalaa iddoo sirni kabaja ayyaanichaa itti raawwatetti kallattiin keessatti hirmaateefi daawwatee meeshaalee sagaleefi suursagalee gargaaramee odeeffannoo funaannamedha.

Yeroo tokko tokko wanti namni hojjetu, wanta namni dubbatu irraa adda ta'uu mala, akkasumas wanti namni dubbatus waan namni hojjeturraa adda ta,uu ni jiraata. Kanaaf daawwannaan immoo odeeffannoo qorannoo tokkoof barbaachisu qabatamaafi amansiisaa waan taasisuuf qorannicha fudhatamaa taasisa. Yaada kana David E.(2004: 24) daawwannaan hirmaachisaa ta'uu yoo ibsu,

Participant observation is a research method most closely associated with ethno graphic methodology and has its origins in British anthropology and the Chicago school of sociology. The central intent of this method is to generate data through observing and listening to people in their natural setting and to discover their social meanings and interpretations of their own activities,- - with participant observation ,the research becomes a member of the group beings to understand their situation by experiencing it.

Yaada kana akka hubanutti daawwannaan hirmaachisaan mala qorannoo sanyii wajjin hariiroo kan qabu yoo ta’u, kaayyoon daawwannaa hirmaachisaa yoomessa uumamaa keessatti dhimmoota hawaasaan dalagaman keessatti hirmaachuufi daawwachuun ragaa walitti qabuudha. Dabalatanis dhimmota daawwatamanirratti hiikkaa sochii hawasummaa barbaaduu fi qaaccessuudha. Akkasumas daawwannaa qorannoon irratti gaggeeffamu ta’uun, wajjin hirmaachaa haala isaanii hubachuu danda’a.

Qorataan adeemsa kana keessatti eenyu maal akka dubbatu, maal akka godhu, essatti maal akka jedhamu fi godhamu daawwachuun yaadannoo qabachuufi suuran raga funaaneera. Akkaataa kanaan qoratichis akkaataa itti sirni gubaa raawwatu daawwachuuf Fuulbaana 16/01/2010 galgala sa’aa 10:00 irraa hanga 12:00 ti sirna dhaabaa dhaabuu daawwannaa gaggeessee ragaa barreeffamaafi suuraan fudhateera. Akkasumas gaafa guyyaa 17/01/2010 sa’aa 12:00 irraa hanga sa’aa 9:00 ti sirna gubaa daawwatee ragaa suuraa fi barreeffaman fudhateera. Haaluma kanaan qoratichis sirna kabaja ayyaanaa masqalaa gaggeeffame irratti guutummaan guututti keessatti hirmaatee daawwannaa gaggeessuun odeeffannoo qabatamaa argateen, haala sirna kabaja ayyaana masqalaa fi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabarati keessatti mul’atan qaaccessseera

3.5.2 Af-gaaffii

Af-gaaffiin akaakuuwwan meeshaalee funaansa odeeffannoo keessa tokko ta’ee, yeroo baay’ee namoota barreessuufi dubbisuu hin dndeenyeef kan dhiyaatu yoo ta’u, kunis dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeeffattoota dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha. Bu’uura kanaan af-gaaffii keessatti kan qorataafi odeeffattoonni fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kennaniidha. Yaada kana ilaalchisee Creswell (2007: 18) “Interviews the researcher conductes face to face the interviewee” akka yaada kanaatti afgaaffii keessatti qorataafi odeeffattoonni fuulaa fuulatti walarganiiti yaada wal jijjiiru. Yaaduma kana Punch (1998 :29) yoo ibsu, “The interview is one the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people’s perception, ---of situations and costruction of reality .It is also one of the most power ways we have of understanding others.” Akka yaanni kun agarsiisu af-gaaffiin qorannoo akkamta keessatti mala funaansa ragaa murteessaafi humna qabeessa karaa qorataan ittiin yaada hubatudha. Kunis waliin dubbii keessa namni tokko kan qorannoo gaggeessudha.

Af-gaaffii keessatti gaaffilee dhiyaatu caaseeffamaa, gartokkee caaseeffamaafi miti caaseffamaan dhiyaachuu danda’a. Qoratichis qorannoo isaa kana galmaan gahuu danda’a

jedhee kan filate gaaffilee gartokkee caaseffamaadha. David E. (2004 :216-217) akka armaan gadiitti ibse:

Semi structured interviews are non standardized, and are often used in qualitative analysis the interviewer has a list of issue and questions to covered ,but may not deal with all of them in each interview. The order of questions may also change depending on what direction the interview takes. Indeed additional questions may be asked including some which were not anticipated at the start of the interview as new issue arise.

Akka yaada kana hubannutti, af-gaaffiin gartokkee caaseffamaa ulaagaa caaseffamaa kan hin guunne ta'ee, qorannoo akkamtaa keessatti bal'inaan tajaajila. Adeemsa kana keessatti qoratichi dhimmoota fi gaaffiiwwan deebii barbaadan barreeffatee harkatti qabata. Garuu dhimmoota kanneef deebii itti argachuu dhiisuu danda'a. Kana malees af-gaaffii yeroo barbaade fooyya'uu akka danda'uufi yeroo af-gaaffii dhiyaatu ragaalee funaannamu kan afaaniin dubbatamu caala sochii odeeffattoota irraa odeeffannoo dabalataa argachuufi kkf faayidaa qaba. Gaaffilee kunis odeeffattoonni osoo hin dhiphatiin kolfaa taphachaa, boqonnaa fudhachaafi wantoota gaafataman ka'umsa godhatanii hanga beekan muuxannoo ofiifi namoota biroo eeruun kennaniiru.

Haaluma kanaan qoratichi manguddoota iddatooti filataman kunneen waa'ee masqalaa beeku jedhamanii amanaman kana mana mana isaanii deemuudhaan odeeffannoo ofii isaanii beekan erga qabatamee booddee, gara warra isaan caala dhimoota kana beeku jedhamanii eeramanii bira Guraandhala 15/06/2010 irraa kaasee hanga Eebila 02/08/2010ti guyyaa jaraaf mijaawaa ta'e iyyaaffachuun deemee odeeffannoo isaan dhimma kanarratti kennan yaadannoo qabachuun, maanguddoo 18 dhiirri 16fi dubartoota 2 lamaaf af-gaaffiiwwan gartokkeen caaseffamaa ta'an dhiyaachuun deebii gahaa ta'e argameera. Innis odeeffattoonni kun waan kanaan dura beekan, waan raawwatan, waan arganiifi dhagahan akka ibsan ykn himan gaaffilee gam-tokkee caaseffamaan dhiyaataniifi deebii isaanii Afwalaloofi hololoodhaan ykn ibsaan kennan kun xiinxalamani hiikamaniiru. Kunis odeeffannoon af-gaaffiin odeeffattoota irraa walitti qabame kun waraabii suur-sagaleen deeggaramuun kan walitti qabamee, qaaceffameera.

Akkasumas waraabuu qofaa osoo hin taanee haala odeeffattootaa ilaaluun xiyyeeffannoo kennuun dhageeffachuun odeeffannoo dabalataa argachuu danda'eera. Walumaagalatti qoratichi odeeffannoo odeeffattootarraa gaaffilee gar-tokkee caaseffamaa kanaan walitti qabatee haala sirna kabaja ayyaana maasqalaafi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa gulantaa kabaja ayyaanaa sadan keessatti argaman tokkoon tokkoon isaanii adda baasee

gochaawwan raawwataman maaliif akka raawwataniifi hiika maalii akka hawaasa keessatti qaban funaannameera.

3.5.3 Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshaalee funaansa odeeffannoo tokko qofaan argachuun rakkisaadha. Waan kana ta'eef, af-gaaffii gareedhaaf mijaataa ta'eefi kaayyoo qo'annichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisadha. Yaada kana David E.(2004 :230) yoo ibsu, "Focus group can be allow cost way of collecting data; but require a considerable amount of cooperation and enthusiasm from participants" jedha. Akka yaada kanatti afgaaffiin gareen xiyyeeffatame hanga danda'ameetti karaa baasii gadaanaatiin odeeffannoo walitti qabachuuf hedduu gargaara. Haa ta'u malee odeeffattoonni tokkummaafi fedhii cimaa qabachuun hedduu barbaachisaadha. Tooftaan kun odeeffannoo namni tokko dagate osoo hin himiin dhiise akkasumas yoo dogoggore akka walyaadachisaniif irratti mar'atanii odeeffannoo gaarii argamsiisuuf gargaara. Yaada kana Neuman (2007: 88) yoo ibsu, isa namni tokko beeku inni biraa hin beeku, kan tokko dagate ,inni biraa itti dabaluu ni danda'a. Odeeffannoo dhugaafi amansiisaa ta'e argachuuf qorataan sirriitti dhaggeeffachuu, yaadannoo qabachuufi suursagaleen waraabuun barbaachiisaadha. Haala kanan qoratichis namoota garee marii irratti hirmaatan waa'ee sirna kabaja ayyaana masqalaa ykn aadaa beeku jedhaman gandaafi naannoo adda addaa keessa jiraatan iyyaafachuun namoota 28 ti guyyaa isaan waliin walarguu danda'an mijeeffatee, innis tokko gaafa walga'ii jaarsolii biyyaa akka aanichatti gaggeeffamu ji'a Guraadhala 22/06/2010, inni biraa gaafa guyyaa walga'ii gosaa akka Aanaa Abuunaa Gindabarattitti gaggeeffamu Eebla 27/07/2010fi, akkasumas haala mijaawa argate keessatti marii bal'aa taasiseera. Qoratichi adeemsa kanan waa'ee sirna kabaja ayyaana masqalaafi hiika fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti odeeffannoo argaman namoota kennuu danda'an namoota 28 kanneen garee afuritti qoodee marii garee guyyaa afur taasisee odeeffannoo walitti qabatee qaacceseera. Haaluma kanan qoratichi malleen funaansa ragaalee jiran keessaa mala kanatti garagaaramuudhaan adeemsa sirna kabaja ayyaana masqalaafi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa Abuunaa Gindabaratti qaaccesseesuu maali akka fakkaatu bira gaheera. Innis yaada garee arfan irraa argame yaadannoo qabachuun odeeffannoo odeeffattoota dhuunfaa irraa argameen walitti dhufeenya qabaachuusaa mirkaneeffachuun cuunfamee dhiyaateera.

3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun mala qaaccessa ragaalee akkamtaa kan fayyadame yemmuu ta'u, kunis odeeffannoo akkamtaa gaaffiiwwan maaliif ? akkamtti ? jedhuuf deebii laachuuf kan

carraaquufi dhimmoota qorannichaa keessatti dhiyaate hunda jechaan kan ibsedha. Hiika ragaa akkamtaa qaaccessuu ilaalchisee Dasta (2015) Daymon and Holloway (2002:231) wabeeffachuun akka ibsetti, ragaa qaaccessuun ragaalee hincaasseffaniin hedduu ta'an akka tartiibeffaman, caaseffamanfi hiika qabaatan gochuudha. Itti dabaluu, ragaa akkamtaa qaaccessuun ragaa akka argannoo qorannichaa ibsutti caccabsuu: ragaalee kooddii kennuufiin akka to'atamuu danda'utti caccabsuu, qabiyyee sasalphaa ta'etti cuunfuu---hiikuu: yaadrimeefi yaaxina burqisiisuun gochaafi jecha hirmaattotaa hiika qabeessa taasisu akka ta'e ibsa. Yaaduma kana David E. (2004 : 346) yoo ibsu, "The main focus of qualitative research is to understand the ways in which people act and the accounts that people give for these actions." Yaada waraabbii kanarraa akkuma hubatamu, xiyyeeffannoo guddaan mala akkamtaa akkaataa uummanni waan tokko gochaan agrsiisuu hubachuufi itti gaafatamummaa hawaasichi gochoota raawwataman kanneenif qaban xinxaluuf akka ta'e agarsiisa. Yaaduma kan fakkaatu Creswell (2007: 37) " Qualitative research begin with assumption aword view, the possible use of a theoretical lens, and the study of research problems inquiring into the meaning individuals or groups as describe to social or humal proble" jedhu bu'uura godhachuun, Qorataan ragaalee daawwannarraa suuraafi viidiyoodhaan funaannaman irra deddeebi'uun ilaalee dhaggeeffatee, itti aansuun kan argee dhaggeeffate yaaddannoo yeroo daawwannaa qabatee tureen walitti fiduun qindeessee barreessee gara ragaa qorannichaatti jijjiire. Akkasumas ragaalee argaman akka walfakkeenya isaaniitti walitti fiduun ibsuun qaaceffamaniiru. Walumaagalatti ragaalee karaa daawwannaa, afaaaffiifi marii gareen funaannaman yaadiddama waliigala bu'uureeffachuun yaada ragaa argameen walsimsiisuun mala akkamtaatiin qaacessee hiikni itti kennameera. Sababni qoratichis mala kana filateefis dhimmoonni qorannoo kana keessatti ka'uu malan kan hawaasni sirna kabajaa irratti raawwatu waan ta'eef, kallatumaan hawaasa keessa seenee odeeffannoo barbaachisu walitti qabee qaacesseera. Kana malees, odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaalee armaan oliitti heeramaniin funaannaman kun ragaalee akkamtaa waan ta'aaniif malli ittin qaaceffames mala akkamtaatiinidha.

Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaan kana jalatti odeeffannoo gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniifi deebii argachuuf kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaaleen odeeffattoota irraa afgaaffii, marii gareefi daawwannaan funaannaaman walduraa-duubaan mala akkamtaa gargaaramuun qaaceffaniiru. Akkaataan ittiin qaacceeffamanis, gulantaawwan kabajannaa(steps of rituals) bu'uureffachuun yemmuu ta'u, odeeffannoon funaannaman iddoowwan saditti (ayyaana gubaa dura, guyyaa gubaafi gubaa booda) qoodamuudhaan hiikni itti kennameera. Haaluma kanaanis fakkoommiin sirna kabaja ayyaana gubaa ibsaa Aanaa Abuunaa Gindabarat irratti argaman xinxalamaanii jiru. Ibsa tokkoon tokkoon isaanii jalatti maddi ragaa irraa argaman waliin taa'anii jiru. Bakki ragaan suuraa argames ragaa suuraan deeggaramanii dhiyaataniiru.

4.1 Ayyaana Gubaa/ Ibsaa Masqalaa

Ayyaanni kun uummata Oromoo biratti akkuma hiika guddaa qabu, hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratii birattis ayyaana hiika guddaa qabuufi dhugeeffannoo bal'aa akka qabu odeeffattoonni kun qoraticchitti himaan jiru. Akka mariin garee gaafa 16/06/2010 irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, ayyaanni kun ayyaanota jiran keessaa “mootii ayyaanaa” jedhamee beekama. Sababni isaas ayyanoota waggaa jalqabaarratti kabajaman keessaa isa duraafi ayyaana jiruufi jireenya hawaasa kanaa waliin hidhata cimaa qabu waan ta'eefidha. Akka Afgaaffii Gunjii Fayisaa fi Tolasaa Fayisaa gaafa 15/06/ 2010 irraa odeeffannoo argame akka mul'istu: hiika ayyaana kanaa yemmuu ibsan karaa adda addaatiin ibsu. Innis ayyaanni ibsaa bara moofaa irraa gara bara haaraatti kan ceesisuufi firri lagdi guutee waldhabe hir'atee kan itti wal argu. Yeroo dhoqqeefi roobaa keessaa booqaa birraatti ba'anii; yeroo gannaa dukkanaa, bacaqqee, duumessaafi yaadda'u bakakkaa jala gara ilillii birraa daraaree dacheen magariisatti geeddaramtee foolii tolaa qabanii kan facaafatan gahuun ijaan arguu eegalanii gammadanidha. Gammachuu isaanii kana ammoo ibsaa qabatani bahuun kabajatu.

Kana malees, akka odeeffannoon maddeen irra arganne agarsiisutti, ayyaanni kun bara durii kan ayyaanefamu Hagayya kudha jaha (16) ture. Haa ta'u malee erga naannoon Oromiyaa sirna bulchiinsa mataa ishii dhiistee, irree ormaan buluu eegaltee as gara fuulbaana kudha torbaatti jijjiramee jira. Kunis kaayyoo isaa inni guddaan saba kana amantii mataa isaa gachisiisanii kan mataa isaanii akka hordofan gochuuf. Ta'us Sabni kun kana mormuufi guyyaa kabajannaa kan mataa isaa qabachuu sirba masqalaa keessatti ibsatee jira. Innis akkas jechuun sirba:

Ayyanni masqalaa,
Guyyaa kudha-shanii,
Osoo kiyya jedhuu,
Narraa fudhataniii,

Masqalli kan Oromoo ta'uufi Hagayya 15 irraa kaasee kabajamaa akka ture, yeroo amma Ormi kan irraa fudhate ta'uu ibsa. Gama biraa dur sirni gubaa kun galgala raawwata ture. Haa ta'u malee sababa diinni halkan dukkana daawoo godhatee hawaasa kana miidheefi akkasumas ofumaa isaaniis wal ajjeessuun baayyateef gara bariitti jijjiiramu isaa maddeen irraa odeeffannoon argame niagarsiisa.

Yaada kana olii irraa akkuma hubanutti, hawaasni Oromoo ayyaana kana yeroo dheeraa kabajachaa kan ture ta'uufi guyyaa kajajannaa kan mataa isaa akka qabu. Ayyaanni kun ammoo mallattoo rakkina keessaa gara quufaatti, dukkana keessaa gara ifaatti bahuu mul'isuu kabaju waan ta'eef, ifaa kana qabatanii barii ka'anii gubaa kana kan raawwatanidha.



Suuran -1 marii garee gaafa 16/ 06 / 2010 fi Afgaaffii Gunjii Fayisaa 15/06/2010 ti gaggeeffamedha.

4.2 Hirmaattota Ayyaana Masqalaa

Sirni kabaja ayyaana kanaa akkuma ayyaanota biroo naannoo kanatti kabajamanii hirmaattota adda addaa qabaniis, ayyaanni kunis hirmaatonni sirna kanaa niqaba. Hirmaatonni kanneenis gahee mataa mataa isaanii niqabu. Akka mariin garee Guraadhala 22/ 06/ 2010 ganda bakkee qalaxeetti taasifame irraa odeeffannoon argame akka agarsiisutti, ayyaanefannaa ayyaana

masqalaa keessatti warreen qooda fudhatan, kanneen akka maanguddoo, ga'eessota, dargaggeessa, beerran, dubartoota, ijoolleefi daa'immaan hundi ayyaana kana ayyaanefachuuf hirmaattota. Dabalaatanis akka Taaddasaa Bultoofi Alamii Maqaasaa jedhanitti, namoonni hawaasa keessatti kennaa adda addaa qabaachuun beekaman kanneen akka ayyaantuu, abbaa Gadaa, jaarsa biyyaafi kanneen hafan biroon ayyaana kana irratti adda durummaan irratti hirmaatu. Haa ta'u malee gaheen hojii namoonni ayyaanefannaa kana irratti qabani adda addummaa qaba. Fakkeenyaaf dargaggeessifi ga'eessonni yeroo masqalli torbee lamatti galu mukkeen guyyaa ibsaa sanaa gubatan bosona deemanii guyyaa guyyaa isa walitti qabaa oolani, galgala galgala immoo iyyoolee/ gabbisoo sirbuun badhaasa walitti qabatu. Dubartoonni ammoo yeroo masqalli dhiyaatu waan guyyaa masqalaa nyaatamee dhugamu qopheeffachuu eegalu; gaafa masqalli borumtaa immoo namni abbaa warraa ta'ee jiru tokko, jabaa galgala sana gubatee Ateeteen facaaffamu mukkeen adda addaa irraa jiidhaa falaxee qopheeffata. Eegaa haala kanaan namoonni hunduu gahee mataa isaanii bahu.

Walumaagalatti akkuma odeeffannoo olii kanarraa hubatamutti, sirna kabaja ayyaana kanaa irratti qaamni hawaasaa hundinuu daa'ima kaasee hanga maanguddootti kan hirmaataniifi gahee mataa isaanii kan qaban ta'uu nu hubachiisa.

4.3 Adeemsa Raawwii Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa

Ayyaanonni garagaraa hawaasa keessatti kabajaman adeemsa keessa darbanii ayyaanefatama kan mataa isaanii qabu. Kana malees, waantoota sirnicha keessatti raawwatamaniifi irratti xiyyeeffatamanii ayyaanefataman qabu. Adeemsa kana gulantaa gulantaatti qoonnee ilaalu dandeenya. Duudhaa hawaasaa keessatti sirnoonni yemmuu raawwataman gulantaa keessa darban qabu. Yaada kana hayyuun Sims and Stephens (2005: 111) yemmuu ibsan akka itti aanu kanaan kaa'u:

...aritual returns have three stages, separation, transition and rein corporation when a person who has gone through aritual returns to society with anew status. Ritis of passage are practiced in all culture, but the events celebrated vary from culture to culture

Yaada kanarraa akka hubannuutti, sirni hawaasa keessatti kabajan gulantalee sadi qaba. Innis sirnicha dura, sirnicha keessafi sirnicha booda jedhamuun wantoota hawaasa keessatti raawwataman sadarkaa jiran irraa gara sadarkaa haaraattti ce'anidha. Sirni kabajannaa aadaa hawaasa kamiyyuu keessa kan jiruu ta'ee gochoonni kabaja sana keessatti raawwataman garuu aadaadhaa aadaatti adda addadha.

Sirna kabaja ayyaana masqalaas sirnoota duudhaa hawaasaa keessatti raawwatama keessaa tokko waan ta'eef gulantaalee adda addaan raawwatame. Kunis gubaa dura ykn jala bultii ayyaanichaa, guyyaa gubaa ykn guyyaa ayyaanichaafi gubaa booda jedhamuun qoodamuu ni danda'a. Yaada kana Filee (2016 : 155) akkas jechuun ibsa, “ Ayyaanni gubaa sadarkaa adda addaan raawwata. Kanneenis gubaa dura, guyyaa gubaafi gubaa booda jedhamuun bakka sadiitti qooduun ibsuun dandahama.” Jedha. Yaada kanarraa akka hubanutti , gubaa dura kan jedhamu akka naannoo Abuunaa Gindabaratitti dardarri osoo masqalli hin gahiin torbee lamaaf mallaqa walitti qabachuuf hanga gaafa guyyaa dhaabaa galgalaatti kan gaggeeffamu yoo ta'u, guyyaan gubaa immoo gaafa guyyaa ayyaanni kun itti kabajamu ganama sa'aa 12.00 irraa kaasee hanga galgalaatti gochaalee raawwatu kan ilaaludha. Gubaa booda kan jedhamu immoo guyyaa ayyaanichi kabajamee kaasee hanga gaafa shananii masqalaatti wantoota raawwatamaniidha.

Qorannoon kunis adeemsa raawwiifi fakkoomii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati kan xiinxale waan ta'eef, fakkoommiwwaan adeemsa sadeen keessa jiru qaaccessseera. Isaanis walduraa duubaan asiin gadiitti dhiyaataniiru.

4.3.1 Gochaawwan Haal-duree Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa

Akka aadaa hawaasa Oromoo naannoo qorannoon kun itti gaggeeffameetti, ayyaanni masqalaa yemmuu dhiyaatu wantoonni hawaasichi raawwatu hedduutu jiru. Innis wantoota sirnicha kabajachuuf isa barbaachisu hunda niqopheeffata. Akka mariin garee Guraadhala 22/06/ 2010 gaggeeffame agrsiisutti, hawaasni Aanaa kanaa haal-duree/ jala bultii ayyaana masqalaarratti wantoonni raawwataman hedduutu jiru. Innis ibsaa hidhachuu, farsoo naquu, horii qalma bituu, mooraa ofiifi kan horii qulqulleessuufi iyyoolee sirbufaati. Kun hundumtuu osoo masqalli hin ga'iin wantoota raawwatamanidha. Akkasumas akka Afgaaffii Tarrafaa Bayyan gaafa guyyaa 23 /06 /2010 gaggeeffame irraa odeeffannoon argame ibsutti, jala bultii ayyaana masqalaa kanarratti hawaasni kun waan inni raawwattu waan bal'aatu jiru. Isaanis kanneen itti aanan dhufan kana:

4.3.1.1 Sirba masqalaa ykn Iyyoolee Sirbuu

Sirbi iyyoolee kan dargaggeessiifi ga'eessi yemmuu ayyaanni masqalaa torbee lamatti galu sirbamudha. Kunis jaalalaafi kabaja ayyaanefannaa kanaaf qaban mul'isuuf, akkasumas bakka itti jaalala waliif qaban ittiin ibsatanidha. Sirbi kunis naannoo tokko tokkotti gabbisoo jedhameeti beekkama. Sirba kanas akkaataa armaan gadii kanaan sirbu.

Masqala mootii ayyaana,
Masqala maaltu wallalaa,
Masqalli dhufe didichee,
Gadadoo nurraa dhidhiita.

Akkuma yaada sirba kana irraa hubanutti, masqala mootii ayyaanaa yeroo jedhan, masqalli ayyaanota jiran keessaa isa hangafaa ta'uu, masqala maaltu wallalaa yemmuu jedhan immoo masqalli namoonni mara birtti beekamaafi jaalatamaa akka ta'ee ayyaaneeffatamuufi ayyaanni kun yoo gahu kan namni rakkoo keessaa gara quufaatti yookiin bara haaraatti nama dabarsu ta'uusaa mul'isa.



Suuran-2 Afgaaffii Tarrafaa Bayyan gaafa guyyaa 23/06/2010 gaggeeffamedha.

Haaluma walfakkaatun iyyoole kana yemmuu sirban kan dargaggeessi ittiin jaalala isaa ibsatus ofkeessatti qaba. Innis akka itti aanu kanatti:

Hiyyoolee birraa daangulee koo,
Hiyyoolee birraa daangulee koo,
Mogor mogor jetta, birraa daanguleekoo,
Hiyyoolee birraa daangulee koo,
Mogor obaa loonii, birraa daangulee koo,
Hiyyoolee birraa daangulee koo,
Hafuura urgooftaa, birraa daanguleekoo,
Hiyyoolee birraa daangulee koo,
Akka corqaa loonii, birraa daanguleekoo,
Hiyyoolee birraa daangulee koo,

Qabiyyeen iyyoolee kana immoo qabeenya uumamaa waan naannoo isaaniitti argamuun wal bira qabuun jaalala waliif qaban ibsu. Kunis Mogor mogor jettaa, Mogor obaa loonii yeroo jedhan Mogor bishaan guddaa Aanaa kana daangessee jirudha. Akkasumas hafuura urgooftaa, akka corqaa loonii yeroo jedhan immoo shamarreen kunniin corqaan loonii akkam akka urgaahu nibeeku. Kanaaf hammam akka isaan shamarroota kana jajan nihubatuuf. Eegaa haala kanaan iyyoolee kana keessatti jaalala walii qaban waliif ibsu.

Dabalatan akka Taaddasaa Addunyaa 23/ 06 /2010fi Girmaa Dheeressaa 24/ 06/ 2010 jedhanitti, dargaggeeyyiin kun sirba iyyoolee kana bakka garagaraatti waan adda addaa sirbu. Fakkeenyaaf yeroo mana namaatti dhiyaatan waan jedhaanii sirban qabu. Yemmuu kana sirba warra manaa sana jajjabeessu sirbu. Sirboonni kunis sirba kan akka oofen dhufee yaadureessa koo loonaan oofaa karra naaf bani jedhamudha. Kanis walaloo isaatiin yemmuu waljalaa qabanii sirban haala armaan gadii kanan:

Oofeen dhufee, yaadureessa koo,
Loonaan ofaa, karra na banimee,
Adurreen dhaltee ,
Yaadureessakoo,
Ati maal dhabde,
Yaadureessakoo,
Hin himu malee,
Yaadureessakoo,
Ani waa argee,
Yaadureessakoo,
Jabbileen ofaa,
Yaadureessakoo,
Ati maal dhabdee,
Yaadureessakoo,
Adaraa oofaa,
Yaadureessakoo,
Siifan iyyaa,
Yaadureessakoo,
Yaa abbaa biyyaa
Yaadureessakoo,
Dureessi hinkooruu,
Yaadureessakoo,
Boolloo waruu,
Yaadureessakoo,
Sin mararuu,
Yaadureessakoo,
Ilmaanyuu hoolaa,
Yaadureessakoo,
Bineensa nyaatee,
Yaadureessakoo,
Bineensa namaa,

Yaadureessakoo,
Gurrakee wayya,
Yaadureessakoo,
Qotiyoo cimdii,
Yaadureessakoo,
Gootoraa dilbii,
Yaadureessakoo
Adaraa sangaa,
Yaadureessakoo,
Ati ittiin qotuu,
Yaadureessakoo,
Adaraa Daalee,
Yaadureessakoo,
Ati yaabbattuu.

Sirba kana sirbaa daandiirra yoo marsan namoonni sirba isaanii kana dhagahuun mana koo dhufuuf jedhanii waan qaban qopheeffatanii eegu. Iyyoolee kunis dabareedhuman mana naannoo sanaa dhaqu. Haa ta'u malee yeroo mana namaa bira gahan akka jarri balbala jalaa bananiif sirba isaanii ni geeddaru. Innis balbala akka jalaa bananiif haala kanan sirbu.

Hiyyoolee cufaa saaqi saanqaa,(x2)
Saaqi maloo,
Hiyyoolee,
Saaqi saanqaa,
Hiyyoolee,
Saaqilee koo,
Hiyyoolee,
Saaqi gooftaa,
Hiyyoolee,
Maaliif koortaa,
Hiyyoolee,
Saaqi giiftii,
Hiyyoolee,
Diinqa ciiftii,
Hiyyoolee,
Iyyoolee cufaa saaqi saanqaa,
Saaqi maaloo,
Hiyyoolee,
Saaqi haadhoo,
Hiyyoolee,
Adurreen dhaltee,
Hiyyoolee,
Haadha kabaltee,
Hiyyoolee,
Sumuniin tokkoo,
Hiyyoolee,
Maaf si marart.
Hiyyoolee,

Yeroo kana warri manaa akka jarri sirban yoo barbaadan osoo karra jalaa hin saaqiin tursiisu danda’u. Yemmuu kana immoo dargaggoonni kun akka isaan jalaa cufaa saaqaniif akkana jechuun sirbu:

Iyyoolee cufaa saaqi saanqaa,(x2)
Saaqi saanqaa,
Hiyyoolee,
Warri keenyaa,
Hiyyoolee,
Hin nu waamuu,
Hiyyoolee,
Yoo dinnee moo,
Hiyyoolee,
Hin nu dhaanu,
Hiyyoolee,
Cufaa saaqi saanqaa.

Yemmuu kana warri manaa ulaa jalaa saaquun olgalchu ykn seensisuun takkaa sirbisiisanii abbaan manaa waan fedhii isaa hanga fedhii isaa kennaaf. Dargagggeeyyiin kunis yeroo muraasaaf ho’isanii sirbaanii waan kennaaniif fudhatu. Yemmuu kana qarshiin qabduun qarshiin harka isaa gahuu akkana jechuun miseensota isaatti beeksisa.

Ani waa argee yaa, ani waa arge,
Maal argite, maal argite,
Lootiin arge, lootiin arge,
Enyu kenne, enyu kenne,
Gooftaa kenne, gooftaa kenne,
Amma amma isaaf haakennu,
Karra gootaa isaaf haa kennu
Gooftaan hammam gaha,
Kunoo hammana gaha,
Giiftiin hammam geessi,
Kunoo hammana geessi
Ishiin sobdu hammam geessi,
Kunoo hammana geessi,
Sobduu goomattun eessuma teessi,
Kunoo as jala teessi,
Boolla gadi fageessi,
Dhiitii itti jabeessi.

Kana jechuun irra deddeebi’anii miilaan lafa dhiitu. Kana gochuun isaanii immoo yeroo namni qarshii qabu ani waa arge jedhu jarri akka qarshii ykn kennaan biraa kenname hubatu. Maal argite jechuun isaanii immoo kenna sana gargar baafachuuf, yeroo kana namichi lootiin arge gaafa jedhu; waan isaanii kenname kun waan gaarii ta’uu adda baafatu. Yemmuu kana namni sirba sana baasu gooftaan hammam gaha jedha, isaan jalaa qaban immoo harka isaanii samiitti qabuun kunoo hammana gaha jedhu; kun immoo namni kun guddaadha ykn

kabajamaadha jechuu barbadaniiti. Mortuufi sobduun hammam geessi yeroo jedhu immoo quba isaanii lafatti qabuun kunoo as jala teessi jechuun miilaan lafa dhidhiitu kun immoo goomattuu namichaa awwaaluuf, erga kana raawwatan booda sirba adda addaa ho'isanii sirbu. Sana booda kennaan isaanii kennamuu isaa ollaatti mul'isuuf akkana jechuun faarsu.

Agadaa yaa boqolloo bobbolloo,
Yaa gooftaa mana qorqorroo,
Gooftaan lootii kenne,
Baatiin baatee,
Baatee hingubatiinii,
Addunyaa si kenne,
Sirraa hinfudhatiinii,
Kabaja si kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Nageenya siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Gammachuu siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii,
Baatiin baatee,
Addunyaa siif kenne,
Sirraa hin fudhatinii.

Kana jechuun isaanii immoo kabajni kee hanga dhumaa siif haa ta'u, bara jireenya kee hundumaa gammachuun jiraadhu jechuu barbadaniiti. Kana booda mana birootti sirbaa qajeelu/deemu. Mana itti aanu dhaqan kanas akkuma isa duraa walirraa fuudhanii faarsu. Akka aadaa uummata Oromootti namoota ykn dargaggeessa iyyoolee sirban namni qarshii hindhowwatu waanuma qaban kennuuf malee, tarii abbaan manaa kun osoo dhagahuu ykn osoo beekuu kan beekaa jalaa didu ta'e ykn immoo yoo dhowwate iyyooleen kun niarrabsu, niabaaru. Wanta isaan jedhanii abaaran keessa inni tokko:

Daamaa eega qurquraa,
Daamaa eega qurquraa,
Abaluun abaluun,
Manaa hinqabu,
Alaa hinqabu,
Kaboota gurguraa.

Akkasumas gochaawwan adda addaa raawwachuun yoo abaaran mul'ata: Innis namichi sirba sana baasu ykn gaggeessu yaa ija koo jechuun ija isaa isa tokko qabata. Namoonni jalaa qabanis ija isaanii qabachuun, altakkaa namoonni hundi ija tokko tokko qabataniis ija koo jedhu. Kana jechuun isaanii qe'een kee qe'ee boo'ichaa, qe'een kee qe'eee gaddaa siif haa ta'u jechuudha. Namichi qarshii dhowwates wanta jedhu hin qabu callisee dhiisuu qofadha.



Suura-3 Afgaaffii Taaddasaa Adunyaa gaafa guyyaa 23/06/2010ti gaggeeffamedha.

4.3.1.2 Sirna Dhaabaa/ Damaraa Dhaabuu

Adeemsi sirni dhaabaa dhaabuu kana keessatti waanti ilaalamu qabu keessaa tokko bakka sirni kun itti raawwatu. Sirni kunis bakka argeetti raawwata osoo hin taane iddoo isaa qophaa'e irratti dhaabbata. Bakki dhaabaan kun dhaabbatu bakka abdarii jedhama. Akka daawwannaa gaafa guyyaa 16/ 01/ 2010fi Afgaaffii Dammilee Xaafaa 01/ 07/ 2010 taasifamee odeeffannoon argame mul'isutti, Dhaabaan/ Damaraan gaafa masqalli boruu kan dhaabbatu yoo ta'u, kunis mukkeen garagaraa kanneen akka Laaftoo, Ejersa, Anfaarafi kkf namoonni ollaa/ bakka tokko jiraatan, iddoo tokkotti bahanii kan dhaabanidha. Dhaabaa kanas jalqaba abbaa Abdariitiin kan dhaabbatudha. Abbaan Abdaarii immoo nama Angafa gosaa ykn Ayaantuu ta'edha. Innis hawaasa sana keessatti nama kabajaafi jaalala guddaa qabu yoo ta'u, innis erga eebbifatee booda mortuu waraanii sanyii sadaniin nudhaabi jechuun muka jalqabaa dhaaba. Itti aansuun warreen hafan dabareedhaan dhaabaa mataa isaanii akkuma abbaan Abdaarii sun jedhu jechuun dhaabaa kana dhaabbatu. Mukkeen dhaabaa kana erga dhaabbatee booda quncean walitti hidhu. Kun ammoo akka qilleensi gidduu mukkeen kanaa galee akka hinjijigsineef, kana gochuun isaanii ammoo dhugeeffannoo bal'aa qaba.

Akka marii garee gaafa 22/06/2010 taasifame agarsiisutti, mukkeen dhaabaaf filataman kunniin sababa filatamaniif qabu. Fakkeenyaaf Laaftoon mukkeen jiran keessaa dhaddacha jedhamee beekama. Kunis akka hawaasa naannoo kanatti muka yoo walddhaban jalatti

araaraman, yoo dhala dhaban jalatti guddifatan, muka jirma tokko irraa dameen hedduun dagaagaa lafarra bal'ate. Kun immoo saba kanaan hariiroo qabachuu isaa kan agarsiisudha. Ejersis muka Oromoo waliin walitti hidhata cimaa qabudha. Innis Bokkuun Oromoo muka kana irraa hojjetame. Oromoonfi Bokkuun immoo hidhata akkam akka qabu beekamadha. Akkasumas Ejersi kun jabataafi foolii toleessa meeshaaleen aannanii illee kan ittiin qoraasamu. Anfaarri mukkeen jiran keessa muka ayyaantuudha jedhama. Mukni kun akkuma Laaftoo bona kan lalisuufi muka nyaata horiif oolu. Mukti kun saba Oromoo bakka hedduutti kan tajaajiludha.

Yaada olii kanarraa akkuma hubanutti, mukkeen kunniin jiruufi jireennya saba kanaa waliin hidhata guddaa qabu. Fakkeenyaaf Oromoon yoo ayyaana kabajatu, yoo boroo dongoratu, haadhi warraan mana sanaa mukkeewwan kana dhibaayyuu waliin qabatee dhaabbattu malee hin dongoramu. Kanaaf mukkeen kunniin saba kana waliin hidhata cimaa qabu. Innis Oromoon yeroo dhaabaa dhaabbatu sanyii sadeen nudhaabi jechuun mukkeen kana dhaabbata. Sanyii sadeen Oromoon jedhu kun immoo sanyii namaa, horiifi sanyii midhaaniiti. Kana jechuun isaanii immoo sanyiiwwan kanneeniifi mukkeen kana waan walitti fidu jechuudha. Gama biraan Oromoon horii/looniifi midhaaniif kabaja guddaa qabachuu sirriitti ibsa.

Dhuma irrattis eega dhaabaa kun dhaabbatee booda namoonni achitti argaman manguddoo ykn abbaa Abdaariitiin dursamanii yeroo shan dhaabaa sanatti naanna'anii akkas jechuun sirbu:

Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,(x2)
Masqalli nu geesse, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Habaaboon daraatee daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Mana gubbarratti daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Qeerroonoo marattee daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Masqalli waggummaa daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Abbaa gubatuufoo daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Jaalalli dammuma daraar, yaa haabaabookoo
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Abbaa uunatuf daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Masqalli hawwaxoo daraar, yaa haabaabookoo,

Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Har'aan kudha shanii daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Osoo kiyya jedhu daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Narraa fudhatanii daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa baabookoo,
Galaayee badhaasaa daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,
Nati urgufi daabee daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo
Dhadhaasaa wajjinuu daraar, yaa haabaabookoo,
Iyyoo koo daraar yaa haabaabookoo,

Jechuudhaan dargaggoonni itti fufuun dhaabaa dhaabbatetti naanna'anii sirbanii, achumatti hamma danda'an erga sirbanii quufanii booda gara mana mana isaaniitti deebi'anii waan mana isaanitti raawwatu sirna jabaa gubuu irratti hirmaatu

4.3.1.3 Sirna Jabaa Gubaa

Akka marii garee gaafa 22/ 06/ 2010 taasifamee ibsutti: jabaan Aanaa Abuunaa Gindabarati kan muramu gaafa masqalli boruuti. Gosti mukkeen jabaaf muramanis mukkeen akka Soolee, Bakkannisaa, Anfaara, Daannisafi kkf irraa muramu. Sababni mukkeen kun filatamaniifis mukkeen uumamaan daraaran waan ta'aniifidha. Masqalli immoo yeroo daraaraan itti mul'atee fuuldurri keenya ifaadha kan facaafne arguu eegalle jedhanii gammadanidha. Kun immoo ayyaana kana waliin walitti hidhata qabatanii mukkeen jiran keessaa akka filataman taasisa.

Akkasumas akka Afgaaffii Baayisaa Dhaabaa 12/ 07/ 2010 taasifamee odeeffannoon argame ibsutti: Namni jabaa kana murus abbuma fedhe osoo hin taane , dhugeeffannaa bal'aa qaba. Kanaaf namni jabaa muru, abbaa qe'ee ykn abbaa warraan murama. Yoo abbaan qe'ee hin jiru yoo ta'e, immoo ilma angafaatu jabaa kana muruu danda'a. Sababni isaas akka Aanaa Abuunaa Gindabaratiitti jabaa haala cimaatiin ibsama waan ta'eefidha. Sana booda mukkeen jabaa abbaa manaa muree fudhatee galee falaxa. Erga falaxee qopheeffatee booda galgala yemmuu maatii hundi ibidda jalatti waamame ibidda qabsiiffamee booda, abbaan manaa jabaa sana irra buusuun, farsoo, buqquriifi daadhii jabaa jalatti dhibaaffachuun jabaa beela, jabaa deegaa, jabaa diinaa, jabaa hongee, jabaatee nutti hindhufiin, nu oolchi jechuun, nama ibidda hamaa nutti qabsiisuuf yaalu nurraa qabi jedha; ittuma fufees jabaataa ilmaa, jabaa kormaa, jabaa irree, jabaa namaa nuuf kenni jechuun ittiin waaqa isaanii kadhatanii erga raawwatanii, haati warraafi abbaan warraa nyaata afaan walkaa'uun buqqurii dhibaafatanii sana hanga taa'anii dhugan sana waancaaa tokkotti dhugu. Kun immoo abbaa warraafi haati

akka nama adda addaatti akka hinilaalamneef. Jabaan kunis osoo hin dhaamiin bulee; ganama ibsaan masqalaa irraa qabsiifamee bahuu qaba.

Akkuma odeeffannoo armaan olii irraa hubanutti, sirni jabaa gubuu Oromoo Aanaa Abuunaa Gindabarat biratti sirna masqalli borumtaa galagala raawwatu ta'ee, innis bakka itti maatiin hundi wal argee, waleebbisee, gammadee nyaatee dhugee haasa'udha. Akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti namni dur bakka ibiddaa hin teenyellee guyyaa kana maatii isaa waliin achi taa'ee kabajuun dirqama.



Suura- 4 marii garee gaafa 22/ 06/ 2010ti gaggeeffamedha.

4.3.1.4 Facaaffannaa Ayyaana Masqalaatti Facaafatamu

Akka Afaaffiin Naccituu Xaafaa gaafa guyyaa 18 /07 /2010 gaggeeffamee jettetti, “Ateeten jiidhaadha; Ateeten hormaata; Ateeten ayyaana dhaloota dabaluu; Ateeten ayyaana looniiti;” jetti; itti dabaluu is akka Aanaa Abuunaa Gindabarati keessatti sirna Ateetee facaaffannaa lamatu jira. Tokko Ateetee boorantichaa yoo ta’u, inni biroo immoo Ateetee manaati. Ateetee Boorantichaa arfaasaa kennama. Ateeten manaa ammoo kan masqalli boruu facaaffama. Sirna kana irratti dubartiin Ateetee bulfattu uffata Dibbiqqoo qoma irratti haftuu tokkoofi dheeraa lafa xuqu tokko hidhatee, caallee naqattee Ateetee kennatti.

Akka daawwannaa gaafa 16/ 01/ 2010 gaggeeffamee mul’isutti, Ateetee facaaffannaan kan ayyaanni masqalaa boruu raawwatu, dhugeeffannoo itti aanee jiru qaba. Waaqa nagaa nuuf kennitee, alaa manaan, sa’aa namaan nagaa nu taasiste galatoomi, cabbii hamaa, bakakkaa

balaa tasaa nu oolchitee, ganna gurraacha nu baaste, ayyaana masqalaa nu oofkachi jechuun cuuphaa dhadhaa marqaa keessaa mimmixa kan hinqabne jiru harka lamaan coqorsa sagal qabachuun gara samitti, gara lafattis, erga facaasanii, lafa jiraa du'aa baatu waan sirra facaasame magarsita, waan hunda nudandeessa gara bal'eetti koo galatoomi jechuun, sana booda ofitti miila lamaan quba abbudduu irraa kaasee hanga kokeetti yeroo sagal facaaffachuun umurii dheeraa naaf dabal; kan baranaan na geesse bara dhufuun nagahi; mortuu dhortuu , mataakoo fi maatii koo, masii koo fi biyyaa koo hin danda'iin; jedhanii erga facaafatanii, durba qarree waamanii itti facaasuun eebbisu. Eebbichas akkas jechuun eebbisu: "jiidhi, safuu beeki, qe'ee jiidha sitti haaqabu , qacceen kee haadheeratu, intala baraa hinta'iin intala aadaa beektu fi safuu eegdu ta'i;" jechuun lubbuu dubara hin heerumneetti facaasuun eebbisu. Ergaan eebba isaanii kanas hori, aadaafi duudhaa beeki guddadhu, warra gaariitti heerum, sanyiin kee haa horu, kabaja kee eeggadhu, kun immoo gama aadaatiin safuu beektee, mataa ishii eeggattee akka ofiifi matii ishii kabachiiftuuf gahee olaanaa qaba. Sababni intala qarree ta'eef immoo intalli qarree kan kanaja qabdu waan ta'eefidha. Dubri durbummaa hin qabne hin taatu maaliif jennee safuu hawaasichaa hin eegne waan ta'eef. Ateetee kanas erga facaafatanii booda, akkas jechuun farffatu:

Ateetiyoo, Ateetiyoo,
Haadha loonii jalaa, owwaadhu na jalaa,
Haadha gurree jalaa, owwaadhu na jalaa,
Haadha boongee jalaa, owwaadhu na jalaa,
Haadha diimee jalaa, owwaadhu na jalaa,.. irra deddebi'anii jechuun waaqni loon isaaniif akka dhaabbatu balaa adda addaarraa eegeef akka jiraachisu kadhatu. Innis Ateetiyoo haadha loonii jalaa, yeroo jedhan Ateeteen isheen loon keenya waliin jirtu jechuu barbaadaniiti. Akkasumas yeroo haadha gurree, boongee fi diimee jalaa jedha, maqaan kun maqaa saawwan isaaniiti kana jechuun immoo saawwan keenya mara waliin taatee kan nuu eegde galatoomii galata keenya dhagahii jechuu barbaadaniiti. Haala kanan erga farfatani booda marqaafi boordee Ateetee sanaaf qophaa'e nyaatanii dhuganii booda namni Ateetee sana facaafate nyaate achuma bulu malee galuun gonkumaa hindnda'amu. Sababni isaas Ateetee bulfachuun dirqama waan ta'eefidha. Marqaan galgala Okolee keessaa facaaffamees isumaan buleetti ganama iyyooleetu yemmuu sirban nyaatu.



Suura-5 Afgaaffii Naccituu Xaafaa gaafa guyyaa 18/107/2010 ti gaggeeffamedha.

4.3.2 Guyyaa Ayyaaneffannaa Ayyaana Masqalaa

Kutaa kana jalatti waanti ilaalamu gochaawwan guyyaa masqalaa sana ganamaa kaasee hanga galgalaatti raaawwataman hundi isaanii mata duree xixiqqaa jalatti caccabee kan ilaalamanidha. Innis akka itti aanu kanatti:

4.3.2.1 Sirna Muudaafi Ibsaa Qabsiiffannaa Ayyaana Masqalaa

Hawaasni Oromoo akkuma beekamu loon isaa malee jiraachuun itti ulfaata. Loowwan kanis kunuunnifachuun bu'aawwan isaanii ni fayyadama. Bu'aan loon irraa argatu keessaa inni tokko immoo dhadhaadha. Dhadhaa kana uummatichi nyaataaf qofaa itti hinfayyadamu. Sirnoota kabajatu hedduu irratti ni muudata. Muudaa kana immoo yeroo garagaraa raawwatama. Akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti muudaan yeroo adda adda kan raawwatamuufi dhugeeffannoo garagaraatiif dhimma itti bahamuudha. Kunis akka Galaa Leephisaa gaafa 13/ 07/ 2010 jedhetti: “muudaan, sirna Gadaa keessatti yeroo aangoo waljijjiran, dur yeroo namni bineensota ajjeessee galu, sirna gaa'ilaa keessatti yeroo gurbaa fuudha dhaquufi qe'ee warra intalatti, sirna ayyaana masqalaa irrattifi sirna kabaja Ateetee irratti nigaggeeffama” jedhe. Haa ta'u malee muudaan yeroo adda adda gaggeeffamu kun sababa mataasaa danda'e garagaraa qaba. Innis fakkeenya muudaan yeroo da'umsaa, jila gadaafi ayyaana masqalaarratti raawwatu ergaa garagaraa qaba. Fakkeenyaaf sirna bulchiinsa gadaa keessatti muudaan raawwatu qondaalota Gadaa aangessuu, mirkaneessuufi hayyoomsuu agarsiisuuf oola.

Haaluma kanaan muudaan sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti raawwatu gaafa masqalaa ganama subii sa'aa kudha-lamaa (12:00) yemmuu abbaan manaa ibsaa lama ibidda manaatti haati warraa jabaa bulerraa qabsiifatte irraa qabsiifatee, qodaa bukoofi okolee xuqqisiisuun, yemmuu gadi baasee gara baha biiftutti garagalchee kaa'uuf deemu, haati warraa dhadhaa qadaada okoleetti qabatee dhaabbateetti, dursa abbaa warraa itti aansun ijoollee ishii akka hangafaa quxxisuutti muuddi. Yeroo muuddus bahaa galatti , alaa manatti adda argadha ; diinni keessan adda keessan hindanda'iin, deemaa mirga argadhaa, dubbadhaa dhugaa argadhaa, lolaa injifannoo gonfadhaa, hojjedhaa milkaa'aa jechuun eebbiftee muuddi. Sana booda abbaan warraafi ijoolleen hundi ibsaa tokko tokko qabatani gadi bahanii ibsaa isa abbaan warraa qabsiisee gadi baase sana irraa qabsiifatanii abbaa isaaniin dursamuun gara bakka gubaan gubatutti imalu. Erga achi gahanii booda hangafa gosaa ykn kan naannoo jechuun abbaan Abdaarii dhaabaa galgala dhaabbate bule sanatti, yoo inni dursee qabsiise malee namni kamiyyuu qabsiisu hindanda'u. Sababni isaas namni abbaa Abdaarii sana dursee qabsiise hawaasa sana keessatti ni balaaleffatama. Innis falfalaa jedhama. Falfalaa jechuun immoo mortuu jechuudha; Kanaaf akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti abdaarii ykn dhaabaa sanatti namni abbaa abdaarii dursee itti kaa'uu ykn qabsiisu hin jiru.

Abbaan Abdaariis yemmuu dhaabaa sanatti qabsiisu hamaafi mortuu waraanni jechuun lama lafatti waraanuun, nu mul'isi jechuun lama waaqatti qabuun dhaabaa sanatti kaa'a. Sana booda nammoonni hundi ibsaa mana isaaniitii fidatanii dhufan, jalqaba abbaan warraa itti aansuun ijoolleen waanuma walfakkatu gochuun dhaabaa sanatti kaa'u.

Yemmuu kana immoo dubartoonni hundi mana mana isaanitti okkotee dhaabani marqaa marqu. Marqaan kun immoo hiika guddaa qaba. Innis akkuma beekamu ganni rakkoodha waan hundi mana keessa dhumuu nidanda'a. Marqaan immoo jiidha, jiidhi Oromoo biratti hiika qaba. Sababa kanaaf haati warraa marqaa kana marqitee maatii hunda marqaa kana afaan kaa'uun ykn harka harkarra kaa'uun erga nyaatanii booda horii sana keessaa korma cirri kan ta'e marqaa sana afaan kaa'uun mo'i biyyaaf kan taa'u ta'i; korma nun dhorkiin, jechuun horii hundatti facaasuun eebbiffatti. Sana booda abbaan manaa ibsaa kormaa qofaatti qophaa'ee jiru sana qabsiisuun hudduu kormaa xuqsiisuun bookkisi, mul'adhu, moo'i jechuun eebbisuun horiin mooraa keessaa ibsichaan dhaabaa galgala foonaa horriirratti hidhame jala baasuun/hulluqsisuun yaasani gara margi gaariin jirutti geessu. Sababni isaas ayyaanni masqalaa nama qofaaf quufa osoo hintaane horiinis quufu qabu jedhamee amanama. Kanaaf ayyaanni masqalaa kan namaa qofaa osoo hin taane horii illee quufee gammadee

ooluu qaba. Kanaaf Oromoo naannoo kana jiraatu horii isaaf kan gaafa masqalaa dheechissu qofaatti kaa'ee gaafas dheedu.



Suura -6 Afgaaffii Galaa Leephisaa gaafa 13/07/ 2010ti gaggeeffamedha

4.3.2.2 Sirna Irrimmixoo/Bixxilee Masqalaa

Akka daawwannaa 17 / 01 /2010 gaggeeffame mul'isutti: Aanaa Abuunaa Gindabaratti namoonni mana qaban kamiyyuu erga ibsicha gubaanii gara manatti deebi'anii horii foonaa isaanii keessa baasanii margatti qabu. Sana booda manatti galanii bukoo xaafii diimaa yoo danda'an baay'ina maatii isaaniitiin, yoo dadhaban immoo hanguma dandeetti isaanii mana mana isaaniitii qabataniid fiduun namichi mataa qabduuti kennu. Innis isaan irraa fudhee ramaca bu'ee sana keessaa ka'ee jirma Anfaaraa dhaabaa sana keessaa fudhatee ittiin gagaragalchuun bilcheessa, erga bilchaatee booda meeshaarra lafa kaa'a. Sana booda irrimmixoon kunis caccabsamee erga daddarbatamee booda namoota bakka gubaa kana jiran hundaa walgeessisanii nyaachisu. Sababni isaas irrimmixoo masqala namni masqala gube nyaachuun hooda.

Akkasumas akka afgaaffii Turaa Adal 24/ 07/ 2010 gaggeeffame ibsutti: Irrimmixoon irraa nyaatamee hafe immoo xinnoo xinnoo kutatanii fudhatanii galu. Mana isaanitti galchaniid hidhatanii ol kaawwatu. Sababni isaas akka aadaa hawaasa naannoo Abuunaa Gindabarattitti irrimmixoonni kun daawwadha jedhanii waan amananiifidha. Fakkeenyaaf yoo namni tokko dhukkubsate, cittoon namatti yoo name'e irrimmixoo/ bixxilee kanatu namaaf laatama. Gama

biraan eebba jedhanii waan amananiif gootora midhaanii keessallee nikaawwatu. Kunis midhaan sun alaafi manaa nagaan akka ta'uuf jedhanii amanu.

Yaada olii kanarraa akkuma hubanutti, bixxileen masqalaa sirna kabaja ayyaana masqalaa keessaa hafuu gonkumaa hin danda'u. Maaliif yoo jenne sirna kabaja ayyaana kanaa keessatti bixxilee masqalaa kun iddoo olaanaa qaba. Yeroo tokko tokko akka naannoo kanatti namoonni masqala gubdee siin jechuu dhiisee bixxilee masqalaa nyaate isin jedha. Kana jechuun akka aadaa naannoo kanatti masqala gubdee jechuudha. Kanaaf fakkeenyaaf namni tokko osoo sirna sanarraa gara biraatti ergamuuf ykn deemuuf ka'eellee bixxilee masqalaa nyaatee jedhamee gaafatama. Yoo hinnyaanne jedhe ergaa sanatu hafa malee, osoo hin nyaatiin bakka sanaa deemu hinqabu. Namni sun deeme yoo ta'e waan hoodaa keessa tokko hir'iseera jedhama. Waan ta'eef hawaasni sun itti amanee hin ergu. Kanaaf sirna kana keessatti bixxilee masqalaa bakka olaanaa akka qabu hubanna.



Suura-7 Daawwannaa gaafa guyyaa 17/01/2010 gaggeeffame Irrimmixoo daaraa keessaa bahedha.

4.3.2.3 Sirna Qalmaa Ayyaana Masqalaa

Akka aadaa hawaasa aanaa kanatti qalmi yeroo adda addaa nigaggeeffama. Innis yeroo sirna kabaja ayyaanaa, sirna gaa'ila ykn cidhaarratti, sirna awwaalchaa, sirna araaraafi kkf ni qalama. Akka marii garee gaafa guyyaa 22/ 06/ 2010 gaggeeffame agarsiisutti: Oromoon naannoo kana jiraatu sirna kabaja ayyaana adda addarratti saawwan isaa qalee kabajata. Haa

ta'u malee, horii sirna adda addaarratti qalaman kunniin garagarumma qabu. Kunis akka aadaa hawaasa kanaatti bifti horii qalamullee haalafi yeroo ayyaanichi kabajamu waliin walqabatee gargar ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf horiin bifti isaa diimmaa, daalacha ykn adii, gurraacha yoo ta'e yeroo itti qalamu qaba. Haaluma kanaan horiin gaafa guyyaa ayyaana masqalaa qalaman kan garaa hin saaqanneefi bifa gurraachaa ta'uu hindanda'an. Kana jechuu goromsi ayyaana masqalaa irratti hinqalamtu jechuudha. Sababni isaas goromsi garaa hinsaaqqanne ayyaana masqalaa ifaan fuuldura keenya jira jechuuf gubatu irratti hin qalamtu. Akkasumas horiin bifa gurraachaa Arfaasaa qalama malee birraatti hin qalamu. Horii gurraacha qaluun fuuldurri keenya dukkana jechuuf waan ta'eef, kunis masqalarratti hinqalamu.

Akkasumas akka daawwannaa qoratichi gaafa guyyaa 17/ 01/ 2010 gaggeesse mul'isutti: Aanaa Abuunaa Gindabaratitti sirna kabaja ayyaana masqalarratti qalmi raawwatu erga irrimixoon bilchaatee booda horii qalmaaf qopheeffatan fidanii qalu. Horiin ayyaana masqalaa irratti qalamu kun kan hir'ina qaamaa qabu yoo ta'e, hin qalamu. Fakkeenyaaf horiin sun gaanfi isaa cabaa yoo ta'e, suphee akka gaanfaatti tolchanii itti qabanii hamma qaluuf kuffisanitti dhaabbatu. Namni horii sana qalu abbaa abdarii yoo ta'u, namni mataa horii qalamu sanaa qabu garuu mataa qabduu kan jedhamtu, dursanii itti yaadanii qopheeffatu. Sababni isaas mata qabduu waan jedhamuuf itti yaaduun barbaachisaadha. Kun immoo dhugeeffannoo bal'aa hawaasa kana keessatti qaba. Namni mataa horii qalamee kanaa qabu, nama hawaasa sana keessaatti qulqulluufi amanamaa kan ta'e maaliif isa jedhuuf Abdaariin waan qulqulluu jaalata waan ta'eef, namni kun yeroo foon naanneessa(zur zuurii) jajji'amee waaddamu isatu waada. Foon waadame kana ykn foon naanneessaa jedhamu kana namni biyya sana deemu hinnyaatu. Namni hate ykn yakka biraa hojjete hin nyaatu, sababni isaa nu gadhiisu jedhanii waan amananiif. Gama biraan dhiigni horii qalame sanaas bidiruu qophaa'e keessaatti naqamee dhibaayyuu waliin dhibaaffama. Kunis waan qalatan kanarraas abdaariif kennuu isanii akka ta'e agarsiisa.

Akkuma odeeffannoo maddeen olii irraa hubatamutti, qalmi sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti raawwatu horiidhuma barbaadame osoo hin taane kan aadaan hawaasa sanaa eeyyamu qofaadha. Innis horii rakkoo hin qabne, kan qaamni isaa hir'uu hintaanefi bifti isaallee gurraacha yoo ta'e masqala irratti qalamuu akka hin dandeenye hubanna.

4.3.2.4 Sirna Dhibaayyuu Abdarii Masqalaa

Oromoon yeroo durii irraa kaasee hanga har'atti duudhaawwan gama adda addaatiin argaman kabajaafi ayyaaneffachaa tureera. Adeemsa kana keessatti sirni dhibaafannaa kan raawwatamudha. Kanas hawaasni yeroo abdarii isaafi ayyaanaaf kennatu sirni dhibaayyuu kana ni raawwata. Haa ta'u malee haalli sirna kabaja ayyaana masqalaa kana keessatti dhibaaffannaan kun akkaataa itti raawwatu qaba. Akka daawwannaa 17/ 01 /2010 gaggeeffame mul'isutti: dhibayyuun guyyaa masqalaa raawwatu kun kan waggaatti altokko raawwatu innis gaafa guyyaa masqalaa akkuma irrimmixoon bilchaateen, dhibaayyuu (farsoo, buqqurii) mana manaa hammuma danda'an fidanii, foon horii qalamee keessaa foon diimaa jajji'anii waaddanii, irrimmixoo sana caccabsanii, farsoo ykn booka waancaa lama guutuu kan ta'e harka lamaan qabatani, tuufoo daaraatti naanna'ee lafa namme'e sanatti dhibaafatu. Yemmuu dhibaafatanis lama ofiirraa achi ykn gara alaatti, lama immoo gara ofiitti naquu dhibaafatu. Kunis dhugeeffannoo bal'aa hawaasa kana biratti qaba. Dhibaayyuun waan maggoon ykn hir'uun hindhibaafamu. Sababni isaas waan uumaaf kennamu hir'uun hinkennamu waan ta'eef, akkasumas dhibaayyuun galata waaqaa dhiyeessuu waan ta'eef galanni hir'uu hinqabu. Kanaaf dhibaayyuun meeshaan tokkoofi meeshaa sana keessati immoo mijuun hir'uu ta'e hindhiyaatu. Akka marii garee gaafa guyyaa 20/07 /2010fi Turaa Adal 24/07/ 2010 jedhanitti: dhibaayyuu kun haala ittiin dhibaafamu kan qabu ta'uu; Yeroo dhibaayyuu kana dhibaaffatan akkas jechuun dhibaafatu:

Toli toli ayyaana waggaa nuuf toli,
Abdaarii biyyaaf nuuf toli,
Hamaaf hammaataa nurraa qabi,
Waggaa waggaan nu ga'i
Irraa goraa nu oolchi,
Dogoggora nu oolchi,
Biyya keenya nagaa nuu godhi.

Kana jechuun isaanii ergaa mataasaa qaba. Innis Toli toli ayyaana waggaa nuuf toli yeroo jedhamu, ayyaanni waggaa waggaadhaan si kabajaa jiru nutti hin badiin jechuudha. Akkasumas Abdaarii biyyaaf toli, gaafa jedhan immoo abdaariifi owwayiin siif gubaa jiru kun nutti hin badiin faara nuuf toli, biyya keenya nuuf eegi jechuu barbaadaniiti. Hamaa hammaataa nurraa qabi yeroo jedha immoo rakkoon nun argiin jechuu barbaadaniiti. Irraa goraa nu oolchi yeroo jedhan immoo kan daandii gadhiisee nutti deemu nu baraar ykn oolchii nu jiraachisi jechuu barbaadan.

Akkuma yaada olii irraa hubatamutti, hawaasni Oromoo dhibaayyuu yoomessa garagaraa keessatti raawwata. Innis sirnafi jila adda addaa irratti niraawwata. Akkasumas hawaasumma

isaanii cimsuu keessatti gahee olaanaa akka qabu gochaa isaan raawwataniirra hubanna. Fakkeenyaaf dhibaayyuu irraa dhibaafatan sana wal jala jijjiiruun waldhamdhamsiisun tokkummaafi jaalala waliif qaban agarsiisuuf, nutti tokko jechuuf kan raawwatanidha. Dhibaayyuu waan muudaa qabu hin dhibaafamu. Sababni isaa waan hir'ina qabu uumaaf hin kennan waan ta'eef, akkasumas galanni guutuu waan ta'eefidha.

Erga sirni dhibaayyuun raawwatee booda ammoo wantoota abdariirratti geffaman nyaataafi dhugaatii namoonni hundi nyaatanii, dhuganii, erga quufamee sirba eegalu, sirbichaas akkas jechuun sirbu:

Hiyyoolee daraar yaa habaabookoo,(x2)
Masqalli masqalaa daraar, yaa habaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa habaabookoo,
Masqala fakkaatee daraar, yaa habaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa habaabookoo,
Akka waaqa addaatee daraar, yaa habaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa habaabookoo,
Fuula nu ibsitee daraar, yaa habaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa habaabookoo,

Jechuudhaan gammachuu qaban haala kanaan ibsatu. Kunis akkuma yeroo samiin kun duumnessa ofirraa hinqabnee addaatee bareedee miidhagee mul'atu, masqalli yeroo gahu ifaa mul'achuun akka birraan bar'e kan agarsiisu ta'uu sanatti fakkeessuun sirbu. Namoonni ifaa kana arguu isaaniif kan gammadan ta'uu sirba kanaan ibsaniiru. Itti fufuun sirba adda addaa sirbaa masqalaan walqabatan kanneen akka Iyyeesee, yaa bookee fi kkf itti fufinsaan sirbu.



Suura-8 daawannaa dhibaayyuu gaafa guyyaa 17/01/ 2010 fi Afgaaffii Turaa Adal
24/07/2010ti gaggeeffamedha.

4.3.2.5 Sirna Hadaa Alanfatanii Tuttufuu

Akkuma daawannaa 17/ 01/ 2010, gaggeeffame mul'isutti : Tufoo ykn Hadaan hudduun buqqisaanii erga daaraa masqalaa keessa kaa'anii booda hidda isaa alanfatanii ofiifi namoota birootti tuttufuun homtuu nu danda'iin jedhu. Kun ammoo dhugeeffannoo garagaraa qaba. Akka Afgaaffii Dammilee Xaafaa 01/ 07/ 2010fi Galaa Leephisaa 13/07/2010 jedhanitti, Aanaa kanaatti hadaa alanfatanii tuttufuun isaanii kan inni mul'isu, ganna bofti, buutiinfi jawween ijji isaanii nijaamaa. Birraan yoo bir'u garuu ilbiisonni kun ijji isaanii nibanamaf yemmuu kana immoo jarri kun namoota miidhuu danda'u waan jedhamee tilmaamamuuf yoo hadaa kana alanfatanii walitti tuttufan, danda'anii nama hidduu waan hindadeenyeeff kana raawwachuun dirqama. Kanaaf namoota sababa adda addaatiin bakka gubaa dhaquu hin dandeenye yoo jiraate manatti geessanii akka alanfatee/ttee ofitti tuttufu taasisu. Dabalataan darbanii darbanii namoonni horiifi midhaan isaaniitiis barbaachisaadha jedhanii amanan naannoo tokko tokkoti midhaaniifi horii isaanitti illee hadaa kana alanfatanii itti tuttufu.

Akkuma odeeffannoo olii irraa hubatamutti, sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti hadaa alanfatanii tuttufuun wantoota garagaraa akka isaan irraa dhorkuutti waan fudhatumuuf gochaa kana raawwachuu qabna jedhanii amanu.

4.3.2.6 Sirna Daaraa Adda Xuqqisiifachuu

Hawaasni Aanaa Abuunaa Gindabarat gochaawwan hedduu guyyaa ayyaana masqalaa raawwatu keessaa inni tokko sirna daaraa adda tuqqisiifachuuti. Sirnichi erga waan hundi raawwatamee gargar bahuuf jedhanii kan raawwatanidha. Innis gocha warri dhiiraa bakka abdaarii sanaa gargar ittiin bahaniidha. Akka marii garee gaafa 27/ 07/ 2010 gaggeeffamee odeeffannoon argame ibsutti: guyyaa ayyaana masqalaa kana akka Aanaa kanatti namoonni erga waan hunda raawwatani booda gara galgalaa mukkeen bakka gubaa sana irratti hafe gumcuu tokkollee osoo hin hafiin ibiddatti naqanii gubu. Harca'aan mukaa kamiyyuu hafee dubartoonni argachuu hin qaban jedhanii amanu; Yoo hafee achitti argame olaantummaa dubartootaatti akka kennanitti hubatama waan ta'eef, kanaaf mukkeen achitti argaman hunda erga itti naqanii gubanii booda, hudduu gumcuu ejersaa irraa abbaan abdarii daaraa isaa quba isaa ishii xiqqoon adda adda isaanii xuqqisiisuun addaafi addunyaa isinii haa kennu jechuun eebbisa. Warri dubartootaa immoo lubbuu/kokkee isaanii xuqsiisuun umurii isin haa dheereessu, hidda keessan haa baa'isu jechuun haadhi warraa abbaa abdaariittiin xuqqisiifatu. Sana booda waaqa nagaan waggaa waggaa nu geese ulfaadhu jedhanii waaqa isaaniif galata galchanii wal eebbisanii gargar bahu. Ebbichis haala kannaan raawwate:

Waaqi nagaan nu oolchite,
Nagaan nu bulchi,
Hamaa hammataa nurraa qabi,
Mortuu balleessi,
Gommattuu balleessi,
Bara nagaan nuuf godhi,
Bara quufaa nuuf godhi,
Waggaa waggaa nu gahi.
Arfaasaa duummessi,
Birraa booqaan nuuf toli,
Roobdee nuuf biqilchite,
Caamsi nuu sassaabi,
Isa roobdee nuuf biqilche,
Ija isaa nu agarsiisi.
Booqaa birraa nu addaadhu,
Dhibee fi rakkina nu baraari,
Aannaniifi garaa nu taasis,
Mucaaf okoolee nutaasis,
Ijoolleef toli,
Maanguddoof toli.

Ergaa eebba sirna gubaa olii kun akka waliigalaatti, jiruufi jireenya keenya nuuf tarfaassi; nuu eebbisi; alaa manaan nuuf toli; akkasumas qabiyyee waaqni arfaasaafi birraa uumte nuu toli, margaa keenya nagaati gumbiitti nuuf galchi; midhaan nuuf biqilchite rooba hamaafi

qorra hamaa jalaa nuuf baraar; dhalchaa dhalataan, xinnaafi guddaan, sa'aaf namaan nutiksi, rakkataafi rakkina nu keessaa balleessi; waliif nu galchi walitti nu jaaladhu kan jedhu agarsiisa.

Akkuma odeeffannoo kana irraa hubanuutti, daaraa kana namni gubaa kana gube kamiyyuu adda isaa nixuqqisiifata kun immoo milkaa'uu ykn adda nu jabeessi isa jedhuufi waggaa irraa gara waggaa ce'uun umurii kanaan dura qabnu irratti tokko dabalachuu keenya illee niagarsiisa jedhanii amanu. Sababni isaas Oromoon yeroo baay'ee umurii isaa yeroo himatu masqala hamma kana gubeen jira jechuun himata waan ta'eef.



Suura-9 marii garee gaafa guyyaa 27/07/2010 ti gaggeeffamedha.

4.3.2.7 Sirna Ingiiccaa Gubuu

Akkuma beekamu Oromoon dubartiif kabaja guddaa qaba. Kanas jechoota adda addaatti fayyadamuun ibsa. Innis kanneen akka dubartiin utubaa manaatti jechuun ibsa. Kana jechuun isaa immoo akkuma manni utubaa malee hin dhaabanne, jireenyi maatii tokkoos dubartii malee hiika hinqabu jechuudha. Kana ta'uu isaaniis dubartoonni karaa adda addaa nimul'isaa jiru. Fakkeenya yemmuu dubarri tokko Aseennaa dhaqxullee utubaa mana sanaa qabatee dhaabbatti; kana gochuun ishii immoo utubaa mana kanaa ta'a jechuu ishiiti. Utubaa manaa ta'uun immoo ba'aa mana sanaa hundumaa baadhee ykn danda'een jiraadha jechuudha. Kunis dubartiin gammachuufi dhiphina manni tokko qabu hundaa keessatti qooda olaanaa

qabdi. Akkasumas dubartoonni sirnoota kabaja ayyaana adda addaa keessattis qoodni isaanii xiqqaa miti. Kanaaf dubartoonni naannoo qorannichi itti gaggeeffame kunis sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti qooda fudhataniiru. Qoonni isaan fudhatan kunis jala-bultii ayyaana irraa kaasee hanga sirna kabajannaa ayyaana boodaatti ni hirmaatu. Eegaa sirni Ingiccaa gubus sirna guyyaa masqalaa raawwatu keessaa isa tokko yoo ta'u, raawwii kun gocha dhumaa guyyaa ayyaana gubaati. Innis gocha dubartoota qofaan raawwatamudha. Akka daawwannaa 17/ 01/ 2010 gaggeeffamee mul'isutti: Aanaa Abuunaa Gindabarati guyyaa ayyaanefannaa kanaa akkuma warri dhiiraa bakka gubaa sanaa gara sirbaafi farda gugsuutti ykn gombisa taphachuu deemaniin, warreen dubartootaa immoo bakka gubaa sanati walga'uun buna daffisuun, dhibaayyuu erga dhibaafatanii, nyaatanii dhugaan booda sirna gubaa ingiccaatu raawwata. Kunis dubartoonni hunduu mana mana isaaniitii ingiccaa ji'a Adolessaa keessa utubaa manaatti hidhamee jiru fidanii, haftee mukkeen ganama yeroo warri dhiiraa gubaa guban yoo jiraatefi lafee ganama foon irraa nyaatame waliin walitti qabani ingiccaa kana gubu. Kunis dhugeeffannoo bal'aa qaba. Akka, marii garee 16/ 06/ 2010 fi Afgaaffii Gunjii Fayisaa 15/ 06/ 2010 gaggeeffamee odeeffannoon argame ibsutti: aarri kun warra dhiiraa tuquu hinqabu. Sababni isaas yoo aarri warra dhiiraa xuqe, qaamni saalaa dhiiraa dadhabsiisa jedhameetti amanama. Kanaaf warri dhiira achiin hin qaxxaamuran. Aarri kun qal'atee samiitti ba'uufi jajallachuu isaas hawaasa Aanaa kanaa biratti hiika qaba. Yoo aarri kun sorooree samiitti qajeelee bahe, jireenya akka isaanii toleetti fudhatu waan ta'eef ni gammadu. Faallaa kanaan yoo aarri sun jajallatee aara yoo ta'e, akka rakkoon fuuldura isaanii jiruutti fudhatu. Kana malees ingiccaa utubaa manatti hidhamee ture kana gubuun ilbisoota adda addaa kanneen akka sharariitii, bofa, lootufi gadadoo manaa baasanii gubuu/ balleessuu bakka bu'a.

Gama biraatiin akka Aanaa kanatti yoo masqalli guyyaa Dafinoo oole, dubartoonni kun marqaa, marqanii daddarbatanii waaqa kadhatu. Sababni isaas yoo masqalli guyyaa Dafinoo oole ayyanni kun guyyaa Ekeeraa oole waan ta'eef, lubbuu dubartootaaf hir'uudha jedhameeti amanama. Kanaaf marqaa marqanii uumaa isaanii kadhatanii nurra dabarsi jedhu. Maaliif marqaa marqu yoo jedhame immoo Marqaan jiidhaadha jiidhi immoo Oromoof hiika qaba. Kunis Uumaan garaa nu laafa jedhanii fudhatu.



Suura -10 Daawwannaa gaafa guyyaa 17/01/ 2010 ti gaggeeffamedha.

4.3.3 Sirna kabaja Ayyaana Masqala Booda

Sirni kabaja ayyaana kamiyyuu gulantaa keessa darbee kabajamu qaba. Innis sirna kabaja duraa, sirna guyyaa kabaja ayyaanaafi sirna kabaja boodatu jira. Sirni kabaja ayyaanaa boodaa kan jedhaman immoo waan erga masqalli darbee hawaasni raawwatu hunda ilaallata. Haaluma kanan hawaasa Aanaa kanaa biratti erga sirni ayyaanefannaa ayyaana masqalaa darbee booda sirnoonni adda addaatu raawwata, innis kanneen akka sirna shananii masqalaa, sirna irreeffannaafi walfagannaa firaafi kkf dha. Akka Afgaafiin Diroo Dastaa 19/ 07/ 2010 gaggeeffamee odeeffannoon argame ibsutti: Aanaa Abuunaa Gindabaratitti ayyaana kana booda sirna shananii masqalaatu raawwata; innis erga masqalli darbee guyyaa sadi bulee booda miseensi masqala bakka tokkotti gubaniin kan raawwatudha. Akkasumas firri ganna lagdi guutee gargar isaan baase waan walarganiifi бага ganna gurraacha baatan jechuun walgaafatu. Kana malees kan walkaadhimmatee jiran, warri dhiiraa warra dubaraan бага booqaa birratti baatan jechuun dhaqanii gaafatu. Sana booda guyyaa cidhaa itti walbeellamu. Yeroo kanas masqalli faara toleessa kanaaf bara kana cidhaa godhachuu ni dandeenya jedhanii warri dhiiraa gaafatu. Warri dubaraas gaaffii isaanii kanaaf deebii nikennu. Intalli kanan dura heerumtee jirtu illee maatii ishii bira abbaa manaa ishii waliin dhaquun бага booqaa birratti baatan jetti.

Yaada kana irraa akkuma hubannu, masqalli namoota gargar bahanii turan kan wal agarsiisu, hawaasa gidduutti hariiroo cimaan akka uumamu kan godhu, haala rakkisaa keessaa gara abdi horannaatti nama geessuufi kan namni umurii isaallee ittiin lakkawwatu ta'uu isaa nu hubachiisa.

4.3.3.1 Sirna Shananii Masqalaa

Hawwaasni naannoo qorannaan kun itti gaggeeffamee jiraatu erga masqallii darbee booda waan hedduu raawwatu keessaa inni tokko sirna shananii masqalaa kabajudha. Innis erga masqalli darbee namoonni hunduu dabareen walwaamee nyaatee dhugee gammada. Sana booda sirna shananii masqalaatu raawwata. Innis akka marii garee 20/07/ 2010 fi Afgaaffii Diroo Dastaa 19/07/ 2010 irraa odeeffannoon argame ibsutti: Aanaa Abuunaa Gindabaratitti horii abdarii irratti qalame, Mataan horii qalamee, Arrabni horii qalameefi Gochumni horii qalamee gaafa masqalaa sana hinnyaatamu. Kanaaf jarri kun mana abbaa abdaritti galee, erga masqalli darbee sadi bulee booda namoonni miseensa abdarii sanaa ta'an gara ooyiruu abbaa abdarii sanaa dhaqanii qaboo Aramaa qabaniifii fuula erga baasanii, gara mana isaatti deebi'anii mataa horii qalamee, arrabaafi gochuma waliin osoo mimmix itti hin godhamiin hojjetamee namoota sana hundaaf laatama. Sababni isaas waan nama gubuun hojjetamuu hinqabu; waan qabanaa qofaan hojjetama malee; Erga nyaatanii booda abbaan abdaarii ka'ee erga eebbisee booda sirba eegaluu. Sirbi iyyoolee isaan guyyaa kana sirbaniis qabiyyeen isaa masqalli darbuu kan agarsiisudha. Sirbichis akkaataa itti aanu kanaan sirbama.

Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo, (x2)
Daraaraa mishingaa, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,
Ijoolleen marsitee, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,
Masqalli miila tokkoo, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,
Osoo hindhufiin sokkee, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,
Ta'aan wayyaa gubee, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,
Gubii natti dhaame, daraar yaa haabaabookoo,
Hiyyoolee daraar yaa haabaabookoo,

Jechuudhaan masqalli geenyaan kanneen akka Asheeta mishingaa akka gahuufi masqalli miila tokko yeroo jedhu garuu masqalli waggaatti altokko malee argamuu akka hin dandeenye akkasumas yeroo Osoo hindhufii sokkee jedhan immoo osoo kabaja ayyaana kanaa hinquufiin sokkuu ykn haala kana darbuu isaa ittin ibsatu. Eega haala kanaan Aanaa

Abuunaa Gindabarattitti shananii masqalaa baasuun sirna kabaja ayyaana kanaa gulantaa kana keessatti raawwatu. Walumaagalatti Sirni kabaja ayyaana masqalaas kanumarratti goolobama.

4.4 Faayidaa Sirna Kabaja Ayyaana Masqalaa

Sirnooni hawaasa keessatti kabajaman kamiyyuu karaa adda addaan hawaasa sana faayyaduun isaa hafu. Innis gama hawaasa diinagdeen, gama aadaa, gama duudhaa, gama siyaasaanfi amantiin hawaasicha nifayyada. Akka odeeffannoon maddeen irraa argame agarsiisutti, sirni kabaja ayyaana masqalaa hawaasa naannoo Abuunaa Gindabarati keessatti faayidaalee hedduu qaba. Innis tokkummaa hawaasa kanaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akka Afgaaffii Gunjii Faayisaa 15/06/2010 jedhetti namoonni olla jiraatanii yoo waldhaban ykn walitti bu'an, osoo masqalli hinga'iin araaramuun dirqama. Kunis abbaan abdaarii yeroo masqalli dhiyaatu, naannoo kanaa "eenyutu wallolle" jedhee iyyaaffachuun namoota naannoo sana keessatti fudhatama qaban fudhatee, mana mana isaanii deemuun, walitti isaan fideeti araarsa.

Sana ta'uu bannaan garuu, namoonni sun gubaa sana waliin gubuu hin danda'an. Sababni isaas akka aadaa naannoo kanatti namni osoo walhindubbisiin dhaabaa waliin dongorachuu hindanda'an waan ta'eef. Kanaaf yoo araaramuu baatanillee bakka adda addaatti ykn abdaarii adda addaatti gubu malee osoo wal oodanii waliin hinguban.

Kuni immoo faayidaa sirni kabaja ayyaana masqalaa kun gama hawaasummaan qabu agarsiisa. Kana malees sirni aadaafi duudhaa hawaasaa dhaloota kaleessa keessa ture, dhaloota ammaa biraan geessisuu irratti gahee olaanaa qaba. Kunis fakkeenyaaf yemmuu abbootiin dhibaafatan ijoolleen waan maatiin isaanii godhan daawwachuun, maaliif akka raawwatan gaafachuun maatii isaaniirra dhaalu. Kun immoo sirni kabaja ayyaana kun jaarraa dheeraa kan dhaloota irraa dhalootatti ce'uu agarsiisa. Kana irraa waanti nutti hubannu, sirni kabaja ayyaana masqalaa hawaasa keessatti walitti dhufeenyi cimaan akka uumamu taasisa. Hawaasni kuni sirna kana keessatti jala bultii sirnichaa irraa kaasee hanga shananii masqalaati wanti waliin raawwatu hedduu jira. Innis sirna dhaabaa dhaabbachuu, dhibaayyuu dhibaaffachuu, daddarbaa daddarbachuun kun hundi kan waliin gamtaan hojjetanidha. Kun immoo hawaasummaa cimsa.

4.5 Fakkoommiwwan

Mata duree kana jalattii fakkoommiwwan garagaraa sirna kajaba ayyaana masqalaa kana keessatti raawwatan kan hiikni itti kennamedha. Innis fakkoommii jalqabaa kaasee hanga

dhumaatti sirna kabajaa kana keessatti mul'atantu hiikama. Haaluma kanaan fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa kana gulantaa sadan keessatti argaman adda adda bahanii hiikamaniiru. Fakkeenyaafi ibsi tokko tokkoon isaanii jalatti maddi irraa argaman waliin taa'annii jiru.

4.5.1. Fakkoommiiwwan Guyyaa Gubaa Dura Mul'atan

Gulantaan kana jalatti fakkoommiiwwan osoo masqalli hinga'inni raawwataman kan ilaalamanidha. Innis gochaawwan sirna kana dursee raawwataman keessatti mul'atanidha.

4.5.1.1. Iyyooleen Ija Qabachuu

Akka sirna kabaja ayyaana masqalaa Aanaa kanatti iyyooleen nisirbama. Iyyoolee kunis gabbisoo jedhamee beekama. Gabbisoon masqalli yemmuu torbee lamatti galu eegala. Kun immoo masqalli gahee jechuuf dargaggeessifi ga'eessi gammachuu isaanii ittiin ibsatu. Sirba kanas naannoo keessa oliifi gad deemaan ykn naanna'anii sirbu. Yemmuu kana immoo namni iyyooleen ykn namoonni sirbaa mana isaanii dhaqan maallaqas ta'u, nyaataafi dhugaatii nikennamaaf. Haa ta'u malee namni iyyooleen mana isaa dhaqee qarshiis ta'e nyaata dhorkate iyyoolee ykn dargaggeessi kun osuma sirbaa jiranii, namichi sirba sana baasu ykn gageessuu yaa ija koo jedhee harka tokkoon ija isaa qabata. Yemmuu kana jalaa-qabduu hunduu ija isaanii isa tokko tokko qabatanii yaa ijakoo jedhu. Kan jechuun boo'ichi ykn gaddi mana kanatti haagaluu jechuu isaaniitiin fakkeeffama. Kanaaf iyyoolee ija qabachuun fakkoommii boo'ichi ykn gaddi isinitti haagaluti. (Maddi Gunjii fayisaa 15/ 06/ 2010 fi marii garee 16/ 06/ 2010).

4.5.1.2. Iyyooleen Qoreen Balbala Cufuu

Hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarati biratti Iyyoolee kabaja qaba waan ta'eef, yemmuu mana namaa dhaqan jalaa banun hindidamu. Haa ta'u malee namoonni tokko tokko sababa adda addaan Iyyoolee kan jalaa balbala banuu didu. Yemmuu kana immoo Iyyooleen kun waan godhu qaba. Innis kanneen akka mooyyee ykn dhagaraa garba gatu; qoreen balbala cufuu raawwatu. Kun immoo hiikkaa mataa isaa danda'e qaba. Mooyyee Garba gatuun akka haati manaa osoo narra jirtuu meeshaalee kee sirraa laga gatu na rakkisuu jettee akka waan abbaan manaa ishee sodataa ta'eetti fudhatutti taasisu. Kana gochuun isaanii waan baay'ee isa tuffachiisuuf kana jalaa bahuuf dirqama bana. Garuu yoo banuu baatee mooyyeen isaa laga gatame namni kun tuffatamaan fakkeeffama. Dabalataanis yoo osuma mana jiraachuu isaa beekanii jalaa banuu dide immoo Iyyooleen kun balbala isaa qoreen cufu. Kun ammoo abbarsa guddaadha. Akka odeeffattooni Taaddasaa Addunyaa 23/ 06/ 2010 fi marii garee

27/ 07/ 2010 gaggeeffame ibsutti, hawaasa Aanaa kana keessatti manni eebeluu qoreen cufame jechuun sanyiin isaanii dhume jechuudha. Kanaaf qoreen balbala cufuun fakkoommii sanyiin kee haa dhumu jechuuti.

4.5.1.3. Iyyooleen Miilaan Lafa Dhidhiituu

Akka aadaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti iyyoolee yoo mana nama tokko dhufe waanuma qaban kennuuf malee hin dhowwatan. Ta'us iyyoolee sunis yemmuu abbaan ykn haati manaa waan qabdu kennitus callisanii biraa hindeeman nifaarsu, qeehee sana niebbisu. Yemmuu faarsan kana immoo, “giiftiifi gooftan mana kanaa hammamii gahu?” “kunoo hammana gahu” jechuun faarsu. Kun immoo nama guddoofi kabajamoo jechuu barbaadaniiti. Akkasumas kennuun isaanii tokko dirqama aadaatu irra jira; lamaffaa immoo akka hawaasummaa keessaa hin baaneef warri kennaan ni jiru. Kara biraan immoo fedhii godhatanituma itti gammadanii eebba fudhachuuf warri kennan ni jira. Jarris yeroo qarshii argatan callisanii hindeeman Goomattuufi mortuun warra kanaa niabaaru. Yemmuu abaaran kanas akkas jechuun “mortuufi goomattuun jara kanaa eessuma teessi?” “kunoo asjala teessi” jechuun miila lafa dhiitu. Ittuma fufanii boolla gadfageessi dhiiti itti jabeessi jechuun miila lafa irra deddebi'anii dhidhiitu. Miilan lafa dhidhiituun kun immoo fakkoommii goomattuu awwaaluu ykn lafa keessa gadballeessuti. (Maddi Taaddasaa Addunyaa 23/06/2010fi Diroo Dastaa 19/07/2010)

4.5.1.4. Mukkeen Dhaabaa Dhaabbatan

Akka aadaa Oromootti mukkeen garagaraaf dhugeeffannoo adda addaatu kennamaaf. Oromoo naannoo qorannichi itti gaggeeffame akka odeeffannoon maddeen irraa argame agarsiisutti, mukkeen kanneen akka Laaftoo, Ejersafi Anfaaraa hiikkaan kennamu guddaadha. Innis Laaftoon muka saba Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaatu qabudha. Muka kana jalatti sabni kun yoo dhala dhabe jalatti guddifatu, yoo wal dhabe jalatti araaramu, yoo hongeen itti hammatu horiifi namni caaha isaa jalatti boqotu. Mukti kun saba Oromoo biratti dhadacha jedhameeti beekkama. Muka kanaafi hawaasa Oromoo walitti hidhata guddaa qabu. Oromoon yoo boroo dongoratu haati warraa muka kana dhibaayyuu waliin qabatee dhaabbateetti. Muka kana dhaabani jalatti dhibaafatu. Hawaasni kun yemmuu ayyaana masqalaa kabajatus Dhaabaa/Daamaraa Laaftoo dongorata. Akkasumas yemmuu Ekeraadhaaf kennamus laaftoo dhaabani guftee buqqa'ee dhufe irratti dhibaafatu. Mukti kun muka gara laafessafi waan hundi isaa gaarii ta'e jedhamee hawaasa kana biratti amanama. Waan kana ta'eef mukti Laaftoo gaarummaan fakkeeffama. Kanaaf mukti Laaftoo fakkoommii gaarummaa ta'uu agarsiisa. Dhugaa kana afoolaa yeroo sirban:

Hoo dannaboo,
Laaftoo ta'ii yaadannaboo,
Bonaan latii dannaboo,
Haroo ta'ii yaadannaboo,
Calalaqqii yaadannaboo,

Sirba kana keessatti laaftoon ta'ii bonaa latii yeroo jedhan akkuma laaftoon yeroo caamsaa lalisuun gaaddisa ta'uu, rakkoon si argatiin jechuu barbaadameti; kanas laaftoon bona lalisuu isaa sirba kanarraa hubanna

Ejersi immoo akkuma Laaftoo muka saba Oromoo biratti hiikkaa guddaa qabudha. Mukti kun muka umuriifi jabina cimaa qabudha. Akka odeeffannoon maddeen irraa argame agarsiisutti mukti kun muka Bokkuun irraa hojjetamudha. Bokkuun Ulee mallattoo nagaati; Bokkuun mallattoo angooti; Kanaaf Abbootiin Gadaa Oromoo Bokkuu qabataniikan murtii dabarsaniifi seera lallaban; Gabaabumatti Bokkuun Ulee waaqaati. Kanaaf Oromoon yemmuu hirribaa ka'u waaqa Bokkuu Sibiilaa, isa darbamee hincabne isa aggatee hindhabne, nagaan na oolchi jedha. Egaa Bokkuun kun Ejersa irraa hojjetamuun immoo mukkeen jiran keessaa filatamaa akka ta'u taasiseera. Muka waaqti eebbise foolii tolchee uume jedhamee amanamudha. Mukti kana dhaabaa dhaabbachuun isaanii nujabeessi ykn umurii dheeraa nagaan qabu nuuf kenni kan jedhuun fakkeeffama. Kanaaf mukti Ejersa kun fakkoommii jabinafi umurii dheerachuu namaati.

Anfaarri akka odeeffannoon maddeen irraa argame ibsutti mukti kun akkuma muka Laaftoo bona lalisa. Mukkeen jiran keessaa muka Ayyaantuudha jedhamudha. Muka qoree hinqabneefi yoo cabsanii/muranii dhaaban hingogu; achumatti damee baafatee qabata. Oromoon loon ykn horii isaatiif akka soorata isaaniitti itti gargaarama. Muka Galma ayyantutti dhibaayyuu yeroo raawwatu Ulumaa waliin cabsamaanii taa'anidha. Yemmuu waaqa kadhatanillee Anfaara qabatani faara nuu toli jedhu. Mukti kun muka qulqullina qabu waan ta'eef sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti hassin daddarbaaf bichaatullee irratti waadama. Akkasumas qodaan ittiin waan dhugan naqatallee ykn qopheeffatan kan ittiin dhiqamudha. Dabalataan yemmuu galma ayyaanaa keessatti uumaaf kennaan kennamu waanti kennamullee muka kanarraatti bilchaata.

Kun immoo muka filatamaa ta'uu agarsiisa. Kanaaf mukti kun saba kana biratti qulqullummaan ykn ayyaana qabeessatti fakkeeffamudha.

Gama biraan Oromoon yemmuu dhaabaa dhaaban sanyii sadaniin nu dhaabi; Sanyii sadaniin nu dhaabi jechuun irra deddebi'anii jedhanii dhaabaa kana dongoratu. Kun immoo mukkeen

kana sanyii sadaniin akka fakkeeffaman taasisa. Sanyiin sadan kunneen immoo sanyii namaa, sanyii midhaanfi sanyii horiin bakka bu’u jechuudha. Haaluma kanaan Laaftoo sanyii horiitti fakkeessu. Ejersa immoo sanyii namaatti fakkeeffama. Akkasumas Anfarri immoo sanyii midhaaniitti fakkeeffama. (Maddi Tarrafaa Bayyan 23/06/2010fi Turaa Adal 24/07/2010)

4.5.1.5. Dhaabaa Qunceen Walitti Hidhuu

Akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti dhaabaan gaafa masqalli boruu dhaabbatu kun erga namni hundi kan mataa mataa isaa dhaabee booda, qunqee Laaftootiin walitti hidhamuu qaba. Kunis mukkeen kun waljabeessanii akka dhaabbataniif yaadametti, kana ta’uu bannaan qilleensi gidduu isaanii galee jijjigsuu danda’a. Haa ta’u malee akka aadaati mukti galgala dhaabbate kun jijjiguu hin qabu. Kanaaf jabaatee quncee laaftoo walitti hidhamu qaba. Kun immoo dhugeeffannoo cimaa qaba. Akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, mukkeen mana manaa bahu kun namoota mana sanaa bakka bu’a; Kanaaf walitti hidhamuu mukkeen sanaa tokkummaa hawaasa sanaa fakkeeffama. Innis halagaan gidduu isaanii seenee akka tokkummaa isaanii hindiigneef jedhameeti. Jabatee hidhamuun isaa ammoo tokkummaa keenya jabeessiinee haa eegannu kan jedhuutti fakkeeffama. (Maddi Damillee Xaafaa 01/07/2010ti)

4.5.1.6. Dhaabaa/Daamaraatti Naanna’uu

Hawaasni Aanaa Abuunaa Gindabaratitti yemmuu dhaabaa dhaaban callisaan biraa hin deeman itti naanna’aniiti sirbu. Kana gochuun isaanii immoo hiikkaa mataa isaa danda’e qaba. Akka marii garee 16/06/2010fi Afgaaffii Turaa Adal 24/07/2010 gaggeeffamee odeeffannoon argame ibsutti, Aanaa kanatti namoonni yemmuu dhaabaa dhaaban yeroo shan itti naanna’anitti sirbu. Shan marsaa Gadaati; Gadaan waggaa saddeet saddeet naanna’ee baha. Masqalli Gadaa kam keessatti gubachaa ture. Kun immoo masqalli waggoota kumaatama hedduu hedduuf kan waggaa waggaa naanna’ee dhufu malee kan waggaa tokko qofaa kabajamee dhaabbatu miti jechuuf. Kanaaf naanna’uun isaanii kun masqalli waggaa hedduuf naanna’ee waggaa waggaa kabajamuu isaan fakkeeffama

4.5.1.7. Ibiddi jaba dhaamuu dhiisuu

Ibiddi saba Oromoo biratti dhugeeffannoo bal’aa qaba. Fakkeenyaaf Oromoon yemmuu wal eebbisu “ ibiddi si yaabahu” yoo jedhu bultii horadha jechuusaati. Kun immoo Oromoo hiikkaa ibiddaaf qabu agarsiisa. Akka odeeffannoo Afgaaffii Taddasaa Bultoo 19/ 06/ 2010 fi Tarrafaa Bayyan 23/ 06 /2010 irraa argame agarsiisutti, hawaasa qorannichi irratti gaggeeffame guyyaa gaafa masqalli boruu galgala Jabaatu gubata. Jabaan gubatu kunis

guyyaa gaafa sanaa ganamaa ka'ee hanga galgalaatti mukkeen uumamaan daraaran gudeelcha isaa jiksaan falaxuudhaan qopheeffatu. Sana booda halkan erga maatiin walitti qabamee haati warraa ibidda qabsiisteetti, dhibaayyuu qopheessiteetti abbaa warraa ishiitiin jabaaa irra buufadhu nu dhibaassi jettiin yeroo kana innis tole jedhee jabaa ibiddatti naquun, akka maatiin hundi jabaa sana irra buufatu ajajee dhibaaffatee eebbisa. Erga sirna kun raawwatee booda jabaan kun halkan sana ibiddi isaa dhaamu hin qabu. Sababni isaas ibiddi sun bulee ibsaan masqalaa ganama irraa qabsiifamuu qaba. Yoo gaafa masqalaa kana ibiddi kun dhaame maatii kun ibidda alaa fudhatee ibsaa kana qabsiifate maatii sanaa sirrii miti jedhameeti amanama. Kanaaf ibiddi jabaa kun hawaasa kana biratti jireenyaan maatii sanan fakkeeffama.

4.5.1.8. Waancaa Tokkoon Dhuguu

Akka aadaa Oromootti haati warraafi abbaan warraa nama adda addaa jedhamanii hin ilaallaman. Kanas kan mirkaneessu afoolli Oromoo “ Abbaan warraafi haati warraa laga tokkoo waraabamu” kan jedhu yoo fudhanne amala walfakkaatu qabu jechuudha. Akkuma odeeffannoo Girmaa Dheeressaa 24/ 06/ 2010fi marii garee 20/07/ 2010 irraa argame ibsutti, guyyaa gaafa Jabaan gubatu galgala sana haati warraafi abbaan warraa dhibaayyuu qopheeffatan sana erga dhibaafatan booda halkan sana hanga taa'anii dhugan sana waancaa tokkoon dhugu malee waancaa lamaan hindhugan. Innis jalqaba abbaan warraa akkuma dhibaaffateen ofii isaa irraa unatee booda osoo lafa hinkaa'iin haadha warraa isaatti kennee akka ishii irraa unattu godha. Sana booda halkan san hanga taa'anii dhugan waancuma sanaan dhugu malee kan biraan hidhugan. Kun immoo abbaa warraafi haati warraa waancaa tokkoon dhuguun jaalalafi kabaja walii qabanirra darbee nutti tokko isa jedhu agrsiisa. Kanaaf abbaan warraafi haati warraa waancaa tokko dhuggu isaanii fakkoommii isaan tokkummaa isaanii agarsiisuuti.

4.5.1.9. Coqorsa Sagal

Akka aadaa hawaasa Aanaa kanaatti Ateetee guyyaa gaafa masqalli boruu galgala facaaffama. Yemmuu facaaffamu immoo coqorsaaf facaaffama. Coqorsi marga magariisaa jiidhaadha. Margi kun Bonaa Ganna lalisa. Oromoo jiidhaa jaalata. Kanaaf margi dhimmoota aadaafi duudhaa Oromoo wajjin walqabatanirratti bal'inaan tajaajila. Innis marga qabatee waaqa kadhata; marga qabatee araara deema; marga qabatee fuudha deema; kanaaf Saba kana biratti jiidhi mallattoo jireenyaati, mallattoo araara ykn nagaati. Kanaaf Oromoo yeroo jechoota safuu haasa'u isin marga qabe jedha; kana jechuun isaa immoo safuu isinii kenneera kan jedhu agrsiisuuf; Akka hawaasa Aanaa kanatti marga keessaa coqorsi iddoo olaanaa

qaba. Coqorsi lafa irra lohee bal'atee lafa uffisa; Lohee hiddaan lafa qabata; bakka gahe hundatti hida gad-dhiisuudhaan lafa qabatee Coqorsa biraa ta'ee babal'atee hora. Akka odeeffattoota Turaa Adal 24/07/2010fi Labataa Birruu 02/08/2010 jedhanitti, coqorsa sagaliin Ateeteetti facaaffachuun baay'inni coqorsaa sagal ta'uun abbaa sagaliin nu dabal ykn nubaay'isi isa jedhu bakka bu'a. Kanaaf coqorsi sagal fakkoommii abbaa sagaliin dabaluu ykn horuuti.

4.5.1.10. Callee

Calleen meeshaa aadaa kan boca geengoo qabdu taatee bifa garagaraa qabdi. Innis faaya dubartii ta'ee kan durbartoonni yeroo jila adda addaa dhaqatanii /hidhatanii waaqa kadhatanidha. Kunis maaliif yoo jedhame akka amantii Oromooti dhugeeffannoo bal'aa qaba. Calleen kunis bifa hedduu qabatus, yeroo baay'ee bifa sadi qaba. Innis gurraachaa, diimaafi adii irraa hojjetama. Akka amantii Oromooti gurraachi waaqaan fakkeeffama; Diimaan waan diimaa dhiiga. Ilmi namaa hunduu dhiigaa beekama. Kanaaf akka dhugeeffannoo Oromooti ilmi namaa waqaafi lafa jidduu jiraachuu isaan fakkeeffama. Adiin ammoo Aarriidhaan fakkeeffama. Egaa calleen kun hidhatamuu kan eegalame akkaataa mukti harbuu ija horatu/godhatu ilaaludhaan. Innis akkuma waaqayyo muka harbuu caaccessesee uume dubartiillee dhalaafi horiin caaccessi jedhameeti. Akka Gasasaa Amantee 21/07/2010fi Turaa Adal 24/06/2010 jedhanitti, dubartoonni Aanaa Abuunaa Gindabarati gaafa masqalli boruu galgala yemmuu Ateetee facaaffatan callee naqatu. Akkasumas ganama yemmuu abbaan warraa ishii ibsaa manaa gad-baasu callee naqatee muuddi. Kun immoo Ateetee bulfatu sanan alaa manaan na caaccessi jechuu ishiitiin fakkeeffama. Kanaaf calleen fakkoommii dhalaati.

4.5.2. Fakkoommiiwwaan Guyyaa Ayyaanaa Mul'atan

Kutaa kana jalatti fakkoommiiwwan gaafa masqalaa ganamaan eegalee hanga galgalaatti raawwatamu keessatti mul'atan kan ka'aniidha. Kanaaf mata duree kana jalatti fakkoommiiwwan naannoo kudha-sagalitu ibsamaniiru.

4.5.2.1. Muudaa

Muudaan yeroo garagaraa hawaasa Oromoo keessatti kan raawwatuufi dhugeeffannoo adda addaaf dhimma itti bahamudha. Innis yeroo sirni Gadaa ballii walharka fuudhan, yeroo sirni gaa'ila raawwatu, sirna Ateetee keessattifi sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti muudaan nigaggeeffama. Akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, muudaan gaafa guyyaa masqalaa osoo ibsaan manaa hin ba'iin gaggeeffama. Innis haati warra mana sanaa

guyyaa ibsaa kana ganamaan kaatee erga ibiddi jabaa buluu isaa gargar baafttee akka qabatu gootee booda dhadhaa kichuu ta'e qadaada okolee irra kaawwatee yeroo abbaan manaa ibsaa manaa gadbaasuuf jedhu dhadhicha muuddi, ishiinis isuma qofaa muuddee dhiisti osoo hin taane ijoollee ishiis hangafaa kaastee hanga quxusuutti muuddi. Yeroo muuddu kana waan jettee qabdi. Innis adda argadha; adda keessan homtuu hin danda'iin jechaa muuddi. Kunis barri dhufu bara moo'ichaafi oofkaltii isaanii akka ta'u agarsiisuuf raawwatama. Kanaaf muudaan guyyaa masqalaa ganama raawwatu kun fakkoommii oofkaltii ta'uusaati. (Maddi marii garee 22/06/ 2010 fi Baayisaa Dhaabaa 12/ 07/ 2010ti)

4.5.2.2. Marqaa

Nyaata aadaa Oromoon qabu keessa tokko marqaadha. Nyaanni marqaa kun saba Oromoo biratti nyaata kabaja guddaa qabudha. Innis akka aadaa Oromootti marqaan nama hundaa hin marqamu; nama kabaja guddaa qabuuf qofaaf marqama malee; kanaaf nyaanni marqaa kun saba kana biratti kabajaa qaba jechuudha. Marqaan kunis gosa midhaan adda addaarraa hojjetama. Innis kanneen akka garbuu, xaafii diimaa, qamadiifi kkf irraa hojjetamuu danda'a. Akka aadaa hawaasa Oromoo naannoo qorannaan kun itti gaggeefame jiraatanitti, marqaan kun yoomessa garagaraa keessatti marqama. Innis gaafa guyyaa masqalaa, guyyaa hammachiisaa, guyyaa jaarii loonii, guyyaa ateetee, galma ayyaanaatti guyyaa Saaqiifi kkf irratti nimarqama.

Akkuma maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, marqaan sirnoota adda addaa keessatti marqamu kun dhugeeffannoo adda addaa qaba. Innis marqaan gaafa guyyaa masqalaa marqamus sababa mataasaa danda'e qaba. Innis masqalli yoo guyyaa Dafinoo oole marqama. Maaliif yoo jenne masqalli gaafa guyyaa Dafinoo yoo oole lubbuu dubartootatti hir'uudha jedhameeti amanama. Kanaaf marqaa guyyaa sana nimarqama. Marqaan immoo jiidha, jiidhi immoo Oromoo biratti hiikkaa guddaa qaba. Jiidhaa Oromoon jireenyaan ykn hormaataan walqabsiisa. Kanaaf Oromoo gaafa waleebbisu jiidhi; faana jiidhaa deemi jedheeti waleebbisa. Kana jechuun immoo hori/ quufi bakka deemtu hundumaatti rakkoo si argiin jechuu isaati. Kanaaf jiidhi jireenyatti fakkeeffama. Kanaafuu marqaan fakkoommii jireenyaa ykn quufati. (Maddi Gasasaa Amantee 21/ 07/2010 ti)

4.5.2.3. Ibsaa gubuu

Ifaan jiruufi jireenya namaa waliin waqabatee kan jirudha. Namni lafa kanarra jiraatu kan ifaatti hingammanne hinjiru. Sababni isaas dukkanni rakkisaa waan ta'eef, jiruu dhalli namaa jiraatu ifaa ta'uu baannaan baay'ee rakkisaadha. Kanaaf namni gaafa waleebbisu ifaa argadhu

jedha. Kana jechuun immoo gammachuun jiraadhaa kan jedhu ofkeessaa qaba. Kanaaf ibsaa gubuun hiikkaa guddaa qaba. Innis akkuma odeeffannoo maddeen irraa argame agarsiisutti, hawaasa kana biratti dukkana keessaa baane kan jedhu agarsiisa. Innis ganni dukkana; yaaddoo hedduu qaba. Ganna kana keessa bahuun niulfaata. Kanaaf бага Ganna dukkanaa keessaa si baase waliin jedhama. Ibsaan ammoo mallattoo ifaadha. Kunis dukkana keessaa baanee ifa arganne jechuudha. Kanaafuu ibsaa gubuun fakkoommii ifaa argachuu ykn dukkana keessaa bahuti ykn gammachuuti. (Maddi Dibaabaa Guutaa 16/ 01 /2010 ti)

4.5.2.4. Ibsaa Qodaabukoo Xuqqisiisuu

Akkuma marii garee 22 /06/ 2010 fi Gasasaa Amantee 21/07/2010 taasifame agarsiisutti, ibsaan yemmuu manaa gad bahu qodaabukoo xuqqisiifama. Kun immoo midhaan namaafi ala jiruu akka eebbifamuuf. Innis midhaan mana jiru akka saamtuun adda adda hin dandeenyeef yoo ta'u, kan ala jiru immoo akka qorraafi waagiin bu'ee jalaa hinmiineef yaadameetti godhama. Kunis ibsaan qodaabukoo xuqnaan waan olitti jedhame kun hundi osoo qunnamaniyyuu waan tokko gochuu hindanda'an jedhamee waan amanamuuf kun raawwatamuu qaba. Akkasumas yoo ibsaan qodaabukoo xuqe mortuullee yoo itti morte hindandeessu jedhameeti amanama. Kanaaf ibsaan Qodaabukoo xuqqisiisuun barkuun ykn eebbaan fakkeeffama.

4.5.2.5. Ibsaa Okolee Xuqqisiisuu

Okoleen meeshaalee aadaa Oromoo keessaa isa tokkodha. Meeshaan kun saba Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Kanaaf Oromoon yoo wal eebbisu gaadiifi okolee mana keeti hindhibin jedhu. Akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, Sabni Oromoo jiruufi jireenyi isaanii horii waliin hidhata cimaa qaba. Innis horii horsiisee bula jechuudha. Kanaaf meeshaa kana immoo saawwan isaa eelmachuuf meeshaa itti fayyadamudha. Kun immoo saba kana waliin hidhata cimaa qabachuu isaa agarsiisa. Kanaaf meeshaan kun saba kana biratti hiikkaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti namni tokko okolee fannise yoo jedhame, saawwan isaa dhumte jechuudha. Kanaaf yeroo ibsaa Okolee xuqqisiisan hori, hori, gaadiifi okoleen mana kanaa hindhibiin jechuun xuqqisiisu. Xuqqisiisuun kun immoo saawwan keenya nu eebbisi jechuuti hiikama. Kun immoo nuhorsii jechuudha. Kanaaf ibsaa okolee xuqqisiisuun fakkoommii hormaatatti jechuudha. (Maddi marii garee 27/ 07/ 2010fi Afgaaffii Gasasaa Amantee 21/07/2010 ti)



Suura- 11 Afaaffii Gasaasaa Amantee 21/07/2010 ti gaggeeffamedha.

4.5.2.6. Ibsaa Biiftutti Garagalchaanii kaa'uu

Akka aadaa hawaasa naannoo qorannichi itti gaggeeffame mul'isutti ibsaan jalqaba yemmuu manaa bahu, abbaan manaa ibidda haati warraa manatti qabsiisterraa qabsiisee gadbaasee gara baha biiftutti garagalchee kaa'ee, addunyaa hunda gara keenyatti garagalchi jedha. Kun immoo akka odeeffattoota irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, ibsicha baha biiftutti garagalchuun hiika qaba; biiftuun ifa; ifti kun addunyaa hunda ibsiti; kanaaf ifaa kana gara baha biiftutti garagalchuun nu ibsii, nu mul'isii jechuu isaaniiti. Kanaafuu ibsaa manaa gad baasanii gara bahaatti garagalchaanii kaa'uun, fakkoommii nuibsi/numul'isi jechuudha. (Maddi Turaa Adal 24/07/2010ti)

4.5.2.7. Mataa Ibsaa Lama lafa Waraanuun

Akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti namni yemmuu ganama ibsaa gubu mana isaatii baatee deemetuma gubaa masqalaa sanatti hin qabsiisu. Osoo ibsaa sana gubaa masqalaatti hin qabsiisin dursa waan raawwachuu qabu jira. Innis akka marii garee gaafa guyyaa 22/06/2010fi Tarrafaa Bayyan 23/06/2010 irraa odeeffannoo argame agarsiisutti, namni yemmuu ibsaa fudhatee bakka ibsaa gubaa sanaa gahu, osoo ibsicha itti hin kaa'iin dura mataa ibsichaa lama lafa waraanuun moraafi goomataa waraan jedhu. Kana gochuun

isaa immoo ibsichi akka humna cimaa qabutti amanama; kanaaf mortuu lafaafi biyya sanatti mortee jirtuu balleessuuf yaadameeti raawwatama. Kanaaf gochi kun akka waan mortuu waraanuutti fakkeeffama. Battaluma sana mataa ibsaa sanaa lama waaqatti qabuun nu mul'isi jedhu. Kana gochuun isaanii immoo beekkama nu taasis jechuu isaaniiti. Kanaf mataa ibsaa lama waaqatti qabuun immoo beekamaa ta'uun fakkeeffama.

4.5.2.8. Ibsaa Hudduu Kormaa Xuqqisiisuu

Akka aadaa Oromootti kormi hiikkaa guddaa qaba. Fakkeenyaaf Oromoo korma nun dhowwatiin gaafa jedhu. Innis korma namaafi korma sa'aatu jira. Oromoo biratti saawwaan haga fedheyyuu yoo baayyate korma hinqabdu taanaan xiqqoo jedhamti. Sababni isaa horiin korma hin qabdu yoo ta'e hortee hindabaltu waan ta'eef. Kanaaf sabni Oromoo dallaa horii tokko keessaa yoo xiqqaate kormi tokko hindhibu. Kun hooda. Akka odeeffannoo maddeen irraa argame agarsiisutti, ibsaa hudduu kormaa xuqqisiisuun baroodi ykn bookkis jedhanii eebbisuun immoo moo'i jechuudha. Hudduu kormaa ibsaa xuqqisiisuun fakkoommii moo'ichaati. (Maddi marii garee 16/06/2010ti)

4.5.2.9. Horii Dhaabaa Suuqame Jala Baasuu

Akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa gindabaratitti, gaafa guyyaa masqalaa horiin yemmuu foonaa isaanii keessaa bahan, dhaabaa galgala foonaa isaanitti suuqame jala hulluqu ykn jala baasu. Akka Galaa Leephisaa 13/07/2010 irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, horii dhaabaa foonaa isaanirra jiru kana jala baasuun dhugeeffannoo qaba . Innis waanhallee jala taranii nagaan masqala gahuu isaaniifi akka iddoo tokko gara bakka biraatti darbanii agarsiisa. Bakka tokko tokkootti foonaa horii kana illee ni jijjiru. Kanaaf horii mukkeen kan jala baasuun ganna keessaa gara birraatti ce'uu ykn darbuun fakkeeffama. Kanaafuu gochaan kun fakkoommii nagaan masqala darbuu ykn ce'uu isaaniiti jechuuti.

4.5.2.10. Tuufoo

Tuufoon marga yeroo birraan bari'u lafa uffisee argamuudha. Tuufoon kunis bifa keelloo kan qabdu taatee, waktii hunda argamuu hindandeessu birraa malee; akka marii garee 27/07/2010fi Afgaaffii Labataa Birruu 02/082010) irraa odeeffannoon argame agrsiisutti, mallattoolee Oromoon birraan bari'uu ittiin beeku keessaa tokko tuufoon mul'achuudha. Innis gaafa tuufoo lafatti argu birraa bar'uu hubata. Kanas dargaggeessi afoolaa ykn iyyooleen keessatti akkas jechuun ibsa:

Guduru wal lolee
Turoon gara keenya
Yoo malli nu dhibee

Tuufoo kana seenaa jechuun tuufoon yeroo birraan bari'u argamuusaa iyyooleedhaan ibsaniiru. Tuufoo kanas bakka adda addaatti itti gargaaramu. Innis tokko bakka gubaa masqalaatti; kan biraa balbala gubbaatti suuqachuudhaan. Tuufoo balbala gubbaatti suuqachuun immoo mallattoo birraan bar'uuti. Gama biraan yemmuu dhibaayyuun dhibaafamu Tufoo daaraatti naanna'eeti taa'a. Kun immoo akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, Tuufoon kan inni mul'atu birraarratti. Yemmuu kana lafti keelloo uufattee, abdiin fuuldura isaanii jiraachuu agarsiisa. Kanaaf Tuufoo daaraatti naanna'ee taa'uun, abdiin nu marsee jira jechuun fakkeeffama. Tuufoon balbalatti suuqachuun garuu fakkoommii birraan bari'utti.

4.5.2.11. Irrimmixoo/Bixxillee masqalaa

Akka aadaa Oromootti masqalli waggaa waggaa dhufu Irrimmixoo tolchuun hooda. Hoonni kun ammoo hinjigu hinjallatu. Akka afgaaffii Tarrafaa Bayyan 23/06/2010 irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, guyyaa gaafa masqalaa ganama sana akkuma gubaa sun ramaca bu'ee, namni mana qabu kamiyyuu bukoo xaafii diimaa mana manaa isaaniitii fidanii erga bilchaatee booda, daddarbaa irraa daddarbatanii namni gubaa sana irratti hirmaate hunduu irrimmixoo kana ninyaata. Sababni isaas irrimmixoon masqalaa nyaachuun dhukkuba kamiifuu dawwaadha jedhameeti amanama waan ta'eefidha. Kanaaf irrimmixoon masqalaa kun daawwaati fakkeeffama.

4.5.2.12. Qalma Qaluu

Akka aadaa Oromootti qalmi yoomessa garagaraa keessatti raawwata. Innis kanneen akka sirna Buttaa irratti, sirna gaa'ila irratti, araara irratti niqalama. Innis dhugeeffannoo adda adda qaba. Yaada kana Dirribii (2012: 116) akka jechuun ibsa: “Hordoftoota waaqeffataa biratti, akka haala yerootti qalanii waaqa galateeffachuun aadaadha. Tulluutti caffeeetti, burqaatti, horafi malkaatti qaleetu Waaqa nagaa, fayyaafi horii isaafi uummata isaaf kenne galateettatee kan qalame sana irraa mata-deebii waaqaa lafaa daddarbee, dhibaafatee, nyaatee dhugee, waaqa galateeffatee, eebban, jeekkarsaan ayyaana ofii kabaja” jedha. Haaluma kanaan akka marii garee 20/06/2010fi Afgaaffii Dhugumaa Qicaa 21/07/2010 gaggeeffame agarsiisutti, immoo Aanaa Abuunaa Gindabarattii Abdaarii masqalaarratti qalma qaluun Abdaariifi Awwahiin nu araaram jechuudha. Innis Ganni rakkoo hedduu baata yeroo kana namoonni rakkachuurraa kan ka'e, Uumaa isaaniitti gungumuu danda'u. Kana gochuun isaanii immoo Uumaa ni gaddisiisa jedhamee amanama. Masqallatti yoo gahu rakkoon hundi

nidabarti. Kanaaf waan si yakkine hundumaa nu dhiisii nutti araaram jechuu isaaniif gaafa guyyaa masqalaa horii marartoo ta'e kan rakkoo tokkolee ofirraa hinqabne qaamni isaa guutuu ta'eefi Goromsa kan hintaane qalanii dhiiga isaa iddoo dhibaayyuu itti dhibaafatan sana meeshaan kaa'u. Dhiigni kun fakkoommii araara akka ta'e mul'isa. Ta'us Horiin qalamu kun yeroo baay'ee korma diimaatu filatama. Innis waan hunduu bilchaachuufi gahuu agarsiisufidha. Kanaaf kormi diimaan kun bilchinaan fakkeeffama jechuudha. Ta'uus Abdaariirratti qalanii foon naannessaa waaddanii ykn hassii ciincessaanii daddarbachuun garuu uumaa ofii galata dhiyeessuudha. Kanaaf hassii ciincessuun galateeffachuun fakkeeffama.



Suura-12 Afgaaffii Dhugumaa Qicaaa 21/07/2010 ti gaggeeffamedha.

4.5.2.13. Dhibaayyuu

Dhibaayyuun hawaasa Aanaa kana keessattii yeroo adda addaati raawwata. Kunis sirnoota adda addaarratti nidhibaaffama. Dhibaayyuun kan dhibaaffamu mata-deebii waanta waaqxi namaa kenneeti. Wantoonni dhibaafamaniis kanneen akka Buqqurii, Farsoo, bookafi kkf ta'uu danda'u. Sirna dhibaayyuu masqalaa kanarratti irracaalaa farsoofi buqquriitu dhibaafama. Buqquriin kun gosa farsoo ta'ee kan garbuu irraa hojjetamudha. Innis kan biqila malee geeshoo hinqabnedha. Kanaaf dhugaaatiin kun kan nama hin macheessineefi foolii gaarii qabudha. Kanaaf Oromoon yoo waleebbisu, “akka annaanii laphee walii qabaneessa;

akka buqqurii foolii walitti tola” jedha. Kanaaf waan foolii toleessa ta’e kanaan uumaa ofii ittiin galateeffachuuf kan raawwatamudha. Akka odeeffannoo maddeen irraa argame agarsiisutti, dhibaayyuu kan dhibaafamuuf uumaadhaan waan ati naaf kenniterraani ammoo ittiin si galateeffadha kan jedhu agarsiisuufidha. Dhibaayyuun kun hir’uun hindhiyaatu. Meeshaan dhibaayyuun ittiin dhiyaatullee hir’uu ta’uu hin qabu. Maaliif yoo jennu waaqayyoof hir’uun yoo kenname nutti hir’isa jedhameeti amanama. Kanaaf uumaaf hir’uun hinkennamu. Akkasumas dhibaayyuun galateeffannaa waan ta’eef galanni hir’uu hin qabu. Walumaagalatti dhibaayyuun kan dhibaafamuuf uumaa galatoomfachuuf kan raawwatan waan ta’eef, dhibaayyuun fakkoommii galateeffannaati.

Haa ta’u malee dhibaayyuun sirna kabaja ayyaana kanarratti dhibaaffamu karaa tokkoon qofaa kan dhibaafamu osoo hin taane, namni mana qabu hunduu mijuu isaa qabatee daaraa sanatti naanna’ee, Tufoofi Irrimmixoo lafa daaraatti naanna’ee namme’e sana gubbaatti .dhibaafatu. Akka Afgaaffii Baayisaa Dhaabaa 12/07/2010 fi Kabbabaa Urgee 13/07/2010 gaggeeffame agarsiisutti, bifa geengoo uumanii dhibaaffachuun isaanii kun hiika mataasaa qaba. Innis mallattoo umurii guutuu nu kennitee nurraa hin hir’isiiifi tokkummaa keenya cimsi jechuuti. Kanaaf dhibaayyuu geengoo uumaan dhibaasuun fakkoommii umurii guutuu gargar nu baasiiniiti.



Suura-13 Afgaaffii Kabbabaa Urgee gaafa 13/07/2010 ti gaggeeffamedha

4.5.2.14. Dhibaayyuu Harka Lamaan Qabachuun

Akka marii garee 20/07/2010 fi Afgaaffii Turaa Adal 24/07/2010 gaggeeffame odeeffannoon argame agarsiisuutti, namni yemmuu mijuu dhiyeessu hir'uudhaan miti. Waan guutuu ta'een dhiyaata. Yemmuu dhibaaffamus harka tokkoon osoo hin taane harka lamaan kennama. Kunis namni harka lamaan qabachuun dhibaasuun dachaan nuf kenne kan jedhuun fakkeeffama. Kanaaf dhibaayyuu harka lamaan qabachuun fakkoommii dachaan nuuf kenniiti.

Yeroo lafatti dhibaasan sanas lama gara alaatti lama immoo gara ofiitti naqu. Kun immoo lama gara alaatti naquun hamaa nurra dabarsi jechuun fakkeeffama. Lama ofitti deebisanii dhangalaasuun/ naquun immoo gaarii nutti deebis jechuudhaan fakkeeffama.



Suura -14 Marii garee gaafa 20/07/2010 fakkoommii dhibaayyuurratti gaggeeffame.

4.5.2.15. Hadaa Alanfataniituttufuu

Akka hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti erga ibsaan sun ramaca bu'ee booda hudduu hadaa buqqisanii ibiddicha keessa erga ka'anii ho'isanii alanfatan ofiifi nama isa bira jirutti tuttuufu. Kunis akka Gasasaa Amantee 21/07/2010 irraa odeeffannoon argame agarsiisuutti, Ganna ilbiisonni lafarra lo'an hundi isaanii ijji isaan jaamaadha. Kanaaf arganii nama miidhuu hin danda'an. Haa ta'u malee birraan yoo bari'u, ilbiisonni hundi ija banatu. Kanaaf namas ta'e, horii miidhuu danda'u. Kanaafuu Oromoon jarreen kun akka jalaa hinmiidhmneef falli isaaa inni guddaan, gaafa guyyaa masqalaa kana hudduu hadaa alanfataniit walitti tuttuufu. Kun ammoo akka ilbiisonni kun danda'anii namas ta'e saawwan hinhiddineefi yoo hiddanis miidhaa irraa gahuu akka hindandeenye irraa dhorka. Kanaaf

hadaa alanfatanii ofitti tuttufuun fakkoommii hiddamuu dhorkuu ykn ittisuuti jedhameeti amanama.

4.5.2.16. Daaraa Adda Xuqqisiisuu

Akka maddeen irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, hawaasni Aanaa Abuunaa Gindabarati guyyaa gaafa masqalaa erga sirni garagaraa raawwatee booda, sirna daaraa adda xuqqisiifachuutu raawwata. Innis namichi abbaan Abdaarii daaraa ykn yoo mana ayyaanatti ibsichi kan gubatu ta'e immoo dhiiga horii qalamee sanaa bakara/dheeboo irraa kaa'uun quba isaa ishee moggeedhaan adda namoota achitti argamaan xuqqisiisa. Yemmuu xuqqisiisuu kanas adda argadhaa jechaa xuqqisiisa. Kun immoo mallatoo moo'a jedhu agarsiisuutti fakkeeffama. Akka Tolasaa Fayisaa 15/06/2010 fi mariin garee 27/07/2010 irraa odeeffannoon argame agarsiisutti, bakara/dheeboon meeshaa waraanaa kan Oromoon ittiin diina isaa ofirraa qolatu. Kanaaf meeshaa kana irraa adda xuqqisiiffachuun ammoo moo'aa isa jedhu agarsiisa. Kanaafuu daaraa adda xuqqisiisuun fakkoommii moo'ichaati. Akkasumas yoo ibsaan sun qe'ee ayyaantuutti gubata ta'e dhiiga horii qalamee sanaa meeshaatti naqanii kaa'udhaan yemmuu gargar bahuuf jedhaan namichi ayyaantuu sun adda adda isaanii quba isaa ishii moggeedhaan xuqqisiisuun homtuu sin danda'iin jedha. Kana gochuun isaa immoo adda keessan homtuu hindanda'iin ykn humna argadhaa isa kan jedhu agarsiisa. Kanaafuu dhiiga adda xuqqisiifachuun fakkoommii humna argadhaa ykn adda keessan homtuu hindanda'iin kan jedhudha.

Haaluma walfakkaatun dubartoonnis erga warri dhiira raawwatani galanii booda bakka Abdarii dhaqanii waan hunda erga raawwatani booda isaanis akkuma warra dhiira sanaa daaraa lubbuu isaanii xuqqisiifatu. Kan gochuun isaanii immoo lubbuu dheeraa nuf kenniifi lubbuu haaraa nu dabal isa jedhuun fakkeeffama.

4.5.2.17. Ingiccaa Gubuu

Akka hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarattis dubartiin kabaja guddaa qabdi. Hawaasni kun akkuma manni utubaa malee dhaabbachuu hin dandeenye; dhiirris dubartii malee hiika hinqabu jechuudhaan amanu. Kanaaf dubartii utubaa manaatti fakkeeffamti. Ingiccaa gaafa guyyaa ayyaana durbaa Utubaa manaatti hidhame, guyyaa gaafa masqalaa erga warri dhiiraa bakka gubaa sanaa deemanii faffata xaafii diimaa dhadhaan hojjetame waliin gad-bahee gubata. Guyyaa kana gubachuun isaa immoo ergaa dabarsu qaba. Faffanni kunis dhangaa dubartoonni yemmuu ingiccaa guban afaan walkaa'anidha. Nyaanni kun dhadhaan sirriitti mi'ahee hojjetama. Innis yeroo baay'ee qufaaf osoo hin taane jaalala waliif qaban agarsiisuuf

afaan walkaa'u. Kanaaf sirna kanarratti faffata afaan walkaa'uun mallattoo jaalala waliif qabaniiti. Haa ta'u malee gubachuun Ingiccaa kanas dhugeeffannoo bal'aa qaba. Innis ilbiisota ganna gara manaatti ol baqatan mana keessaa gadbaasanii gubuufi rakkoo ganna dubartii baachaa turte ofirraa buusuutti fakkeeffama. Kanaaf ingiccaa utubaarraa hiikanii gubuun gadadoo ganna mana keessa nama rakkisaa turte balleessuunis ni fakkeeffama. Kanaaf Ingiccaa gubuun fakkoommii ilbiisotafi gadadoo mana keessaa gadbaasanii gubuuti. (Maddi marii garee 16/06/2010fi Dammilee Xaafaa 01/07/2010 ti)

4.5.2. 18. Aarri Ingiccaa Dhiira xuquu

Akka aadaa naannoo Aanaa Abuunaa Gindabaratitti, aarri ingiccaa gubatee dhiira xuquu hinqabu. Sababni isaas yoo aarri ingiccaa gubatu dhiira xuqe, dhiiraaf gaarii miti jedhameeti amanama. Akka marii garee 16/06/2010ti gaggeeffame agarsiisutti, aarri ingiccaa yoo dhiira xuqe qaamni saalaa dhiiraa nidadhaba jedhameeti amanama. Kanaaf aarri ingiccaa dhiira xuquun fakkoommii gadhummaa ykn daansummaati. Kana malees aarri ingiccaa sun osoo hin jallatiin samiitti bahuufi jajallachuun isaa hiika guddaa qaba. Kanaaf aarri sun sorooree samiitti bahuun isaa fuuldurri jireenya isaanii nagaa ta'uun fakkeeffama. Faallaa kanaan immoo yoo aarri sun jajallate rakkoon wayii jiraachuu agarsiisa. Kanaaf aarri ingiccaa jajallachuun rakkoon fuuldura jiraachuuti fakkeeffama.

4.5.2.19. Fardaan Daararraa Utaaluu

Akka aadaa Oromootti fardi kabaja guddaa qaba. Oromoofi Fardi isaa adda bahee hin ilaalamu. Oromoon durii qabee fardaan diina isaa ofirraa qolata. Kana malees, sirnoota garagaraas Oromoon farda isaatiin kabaja. Fakkeenyaaf sirna gaa'ila, sirna awwaalchaafi sirna kabaja ayyaana garagaraa irratti fardi iddoo olaanaa qaba. Akka marii garee gaafa 20/07/2010 fi afgaaffi Gasasaa Amantee 21/07/2010 iraa odeeffannoon argame mul'isuti, hawaasa Aanaa kana biratti sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti fardi hirmaannaa olaanaa qaba. Hawaasni gaafa masqalaa kana erga nyaatee dhugee booda fardeen isaanii qabatanii gara gombisa taphachuu ykn farda gugsuuti deema. Erga gombisa fardeen raawwatanii hunduu yemmuu gara mana manasaatti galan farda yaabbatanii dhufan sana gara daaraa guyyaa sana gubanii geessanii irra utaalchisu. Egaa akka naannoo kanatti fardi eebeluu daararra utaale yoo jedhamu cimaadha jedhamuusaati. Kanaaf namni hunduu fardi isaa osoo daaraa sana hin xuqqiin utaaluu qaba jedhee amaneetti yaala. Kun cimina farda isaaa ilaaluuf jedheeti. Sababni isaas fardi nama sanaa utaaluu yoo dadhabe garbuu bitameef yaalamuu qaba. Kana raawwachuun isaanii immoo cimina farda isaanii haa agarsiisuuyuu malee daaraa

masqalarra fardaan utaaluu garuu masqala darbuutti hiikama. Kanaaf namni fardaan daaraa masqalarra utaaluu utaaluu fakkoommii birraatti ceene jechuuti.

4.5.3 Fakkoommiiwwaan Sirna Kabajaa Booda Mul'atan

Mata-duree kana jalatti kan ilaalamu fakkoommiiwwan sirna kabaja ayyaana masqalaa booda mul'atanidha. Isaanis haaluma raawwii isaaniitiin mata-duree xixiqqaa jalatti qoqqoodamanii ta'aniiru.

4.5.3.1. Mataa Horii Qalamee

Akka bartee hawaasa Aanaa kanaatti, mataan horii qalamee kan abbaa morma horii sanaa qaleeti ykn buuseeti. Haa ta'u malee akka odeeffannoo maddeen irraa argame agarsiisutti, mataan horii Abdaarii masqalaarratti qalamee guyyaa gaafa masqalaa sana nyaatama osoo hin taane mana abbaa abdaariitti gala. Sana booda namoonni gubaa sana waliin guban hundi erga halkan sadi bulanii walwaamanii ooyiruu abbaa abdaarii sanaa dhaquudhaan midhaan inni qabu keessaa aramaa fuul- tokko tokko erga baasanii gara mana abbaa abdaariitti deebi'u. Innis jarri akka gara isaa dhufan waan beekuuf mataa horii sanaa qalee, arrabaafi gochuma itti dabalee waan mimmixa hinqabneen hojjechiisuudhaan laataaf. Mataa kunis yemmuu nyaatamu mataa nun dhorkatiin jedhameeti nyaatama. Kana jechuun mataan horii qalamee oggansa ykn gaggeessaan fakkeeffama. (Maddi Tarrafaa Bayyan 23/06/2010 ti)

4.5.3.2. Arraba Horii Qalamee

Hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarati biratti, Arrabni horii qalamee gaafa guyyaa masqalaa hin nyaatamu. Akka Turaa Adal 24/07/2010fi Gasasaa Amantee 21/07/2010 jedhanitti, arrabni horii qalamee guyyaa gaafa masqalaa hinnyaatamu. Sababni isaa gaafa shananii masqalaa mataafi gochuma waliin erga hojjetamee nyaatama. Yemmuu nyaatamus kanas arraba nu qari jechuun eebbifachuun nyaatu. Kana jechuun immoo dubbii keenya nuu tolchi ykn fudhatama argamsiisi, dubbii nu barsiisi jechuu barbaadan. Kanaaf arrabni horii abdariiratti qalamee kun dubbiiin fakkeeffama.

4.5.3.3. Gochuma Horii Qamalee

Akka aadaa hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarati gochumni horii gaafa masqalaa qalamee, guyyaa sana hinnyaatamu. Gochumni horii gaafa masqalaa kanaa qalamee gaafa shananii masqalaa nyaatama. Yemmuu nyaatamu garaa walitti nun jabeessiin jedhameeti mataafi arraba horii sana waliin hojjetamee nyaatama. Akka odeeffannoo maddeen irraa argame agarsiisutti, waliif nu yaachiisi, garaa keenya tokko godhi isa jedhu kan agarsiisudha. Kanaaf

gochumni horii abdaariiratti qalamee garaa keenya tokko godhi ykn waliif yaaduun kan fakkeeffamudha. (Maddi marii garee 22/06/2010fi Diroo Dastaa 19/07/2010 ti)

4.5.3.4. Aramaa Fuula Baasuu

Hawaasni Oromoo waan hojjetu kamiyyuu sababa hojjetuuf qaba. Innis waan jiruufi jireenya isaa waliin walqabatee ibsu qaba jechuudha. Akka hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarattis waan hawaasni kun duudhaa isaa waliin waqabsiisee raawwatu qaba. Kunis hawaasni kun masqalli darbee gaafa guyyaa sadaffaatti namoonni masqala waliin guban hunduu wal waamanii gara ooyiruu abbaa Abdaarii sanaa dhaqanii midhaan inni facaafatee qabu keessaa, aramaa fuula tokko tokko baasanii booda gara mana abbaa Abdaariitti deebi'u. Yeroo kana abbaan Abdaariis akka namoonni sun mana isaa dhufan waan beekuuf, mataa, arrabaafi gochuma horii qalamee gaafa masqalaa mana isaatti galee sana hojjechiiseetti eega. Nyaanni inni hojjechiisu kun mimmixa kan hinqabne ta'uu qaba. Nyaanni kun qabbanaasaatu hojjetama malee waan gubuun hojjetamu hinqabu. Sababni isaas waan nama gubu gidduu isaatti mul'achuu hin qabu jedhaniiti amanu. Haaluma kanaan aramaa kana fuula baasuun isaanii immoo akkuma beekkama aramaan waan midhaan dhoru ykn qabee rakkisu; kana qulqulleessuun immoo waan jireenya isaanii keessatti isaan rakkise akka walgargaaranii balleessaniitti fudhatu. Haala kanaan aramaan waan rakkisaa tokkotti fakkeeffama. Aramuun isaanii immoo waan jireenya isaanii keessatti waktii gannaa isaan rakkisaa bahe ayyaanni masqalaa geenyaan akka keessaa bahaniitti fakkeeffama. (Maddi marii garee 20/07/2010fi Diroo Dastaatti)

4.5.3.5. Jabaa Ooyiruu Midhaan Keessa Dhaabuu

Akka bartee hawaasa naannoo qorannaan kun keessatti gaggeeffametti jabaan falaxamee mana keessatti hafe, ooyiruu midhaanii keessa dhaabbta. Sababni isaa mukti jabaaf falaxamee irraa hafe hingatamu; kanaaf erga masqalli darbee booda ooyiruu midhaanii margaan isaa tole keessa dhaabbata. Kunis ijji birmaduu gaarii miti waan jedhamee amanamuuf jabaa kana maasaa midhaanii kana keessa dhaabu. Kunis yoo midhaan sana ijji namaa ilaale midhaanichi hin fulla'u jedhu. Kana damdamachiisuuf jabaa kana darbanii darbanii ooyiruu midhanii kana keessa dhaabu. Kun immoo ija hamaa midhaan sana miidhu ni dhorka jedhameeti amanama. Kanaaf jabaa midhaan keessa dhaabuun fakkoommiii ija hamtuu ykn budaaa dhorkuuti. (Maddi marii garee 22/06/2010fi Baayisaa Dhaabaa 12/07/2010)

4.5.3.6. Simbirroo Masqalaa

Naannoo Oromiyaa keessa gosoota Simbiraa baay'ee jira. Simbirroon kun lakkofsaan hedduu ta'anis, hundi isaaniyyuu amala mataasaanii qabu. Simbirroon muraasni yeroo hunda hin argaman. Waktilee argaman qabu jechuudha. Isaanis kanneen akka simbira Sontuu, Simbira Kilooleefi Simbira masqalaa yeroo baay'ee birraa sagaleen ykn bifaan mul'atu. Fakkeenyaaf Kilooleen simbira haala salphaan namatti hin mul'anne taatee, sagalee bareeda qabachuun beekanti. Simbirri kun yeroo birraan bar'u beekti jedhama. Ishiinis ganna guutuu osoo hindubbatiin baatee yeroo birraan bari'u sagalee miidhagaa sana gurra namatti dhageessisti. Haaluma walfakkaatuun simbirri sontuunis simbirra gammoojjitti argamtu taatee, yeroo birraan bar'ee namoonni adamoof bosona keessa yeroo deddeebi'an sagalee deddebitee adamsitoota sanatti dhageessisuun bakka bineensonniifi dammi bookoo jiran itti agarsiisti. Haaluma walfakkaatuun simbirri masqalaas yeroo gannaa bakka biraa deemtee yeroo birraan bari'u dhufti. Kanaaf namni tokko simbira masqalaa yoo arge birraan bar'uu isaa bara; simbirri kun naannoo masqalaatti dhufti jechuudha. Kanaaf namni tokko simbira masqalaa taate, yoo siin jedhe yeroo hunda hinargamtu jehuusaati. Sababa kanaaf maqaa kana argate. Kanaafuu simbirroonni masqalaa argamuun fakkoommii birraan bar'uuti. (Maddi marii garee 20/07/20)

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kun mata-duree xixiqqoo kanneen akka: cuunfaa, argannoofi yaboo qaaccessa adeemsa sirna kabaja ayyaana masqalaafi fakkoommiiwwan sirnicha keessatti argaman kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti argamu haammateera.

5.1 Cuunfaa/ Gudunfaa

Uummanni Oromoo akkuma saba addunyaa kamiyyuu sirna kabaja ayyaanaa kan mataasaa qaba. Akkasumas uummanni kun jiruufi jireenyasaa keessatti fakkoommii ittiin aadaa, duudhaa, eenyummaasaa, falaasamaafi raawwiiwwan raawwatu ittiin ibsatu qaba. Wantoonni aadaafi duudhaa saba tokkoo ibsan baay'ee yoo ta'anis isaan keessaa inni tokko fakkoommii sirna kabajannaa ayyaanaa keessatti argamanidha. Fakkoommii sirna kabaja ayyaana adda addaa keessatti argaman ammoo bal'aadha. Kanaaf fakkoommii sirna kabajannaa ayyaanaa keessaa, fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa keessatti argaman qorannoo kanaan sakatta'uun qaaccessameera.

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti qorannoo gaggeeffamedha. Qorannoon kun waliigalatti boqonnaa shan keessatti adeemsa qorannoon saayinsaawaa hordofuu qabu, hordofee kan dhiyaatedha. Ka'umsi qorannoo kanaas hawaasni Aanaa kanaa sirna kabaja ayyaanota garagaraa irratti fakkoommii adda addaatti nigargaaramu, garuu xiyyeffannoon kenname hinjiru. Dabalataanis duudhaa sirna ayyaaneffannaa ayyaana masqalaafi falaasamni hawaasichi raawwii sirna kanaa irratti qabu dagatamuufi keessa harca'uu deemuu, akkasumas hayyoonni keenyallee xiyyeeffannoo kennanii wanti hanga ammaatti qorannoos ta'ee, kibaabni dhimma kanarratti barreeffame dhabamuudha.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa adeemsa raawwiifi xiinxala fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabaratitti irratti kan xiyyeeffatedha. Kaayyoo guddaan kun ammoo kaayyoolee gooree muraasa ofjalatti kan qabu. Akkasumas faayidaaleen fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa qabu, raawwiin sirna ayyaana kanaa beekumsa ammayyaaf bu'uura ta'uu, fakkoommii sirna kana keessatti raawwataman akkuma jirutti itti fufsiisuuf, namoota dhimma kanarratti hojjechuu barbaadaniif akka madda ragaatti gargaaruufi namoota duudhaa isaanii dagataniif akka ofbeekan godha.

Qorannoon kun ragaalee funaansa odeeffannoo Daawwannaa, Afgaaffiiffi Marii garee waraabii sagaleen deeggarameen funaannaman gulantaalee sirna kabaja ayyaanaa (ayyaana dura, guyyaa ayyaanaafi ayyaana booda) qoqqoodamuun boqonnaa afur jalatti qaaceffameera. Akkasumas fakkoommiin sirna kanaa gulantalee sadan keessatti argaman hunduu hiikkaan itti kennamuun qaacesameera.

Adeemsi raawwii sirna kabaja ayyaana masqalaa gulantaa sadi keessa darbuun raawwtama. Haaluma kanaan iyyoolee sirbuu, dhaabaa/ Damaraa dhaabuun, Ateetee facaaffachuu ykn bulfachuunfi Jabaa gubuun sirnoota gulantaa ayyaana dura raawwataman yoo ta'u, sirni Muudaa, Sirni gubaa, Sirna Qalmaa, sirna Dhibaayyuu, Ingiccaa gubuu, Hadaa alanfatanii tuttufuu, Daaraa adda xuqqisiisuu, Gombisa Fardaafi kkf ammoo guyyaa ayyaanaa kan raawwatanidha. Dhuma irratti sirni mataa, arrabnifi gochumni horii sun nyaatamuu ykn shananii masqalaa, sirni irreechaa, firri walgaafachuu бага nagaan baatan jechuu,hundi ammoo ayyaana booda kan raawwatudha.

5.2 Argannoo Qorannichaa

Qorannoon kun mata duree xiinxala raawwiifi fakkoommii sirna kabaja ayyaana masqalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Abuunaa Gindabarati jedhu irratti gaggeeffamee, argannoowwan hojii qorannoo kanaan argaman, ragaalee xiinxalaman bu'uura godhachuun yoo ta'u, argannoon kunis kanneen itti aanan kana:

- Ayyaanni masqalaa ganna dukkanarraa gara booqaa birraatti, rakkoo ganni baatee jiru irraa gara abdi horannatti, firoonni addaan citan kan wal agarsiisuufi gara jireenya haaraatti kan ceessu ta'usaa.
- Sirna kanarratti qaamni hawaasaa sadarkaa kamirrayyuu jiru, daa'immaani kaasee hanga maanguddootti kan hirmaataniifi namoonni hundi gahee adda addaa kan qaban ta'usaa.
- Ayyaanni masqalaa ayyaana Oromoon dur osoo amantiin adda addaa dhufee aadaa isaa jalaa hinfaalle, waggatti altokko kabajachaa kan ture ta'uu; sabni kun sirni kabajannaa ayyaanaa kan mataasaa qabachuufi sirni kabaja ayyaana kanaa immoo gulantaa sadi keessaa darbee kan kabajamuu ta'uusaati.
- Ayyaana kana ayyaanefachuuf gochoonni adda addaa raawwataman ergaa mataasaanii qabatani, falaasama hawaasichaa kan mul'isu ta'uu; akkasumas hariiroo hawaasaa kan cimsu, safuufi aadaa hawaasichaa kan barsiisuufi muuxxannoon dhaloota darbee jiruufi jireenya dhaloota si'anaa irratti gahee olaanaa qabachuusaa.

- Ayyaanni kun dhugeeffannoo bal'aa gama hawaasa diinagdeetiin kan qabu kun akka itti hinfufneef dhiibbaan karaa amanti garagaraatiin ta'aa jiraachuu, kunis ayyaana dur Oromoon ganna gurraachaa bahee gara birraatti ce'uu isaatiif ibsaa ibsatee uumaa isaa ittiin galateeffatu. Yeroo ammaa kana guyyaa ayyaana kanaa guyyaa fannoon itti argame jechuun gara amantiitti aqaquun hirmaattota ayyaana kanaa xiqqeessaa jiraachuusaa.
- Fakkoommiin sirna kabajannaa ayyaana kanaa gulantaa sadan keessatti mul'atan lakkoofsaan afurtamii shan (45) oli ta'an jiraachuusaanii; fakkoommiin kunnnin bifa adda addaatiin kan mul'ataniifi hawaasa sana keessatti hiikkaa kan qabaniifi beekumsa hawaasichaa kan mul'isan ta'usaanii; namoonni hedduun fakkoommii hawaasni sirna kana keessatti dhimma itti bahu akka waan amanti isaanii xuquutti fudhaachuun duudhaa hawaasaa kun dagatamaa deemuusaa

5.3 Yaboo

Ragaalee odeeffattoota mala iddattoo miti carraa akkayyoofti darbaadabarsiin filataman irraa walitti qabaman boqonnaa afur jalatti qaacceffamaniiru. Kana malees ragaalee qaacceffaman irra ka'uun qorannichi akka waliigalatti goolabameera. Bu'uuruma kanan yaboo qorannichaa akka itti aanu kanatti kaa'uun danda'ameera:

- Sirni kabaja ayyaana masqalaa ayyaanota hawaasa Oromoo keessatti kabajaman keessaa isa kabaja olaanaafi ulfina guddaa qabudha. Waan kana ta'eef Biirron Aadaafi Turiziimii Aanaa kanaafi qaamni dhimmi ilaalu sirna kabaja ayyaana kana irratti qorannoo bifa adda addaatiin gaggeessuun dhaloonni ammaa kun hubannoo gaarii akka horataniifi aadaa kunis akka hinmidhamnee kunuunsuun barbaachisaadha.
- Hawaasni sadarkaa kamirrayyuu jiru jechuun hawaasni bal'aan sirna kabaja ayyaana kanaa kan qaroominaafi falaasama hawaasichaa agarsiisu kana bifa duudhaa isaaa eggatee akka itti hinfufne kanneen taasisan irraa tikfachuun haxxummaadha.
- Adeemsa sirna kabaja ayyaana keessatti wantoonni yeroo durii hinjirre kan adeemsa keessa itti dabalamaa dhufaniifi kanneen yeroo durii turanii yeroo ammaa sababa adda addaan dagatamaa deeman nijiraachuusaa. Waantoota duudhaa hawaasaa keessatti barbaachisoo ta'anii, garuu yeroo ammaa ammoo dagatamaa deeman deebisanii akka damdamatan gochuun, warreen adeemsa keessa sababa amantiin dabalamaa dhufanii dhiibbaa duudhaa kanarratti fidan dhabamsiisaa deemuun barbaachisaa ta'a.
- Hawaasni kun sirna kana kabajachuun isaa hariiroo cimaan gama hawaasa diinagdeetiin, aadaan, duudhaa, amantiifi falaasamani hawaasa kana gidduuti akka

uumamamu gochuurra darbee akka dhaloota dhufuutu qaqqabu taasisa waan ta'eef kunuunfachuun barbaachisaadha.

- Fakkoommiin sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti argaman aadaa, duudhaafi falaasama saba kanaa ibsa. Hawaasni fakkoommii kana itti fayyadamaa, kunuunsuun dhaloota haaraadhaa dabarsuun barbaachisaadha. Kana malees fakkoommii kana kunuunsuuf waajirri Aadaafi Turiziimii sadarkaan jiran gahee haaqabataniyyuu malee uummanni Oromoo hunduu dammaqinaanaan kunuunfachu qabu. Beektonnis mala ittiin dhalootaa gara dhalootatti darban marii gochuun irratti hojjechuun dabarsuu qabu.
- Namoonni fakkoommii kanaaatti gargaramuu duukaa osoo namoota waa'ee fakkoommii hinbeekne faayidaa inni qabu barsiisani gaarii ta'a. Ta'us namoonni tokko tokko fakkoommii hawaasa kana akka waan duubatti hafaafi amantii isaanii xuquutti warri ilaalan nijiru. Haa ta'u malee kun ofiifi eenyummaa ofii gatani kan ormaa duuba fiigudha. Akkasumas duudhaafi falaasama hawaasa ofii dhiisani kan ormaa duubaa hordofuudha. Kun immoo doofumaadha. Kanaaf akka dhaloonni si'anaa kun aadaafi duudhaa isaan akka hordofan gochuun barbaacisaadha.

Walumaagalatti qorannoo akkasii gadfageenyaan yoo gaggeeffame hawaasa Aanaa kanaafi hawaasa Oromoo qofa osoo hintaane akka biyyaatti bu'asaa ifa baasuun namoonni akka itti fayyadaman gochuun gaariidha. Kanaaf qaamni dhimmi ilaalu nama dhuunfaa irraa kaasee hanga dhaabbilee gurguddoo kan akka yuunivarsiitittifi dhaabbilee miti mootummaa qorannoolee kanaafi kan biroo hojjetaman keessa deebi'uun ilaaluun hojiirra yoo oolchan gaarii ta'a.

Wabii

- Abiy Zegeye and etal . (2015). *Introduction to Research Method*. Preparatory module for Addis Ababa University Graduate Programmes Graduate Studies and Research office: AAU.
- Alamuu Xaafaaa. (2011). “*Qabiyyee Sirba Ayyaana Masqalaa Godina Shawaa Aanaa Abuunaa Gindabarati ibsuu*” Waraqaa Qorannoo Digirii Tokkooffaa Yuunivarsiitii Jimmaatti, Kan Hinmaxxanfamne.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa.
- Coyle M. (1993). *How to study Literature*. Palgrave: London.
- Creswell, J. W. (2007) . *Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing among five Approaches*. New Delhi. Sage publication, Inc.
- Dastaa Dassalany .(2002). *Bu’uura Qorannoo*. Addis Ababa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee
- David E. G . (2004) . *Doing Research in the Real world* . London :SAGE publications Ltd.
- Dirribii Damusee . (2012) . *Ilaalcha Oromoo: Brroo Aadaa, Seenaafi Amaantaa Oromoo*. Finfinee: Mana maxxansaa Finfinnee.
- Dorson , M . (1972) . *Folklore and Folk life : An Introduction*. Chicago and London; The University of Chigago Press.
- Dundes, A . (1965) . *The Study of Folklore*. Berkle : prentce hall
- Filee Jaalataa. (2016) . *Beekumtaa Oromoo. Kutaa Tokko*. Mana Maxxansaa Raajii: Finfinnee.
- Freuds . (1963) . *Introductory Lecture on Psycho- analysis*. London :Hogarth press.
- Katz , J . J . (1972) . *Semantic Theory*. New York : Harper and Row.
- Leach , E . (1966). *Virging in proceedings*. The Royal Anthropological Institution.
- Levi Strauss. (1966) . *The Sallage Mind* . London Weiden : Feild and Nicaolson.
- Mbiti, J. S . (1965) . *African Religion and Philosoph* . Kenya : Nairobi.
- Melakneh Mengistu. (2006) . *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa : Commercial printing Enterprise.
- Mortan, A . (1975) . *Rethinking and Symbolism*. Combridge: Combridge University press
- Mulugeta Nagaasaa. (2014) . “ *Documentation and Analysis of Ritual Performance of ‘ Seera Gadaa’ among the Karrayyuu Oromo.*” (PhD) Dissertation Submitted to the Department Linguistics Presented in fulfilments of the Requirements for Doctor for Philosophy in Documentary Liguitics and Culture AAU Lv8

- Neuman L. W . (2007) . *Basic Social Research : Qualitative and Quantitative Approachs* (2nd ed) . Bost peason Edu: Cailiral IC.
- Okpewho, I . (1992) . *African Oral Literature : Back grounds, Characters and Continuity*. Bloomington Indiana polis ; Indiana University press.
- Punch, K. F . (1998) . *Introduction to Social Research* . New Delhi : sage Publications Indian pvt Ltd.
- Qixxeessaa Laayyoo . (2016) . “ *Xiinxala Hiika Mallattoolee Aadaa Haala Itti Fayyadama Keessatti Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Hanbaboo Guduruu.*” Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Yuunivarsiitii Addis Ababa, Kan Hinmaxxafamiin.
- Richard, S . (1997) . *Inventing popular Culture , From Folklore to Globalization* . United kingdom : Black well Published.
- Sims C . and Stephens M . (2005) . *Living Folk lore : An Introduction to the study of people and their Traditions*. Utah : Utal state University Press.
- Tigisti Sadeessaa . (2016) . “ *Xiinxala Raawwii Sirna Ayyaana Ibsaa Kormaa Haala Qabatamaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dirree Incinnii.*” Waraqaa Qorannoo Digirii lammaffaa Yuunivarsiitii Addis Ababa, Kan Hin maxxanfamiin.
- Todorov , T. (1982) .*Symbolims and Interpretation*. Ithaca , N, Y : Conell University Press.
- Turner ,V . (1969) . *Forms of Symbolic Action in R . F . Spencer Forms of Symbolic Action , Proceeding of the Spring meeting* . American Ethnological Society .Seattle : University of Washington Press.
- _____ .(1967) . *The Forest of Symbols*. Ithaca . N. Y : Cornell University Press.
- Wood ward, Ian. (2007) . *Undestanding Material Culture*. Los Angeles: Sage Publications.
- Toora Interneetii:<http://assets.cs.ncl.uk>
- Toora Interneetii:<http://www.learnstron.com>
- Toora Interneetii :[http:// www. the freedictionary.com](http://www.thefreedictionary.com)

Dabalee –A

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoonaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnaamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fooklorii

Afgaaffii dhuunfaa dhimmoota fakkoommiifi kabajaa ayyaana masqalaa keessatti
raawwataman bu'uureeffachuun odeeffattootaa qophaa'e

A, Odeeffannoo waa'ee odeeffattootaa

Maqaa _____

Saala : Dhi ___ dha _____

Bakka jireenya :Ganda _____ Aanaa _____ Godina _____

Galee hojii _____

B, Afgaaffiiwwaan

- 1, Haal-dureen ayyaanni masqalaa osoo hin kabajamiin raawwataman maal maal fa'i?
- 2, Ayyaanni masqalaa kun hawaasa Aanaa Abuunaa Gindabarat biratti hiika akkamii qaba? Faayidaa isaahoo?
- 3, Daamaraa dhaabbate maaliif akaakuu mukeen keessaa Laaftoo, Ejersafi Anfaara ta'ee? Hawaasa oromoo waliin walitti hidhata maalii qaba? Akkasumas dhaabaa dhaabbatetti shan naanna'anii sirbuun maal ibsa?
- 4, Ibsaan maaliif gubnaa? Haala akkamiin raawwata? yeroo akkam gubataa?
- 5, Ibsichi yeroo manaa bahu abbaan warraa manaa baasee maaliif gara haba biiftuutti gargalchee ka'a ? abbaa warraarraa maatiin qabsiifachuun maali agarsiisa?
- 6, Ibsaan horiifi qodaa bukoo tuqsiisun maal agarsiisa?
- 7, Bixxillee/irrimmixoon/ maaliif daaraa keessa kaa'uu? Maali agarsiisa?
- 8, Hadaa anfataanii tuttuftuun maali agarsiisa?
- 9, Daaraa maaliif adda tuttuqatuu? akka aadaa oromootti maal argarsiisaa?
- 10, Harka lamaan qabatani ayyaanicha kana irratti dhibafachuun maaal agarsiisaa? maaliif harka tokkoon hin qabannee ?
- 11, Hirmaattonni ayyaanichaa eenyufaadha?

Dabalee_B

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoonaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaaliziimiifi Qunnaamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gaaffii marii garee dhimmoota fakkoommiifi kabajaa ayyaana masqalaa keessatti raawwataman bu'uureeffachuun odeeffattootaa qophaa'e

A, Odeeffannoo waa'ee odeeffattootaa

Bakka jireenya :Ganda_____ Aanaa _____Godina_____

Galee hojii_____

- 1, Ayyaani masqalaa yemmuu kabajamu adeemsa akkamii keessa darbee kabajamaa/ ayyaaneffamaa?
- 2, Dhaabaan/Daamaraan mukkeen akkamiitiin dhaabbata? maaliif dallaa horiifi balbala irratti suuqamaa? Sawwanni jala baasuun maali agarsiisa?
- 3, Guyyaa ayyaaneffannaa ayyaana masqalaa irratti maal maaltu raawwataa?
- 4,Ibsaan kana akka naannoo kanatti eenyutu dhaabaa qophaa'ee jiru sanatti qabsiisa? Yeroo sana maal jedhee qabsiisa?
- 5, Hadaa gubaanii alanfatanii tuttufuun maal agarsiisa? Daaraa adda tuqsiisuun hoo?
- 6, Sirna kabaja ayyaana masqalaa irratti marqaan yoo marqama ta'e maaliif marqamaa? Maal ibsaa?
- 7,Ateeteen maaliif guyyaa masqala boruu facaaffama/ kabajamaa? Maaltu walitti isaan fida?
- 8, Horii bixxillee afaan kaa'uun maal agarsiisa?
- 9, Mataafi Arrabni horii qalamee mana Abba Abdariitti galuun maal agarsiisa? yoom nyaatama ?
- 10, Yeroo Ibsaan gubatu mukti irraa hafu sun, ingiccaafi lafee achirratti nyaatame waliin maaliif dubartoonni gubanii aarsuu?
- 11, Yeroo ibsaa bakka gubaa geessan san osoo daamaraatti hin qabsiisin lama lafatti, lama waaqatti olqabuu ? maal agarsiisa ?

Dabalee -C
Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koolleejjii Namoonaa, Qorannoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Qunnaamtii

Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gaaffilee Daawwannaaf Qophaa'an

- 1 Sirbi ayyaana masqalaa sirbameeraa? Yoom yoom sirbama?
- 2 Dhaabaa mukkeen adda addatu dhaabbataa? Maal maaltu dhaabbata?
- 3 Sirbi sirna dhaabaarratti jiraa? Maal jedhanii sirbu?
- 4 Jabaan gaafa masqalli boruu galgala gubateera? Mukkeen akkamiitu gubama?
- 5 Dubartoonni Ateetee facaaffataniiru? akkamiitti facaafatu?
- 6 Muudaan nigaggeeffamaa? Eenyutu muuda? Eenyutu muudama?
- 7 Qalmi niraawwataa? Eenyutu qala?
- 8 Dhibaayyuun niraawwataa? Eenyutu dhibaafata?
- 9 Irrimmixoon nitolfamaa? Yoom tolfamaa?
- 10 Sirbi guyyaa masqalaa ni sirbamaa? Eenyuun sirbama?
- 11 Nyaataafi dhugaatiin sirna masqalaarratti nijiraa? Maaltu nyaatamaa?

Dabalee - D

Gabatee-1 Maqaa namoota Afgaaffii dhuunfaatti hirmaataa, Odeeffannoo waa'ee isaaniifi odeeffannoo kennan.

T L	Maqaa namoota odeeffannoo kennan	Saala	Umu rii	Ganda	Guyyaa Afgaaffiin dhiyaate	Gahee hojii	Odeeffannoo argame
1	Dibaabaa Guutaa	Dhi	81	Daannisa	16/01/2010	Jaarsa biyyaa	Fakkoommii ibsaa gubuu
2	Gunjii Fayisaa	Dhi	87	Gartokkee	15/06/2010	Qotee bulaa	Sirna Ingiccaa gubuu
3	Tolasaa Fayisaa	Dhi	85	Gartokkee	15/06/2010	Qotee bulaa	Hiika masqalaa
4	Taddasaa Bultoo	Dhi	68	Jammoo	19/06/2010	Qotee bulaa	Adeemsa raawwii sirna masqalaa
5	Alamii Maqasaa	Du	75	Haroo Qalaxee	19/06/2010	Qotee bulaa	Adeemsa raawwii sirna masqalaa
6	Tarrafaa Bayyan	Dhi	98	Daannisa	23/06/2010	Ayyaantuu	Gochaawwan haal- duree masqalaatti raawwatan
7	Taaddasaa Addunyaa	Dhi	73	Daannisa	23/06/2010	Qotee bulaa	Sirboota iyyoolee adda addaa
8	Girmaa Dheeressaa	Dhi	79	Giixiree	24/06/2010	Qotee bulaa	Iyyoolee sirbaman
9	Dammilee Xaafaa	Dhi	77	Koonoo	01/07/2010	Sooramaa	Sirna hadaa alanfatanii tuttufuu
10	Baayisaa Dhaabaa	Dhi	83	Koonoo	12/07/2010	Qotee bulaa	Sirna jabaa gubuu
11	Kabbabaa Urgee	Dhi	76	Gooroo Jaalatee	13/07/2010	Qotee bulaa	Fakkoommii dhibaaayyuu
12	Galaa Leephisaa	Dhi	78	Gartokkee	13/07/2010	Ayyaantuu	Sirna muudaafi ibsaa qabsiiffannaa
13	Naccituu Xaafaa	Du	59	Haroo	18/07/2010	Qotee bulaa	Sirna facaaffannaa Ateetee
14	Diroo Dastaa	Dhi	82	Walleensu u	19/07/2010	Qotee bulaa	Sirna ayyaana masqalaa booda
15	Dhugumaa Qicaa	Dhi	93	Giixiree	21/07/2010	Beekaa	Fakkoommii qalmaa
16	Gasasaa Amantee	Dhi	90	B/Qalatee	21/07/2010	Qotee bulaa	Fakkoommiiwwan adda addaa
17	Turaa Adal	Dhi	92	Finnoo	24/07/2010	Beekaa	Sirna dhibaaayyuufi fakoommiiwwan adda adda
18	Labataa Birruu	Dhi	89	B/Qalaxee	02/08/2010	Qotee bulaa	Fakkoommiiwwan adda addaa

Dabalee –E

Gabatee -2 Maqaa namoota marii garee irratti hirmaatanii, Odeeffannoo waa'ee isaaniifi odeeffannoo kennan

T/L	Maqaa namootaa	Saalaa	Umuurii	Ganda	Guyyaa marii	Gahee hojii	Odeeffannoo argame
1	Ijjiguu Kaabaa	Dhi	87	Yagot	16/06/2010	Qotee bulaa	-Hiika Ibsaa gubuu -Sirna dhibaayyuu -Ingiccaa gubuu -Dhaabaa dhaaburratti -Fakkoommii ingiccaa -Fakkoommii iyyoolee ija qabachuu -Fakkoommii dhibaayyuu
2	Labataa Yaadessaa	Dhi	81	Daannisa		Qotee bulaa	
3	Lataa Hordofaa	Dhi	87	B/Qalaxee		Qotee bulaa	
4	Dhaabaa Mokonnaan	Dhi	69	B/Qalaxee		Jaarsa biyyaa	
5	Galaa Beenya	Dhi	81	Yagot		Qotee bulaa	
6	Mul'isaa Ammayyuu	Dhi	83	Yagot		Qotee bulaa	
7	Baayisaa labataa	Dhi	79	B/ Qalaxee		Qotee bulaa	
8	Lataa Gutaa	Dhi	73	Haroo	22/06/ 2010	Jaarsa Biyyaa	-Hirmaattota ayyaanichaa -Haal-duree ayyaanichaa -Sirna dhaabaa -Sirna jabaa gubuu -Fakkoommii ibsaan lafa waraanuu -Fakkoommii ibsaan qooda bukoo xuquu -Fakkoommii gochuma horii qalamee -Fakkoommii qalmaa -Fakkoommii jabaa gubuu -Fakkoommii mukkeen
9	Ambassaa Itichaa	Dhi	84	Mandiida soolee		Jaarsa Biyyaa	
10	Caalaa Gammadaa	Dhi	78	Haroo		Jaarsa Biyyaa	
11	Dawwoo Bayyee	Dhi	87	Guutee Andoodee		Jaarsa Biyyaa	
12	Lataa Wagii	Dhi	75	Guutee Andoodee		Jaarsa Biyyaa	
13	Abdiisaa Nurgii	Dhi	76	Irjaajoo Qalaxe		Jaarsa Biyyaa	
14	Docaa Gaddafaa	Dhi	83			J.Biyyaa	
15	Xaasoo Babbaa	Dhi	75	Finnoo	20/07/2010	Qotee bulaa	-Fakkoommii dhibaayyuu -Fakkoommii wancaa tokkoon dhuguu -Fakkoommii Fardaan daaraarra utaaluu -Fakkoommii qalama qaluu -Sirna shananii
16	Guddisaa Firiyyoo	Dhi	79	Finnoo		Ayyaantuu	
17	Ejjetaa Reebaa	Dhi	87	Yagot		Qotee bulaa	
18	Hundumaa Labataa	Dhi	65	B/Qalaxee		Hojjetaa mootummaa	
19	Taaddasaa Kabbadaa	Dhi	78	Irjaajoo		Qotee bulaa	

							masqalaa
20	Baayisaa Tolasaa	Dhi	72	Irjaajoo		Jaarsa Biyyaa	
21	Katamaa Hordofaa	Dhi	89	Haroo		Ayyaantuu	
22	Aggamaa Sadafaa	Dhi	82	B/Qalaxee	27/07/2010	Jaarsa Biyyaa	-Sirna daaraa adda xuqqisiifannaa -Fakkoommii daaraa adda xuqqisiifachuu -Fakkoommii irimmixoo -Fakkoommii tuufoo -Fakkoommii ibsaa okolee xuqqisiisuu -Fakkoommii iyyooleen qoreen balbala cufuu
23	Balaay Lammii	Dhi	84	B/Qalaxee		Jaarsa Biyyaa	
24	Lataa Daannoo	Dhi	78	B/Qalaxee		Jaarsa Biyyaa	
25	Gaddafaa Wagii	Dhi	87	Yagot		Qotee bulaa	
26	Shifarraa mokonniin	Dhi	79	Yagot		Qotee bulaa	
27	Magarsaa Xirsaamaa	Dhi	76	B/Qalaxee		Qotee bulaa	
28	Qaammee Kaabaa	Dhi	78	Yagot		Qotee bulaa	

Dabalee – F

Suurawwan daawwannaan gaafa guyyaa 17/01/2010 ti gaggeeffameen ka'anidha.



Suuraa- 15 Suuraan kun guyyaa 17/01/2010 yeroo namoota sirna ibsaan qabsiifannaa raawwatani booda xinnaafi guddaan taa'anniifi dhaabbatani waa'ee masqalaa nagaan ga'uu isaanii haasawaa sirnichatti dabaalaa jiraniidha.



Suuraa-16 Suuraan kun gaafa guyyaa 17/01/2010 yeroo namoonni bokuu bixxilee masqalaaf ta'u fidanii ibiddi biraa kaa'uun mata-qabduutti kennanii, innis meeshaalee namoonni ittiin fidan irraa fuudhee lafa erga naqee booda daaraa sana keessa naquuf qophaa'aa jirudha.



Suuraa -17 Suuraa yemmuu namoonni dhibaayyuufi irrimmixoo tolfamu mana fidaa bakka abdaarii kawwatanii taa'anidha.



Suuraa-18 Suuraa yemmuu irrimmixoon bilchaatee bahee hanga dhibaaffamee daddarbamuuti taa'udha.



Suuraa -19 suuraan kun yemmuu dhabaayyuufi daddarbaa raawwachuuf irrimmixoo masqalaa caccabsaa jiradha.



Suuraa -20 Suuraan kun yemmuu dubartoonni sirna dhabaayyuu booda buna daffisaa jiran.

Dabalee – G

Gabatee -3 Fakkoommii adda addaa sirnicha keessatti gulantaa sadan keessatti mul'ata

T/ L	Fakkoommiiwwan	Adeemsa sirna kabaja keessatti			Hiikaa fakkoommii
		Gubaa dura	Guyyaa gubaa	Gubaa booda	
1	Iyyooleen ija qabachuu	√			Du'i ykn gaddi isitti haagalu jechuudha
2	Iyyooleen Qoreen balbala cufuu	√			Sanyiin keessan haadhumu jechuudha.
3	Iyyooleen miilaan lafa dhidhiitu	√			Goomattuu awwaalu/balleessuu
4	Muka dhaabaa Laaftoo	√			Gara-laafummaa/ Garraamummaadha.
5	Muka dhaabaa Ejersa	√			Jabina ykn umurii dheeraa nuuf keenni jechuudha
6	Muka dhaabaa Anfaara	√			Qulqullummaa/Ayyaana qabeessuummatti
7	Ibiddi jabaa dhaamuu dhiisuu	√			Jireenya
8	Wancaa tokkoon dhuguu	√			Tokkummaa
9	Muudaa		√		Oofkaltii
10	Marqaa		√		Jireenyatti/quufati
11	Ibsaa gubuu		√		Ifa argine/ Gammachuudha
12	Ibsaa Qodaa bukoo xuqqisiisuu		√		Barkata / Eebba
13	Ibsaa Okolee xuqqisiisuu		√		Hormaata
14	Callee	√			Dhalaan
15	Ibsaa hudduu kormaa xuquu		√		Moo'i jechuudha
16	Ibsaa biiftutti garagalchaan kaa'u		√		Nu ibsii ykn numul'isi jechuudha
17	Coqqorsa sagal	√			Abbaa sagal/sanyii sagaliin
18	Mataa ibsaa lama lafa waraanuu		√		Mortuu balleessuu
19	Mataa ibsaa lama waaqatti qabu		√		Beekamaa nu taasis /numul'isi jechuudha
20	Horii dhaabaa suuqame jala baasuu		√		Nagaan waggaa haaraatti darbuu ykn ce'uu isaaniiti
21	Dhaabaatti naanna'uu	√			Masqalli waggaa waggadhan dhufuu
22	Dhaabaa quncee walitti hidhuu	√			Tokkummaa keenya jabeessi jechuudha.
23	Dhibaayyuu		√		Galateeffannaadha
24	Dhibaayyuu harka lamaan		√		Dachaan nuf kenniidha

	qabachuu				
25	Dhibaaayyuu lama gara alaatti naquu		√		Hamaa nurra dabarsiidha
26	Dhibaaayyuu lama ofiitti deebisanii naquu		√		Gaarii nuuf deebisiidha
27	Tufoo balbalatti suuqqachuun		√		Birraan bar'uudha
28	Tuufoon daaraatti naannessuu		√		Abdiin nu marse
29	Irrimmixoon		√		Daawwaadha
30	Hudduu hadaa alanfataniituttufuu		√		Ittisaati ykn dhorkaati
31	Daaraa adda xuqqisiisuu		√		Moo'ichadha/ masqalli gahu
32	Daaraa lubbuu xuqqisiisuu		√		Umurii nu kenniidha
33	Ingiccaa gubuu		√		Ilbiisota mana keessaa balleessudha ykn gadadoo bahe jechuudha.
34	Aarri ingiccaa Dhiira tuquu		√		Gadhummaa/ Daansummaa
35	Aarri ingiccaa sorooree bahuu		√		Fuuldurri nagaan ta'uudha.
36	Aarri ingiccaa jajallachuun		√		Fuuldura rakkoon jira jechuu agasiisa.
37	Korma diimaan		√		Waan hundi ga'u ykn bilchaatanii argamuu
38	Hassii ciinnessuun		√		Galateefachuudha
39	Mataa horii qalamee			√	Ogganaa
40	Arrabni horii qalamee			√	Dubbii keenya tolchiidha
41	Gochuma horii qalamee			√	Gar-balleessummaadha ykn waliif yaaduun
42	Fardaan daararra utaaluu		√		birratti Ceene jechuudha
43	Simbira masqalaa argamuus				Birraan bari'uuti
44	Jabaa ooyiruu midhaan keessa dhaabuu			√	Ijarraa hafuu ykn ija hamtuu dhorkuuti
45	Aramaa fuula baasuu			√	Rakkoo balleessuu/darbuu

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____